

**QAACCESSA RAAWWII SIRNA BUTTAA QALAA OROMOO  
GODINA SHAWAA LIXAA AANAA GINDABARAT**

**NIMOONAA YAAZAACHOO**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA  
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,  
JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN  
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/ 2019**

**FINFINNEE**

**QAACCESSA RAAWWII SIRNA BUTTAA QALAA OROMOO  
GODINA SHAWAA LIXAA AANAA GINDABARAT**

**NIMOONAA YAAZAACHOO**

**GORSAA: MULUGEETAA NAGAASAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)  
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU GAMISAAN  
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,  
OGBARRUUFU FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA  
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,  
JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN  
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

## Yuunivarsiitii Finfinnee

### Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraan Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammataa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Nimoona Yaazaachoo, mata-duree: Qaaccessa Raawwii Sirna Buttaa Qalaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat jedhuun qophaa'e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qorataa Alaa \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa keessaa \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa \_\_\_\_\_ mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

Itti gaafatamaa muummee yookiin qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa ( MA )

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa raawwii sirna buttaa qalaa qaaccessudha. Gosti qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa ta'ee mala iddatteessuu akkayyoofi tooftaa funaansa ragaalee kanneen akka afgaaffii, daawwannaa fi marii garee fayyadamee mala ibsaan qaaccessseera. Bu'uureffannaan yaaxinaa, yaaxina aadaa hawaasaafi faayidaa ta'ee adeemsi raawwii sirnichaa sadarkaa Foolleetti bokkuu buqqifachuu irraa eegala. Sadarkaa Qondaalaatti kaadhimmamaa sirna kanaa ta'uurraan kan ka'e seera tumaa caffee irrattii hirmaachuu, bokkuu dhangifachuufi gara xumura sadarkaa kanaatti ginna ciisu. Ginna ciisanii erga ka'anii sirna kana bulfachuuf qophiilee garagaraa taasisu. Meeshaalee sirna kana ittiin gaggeessan keessattuu warreen seera guutan, namoota sirnicha gaggeessuu keessatti gahee qaban qopheeffachuufi kadhachuu walduraa duubaan gaggeessu. Itti aansuun seera guutamu kan akka haadha cifiruu raawwachuun yeroo turtiin ji'a tokkoofi torban tokkoo hafu biqila cabsatu. Afurtama biqila cabsatanitti gurra uratanii dhugoo godhatanii, ukoo hidhachuun darba eeboo laga bu'anii eebbifatanii galu. Borumtii sirni korma bobbaasii qaluufi dhaqna qabachuu kan itti raawwatu ta'ee hanga halkan shaniitti abbaan buttaa ulmaa ciisa. Ulmaa bahanii sirna ballisii adeemsisuun gabaaf yaa'ii eebbisuun oofkaltiin sirna buttaa qalaa raawwata. Kan itti aanu Abbaan Gadaa aangoo fudhate miseensa isaa waliin hawaasa gara hojii misoomaatti bobbaasuufi Birraa itti aanutti balbala ilaalchisadha. Kana booda Abbaan Gadaafi miseensi isaa bara walakkeessa Gadaa isaanii yaa'ii Dhalootaa irratti ciminaafi hanqina jiru ilaaluun seera barbaachisu baasanii waggaa arfan isaanii hafe bulchaniis miseensa Gadaa isaan duuba jiruuf ammoo aangoo gadhiisu. Adeemsi raawwii sirna kanaas kana kan fakkaatu ta'ee yeroo raawwii kanaas firiiwwan fookiloorii hedduutu calaqqisu. Qorannoo kanaanis kan bira ga'ame adeemsi sirna buttaa qaluu akkuma marsaa Gadaa gochaa naanna'ee waltuqu qabaachuu. Kan lammataa sirni kun ijaarama sirna Gadaa keessatti isa utubaa ta'uun tajaajiluufi gooroowwan fookiloorii arfanuu sirna kanarratti ni mul'atu. Bu'aan inni akka namtokkeetti xiinsammuu namaa ulfeessuu keessatti qabuufi akka hawaasaatti bulchiinsa sirna Gadaa dhugoomsuu keessatti qabu gabaabsanii ibsuun hin danda'amu. Ta'us sirni kun dhiibbaa jaarraa oliif saba kanarra gaheen yeroo ha'aa kana sadarkaa dhabamaarra jira. Kana baraaruu ammoo abbaan sirnichaa uummanni Oromoo inni beekumsa qabu beekumsaan, kan qabeenya qabu diinagdeen akkasumas gama mootummaafi miti mootummaan deeggarsi addaa taasifamee akkaataa sirni guutummaan deebi'ee faayidaaf ooluu danda'urratti hojjechuutu murteessaa ta'ee argame.*

## **Galata**

Duraan dursee waraqaan qorannoo kun adeemsa deemamuu qabu eegee akka hojjetamu dadhabe, nuffe osoo hin jedhiin yeroo isaanii aarsaa godhanii gargaarsa yaadaafi ogummaa isaaniitiin wixinee irraa eegaluun kan na milkeessan gorsaa koo Mulugeetaa Nagaasaa (PhD) guddiseen galateeffadha.

Abbaa Gadaa miseensa Gadaa Roobalee Obbo Dabalee Dirribaa odeeffannoo qorannoo naa kennuun alatti akkan duudhaa Oromtichaatti jiraadhuuf na eebbistanii gara Gadaa Abbaa kootti deeb'uuratti haala naa mijeessuu keessaniif galata guddaa qabdun jedha. Itti aansuudhaan hojjetaa waajjira aadaaf Turizimii aanaa Gindabarat Yoomiif Qajeelchaa gargaarsa guddaa naaf taasistaniif galatoomaan jedha.

Dabalataan wayita funaansa ragaa odeeffannoo kennuun alatti haalli simannaa isaanii baay'ee kan namatti toluufi yaadaan kan na gargaaraa turan Obbo Didhaa Dharraa, ogummaa kompiitaraa qabuun qorannoo kanarratti suuraafi suursagaleen haalaan akka qindaa'u yeroo isaa wareeguun kan na gargaare Tulluu Taaddasee (MA), yeroo hojii dirree kan na waliin deemee na gargaaraa ture barataa (MA) Goshuu Abarraafi gargaarsa yaadaafi horiin barataa (MA) Maashoo Hirkoo, meeshaalee waraabbiifi gargaarsa biroo kan naa taasisaa ture, Hojjetaa Waajjira Fayyaa Beeyladaa Darg. Baay'isaa Abarraa, meeshaalee barreeffamaafi yaadaan kan na gargaaraa turtan B/sa Tashaalee Dhufeeraafi Hirkoo Tasfaayee galata guddaa qabdu.

Dhumarratti hojii qorannoo kanaa keessatti gargaarsa barbaachisu gochuun warreen gahee guddaa qabdan harmee koo Caaltuu Daadhii, Abbaa koo Obbo Yaazaachoo G. Deessis, Gannat Itichaa, Gammachuu Yaazaachoofi warreen asirratti maqaa keessan katabuu hin dandeenye hundaan galatoomaan jedha.

## Jibsoo

Mata duree kana jalatti jechoota, gaaleewwaniifi gbajeewwan haarawaa qorannoo kana keessatti itti fayyadame kan dubbistootatti ulfaachuu danda'an jedhamanii yaadamantu hiikni ykn ibsi barbaachisaa ta'e itti kenname. Haaluma kanaan hiikni jechootaa, gaaleewwaniifi gabajeewwanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Abbaa Alangaa	Abbaa Seeraa
Abbaa Bokkuu	hangafa Gosaa/ Hoogganaa jila Gadaa
Abbaa Caffee	hoogganaa yaa'ii
Abbaa Gadaa	bulchaa biyyaa
Alangaa	mirkaneessituu seeraa
Abaaboo dhohe	Birraa
Arfaasaa gabbate	waqtii Arfaasaa gara dhumaa
Afurtama abbaa	Gadaa abbaa ilmi qaqqabuu
Addoo	dhiiga korma qalamee addaan tuqachuu
Baallii	aangoo
Ballisii	guyyaa aangoo itti waljijjiiran
Biifuu	sirna daadhii afaanitti naqatanii cirriqfachuun eebbifachuu
Bobbaasuu	eebisuun gaggeessuu
Buttaa	ayyaana sirna Gadaa
Caaccuu	uffata elelellaa qabu, kan haati warraa lubaa godhattu
Ciicoo	meeshaa aannanii
Cifiruu	uwwisuu, eebba fudhachuu
Dagaagaa	dirree godaansa jila Gadaa
Dannaba	badhaadha
Darba eeboo	gara galgalaa
Dhangifachuu	eebbifachuu
Dhaloota	luba/ Gadaa aangoorra jiru
Deettii	miidhagina
Dirriba	uffata bullukkoo

Dhugoo	lootii gurraa
Faatii	afaan saaqqannaa
Gadaa Abbayyee	duudhaa abbaarraa dhaalame
Gicha	jangeedara, marga filatamee hundeen buqqa'e
Gurraa urtuu	obboleettii Lubaa
Jaalaa	hiriyyaaa
Jaarsa Caffee	abbootii seeraa
Jaarsa jaalaa	jaarsa hirkoo
Jifuuu	mijuuu
Jila buttaa	ayyaana buttaa
Jinfuu	bantii waraanaa, mataa eeboo
Kallacha	mallattoo abbaan Gadaa addatti keewwatu
Korma bobbaasii	korma buttaaf qalamu
Luba	abbaa buttaa
Luba jiidhaa	nama oofkatii buttaarra jiru
Meedhacha	abbaa mirgaa ta'uu kan mul'isu
Oofkaltii	milkaa'ina
Qadaadduu	gargaaraa nama buttaa godhatuu
Shanacha	namoota gurmaa'uun safuufi seera eegan
Seela'a	hin oofkalu
Ukoo hidhannaa	dirriba uffachuu, shaashii marachuu
Ukoo hiikkannaa	aangoo dabarsanii kennuu

### **Gabajeefi kottoonfachiiftuuwwan**

Darg.	dargaggoo
H/ A/ T	hojjetaa aadaaf turizimii
M/ U/ B	Mudhii Ulaa Baroo
U/ A/ D	Ulaa Abbaa Daadhii
W/A/T/A/G	waajjira aadaaf turizimii aanaa Gindabarat

## Baafata

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Axereeraa .....	i
Galata.....	ii
Jibsoo.....	iii
Gabajee fi kottoonfachiiftuuwwan.....	iv
Tarreffama Gabateewwani.....	x
Tarreffama Suuralee .....	x
<b>BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....</b>	<b>1</b>
1.1. Seenduubee Qorannichaa .....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .....	6
1.3.2. Kaayyoo Gooree.....	6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .....	6
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	7
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	7
1.7. Qindoomina Qorannoo.....	8
1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa .....	8
<b>BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU .....</b>	<b>14</b>
2.1. Fookiloorii.....	14
2.1.1. Gosoota Fookiloorii.....	15
2.1.1.1. Duudhaa Hawaasaa.....	15
2.1.1.1.1. Cehumsa Sadarkaa .....	16
2.2. Maalummaa Sirna Gadaa Maccaafi Buttaa Qalaa.....	16
2.2.1. Kaayyoo Sirna Buttaa Qalaa .....	21
2.2.2. Ulaagaa Ittiin Buttaa Gaggeeffatan .....	22



2.2.2.1. Hidda Dhalootaan .....	22
2.2.2.2. Seera Raawwachuu .....	23
2.2.2.3. Umurii .....	23
2.3. Hariiroo Buttaafi Miseensota Gadaa.....	24
2.4. Hariiroo Buttaa Qalaafi Sadarkaalee Gadaa.....	26
2.4.1. Ittimakoo (Dabballee 0-8).....	27
2.4.2. Gaammee (9-16).....	28
2.4.3. Foollee (Kuusa 17-24) .....	28
2.4.4. Raabaa (25-32) .....	29
2.4.5. Qondaala (33-40).....	29
2.4.6. Gadaa (Luba 41-48).....	30
2.5. Yaadrimee Yaaxinaa.....	32
2.5.1. Yaaxina Faayidaa .....	32
2.5.2. Yaaxina Aadaa Hawaasaa.....	32
2.6. Barruu Walfakkii .....	33
2.6.1. Sakatta’a Barruu Walfakkii Digirii Jalqabaa .....	33
2.6.2. Sakatta’a Barruu Walfakkii Digirii Lammataa .....	34
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO .....	37
3.1. Saxaxa Qorannichaa .....	37
3.2. Mala Iddattoo .....	37
3.3. Mala Funaansa Odeeffannoo.....	38
3.3.1. Af-gaaffii.....	39
3.3.2. Marii Garee .....	40
3.3.3. Daawwannaa .....	40
3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname .....	41

3.5. Mala Qaaccessa Ragaa .....	41
3.6. Muuxannoo Dirree.....	42
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE.....	43
4.1. Maalummaa sirna Buttaa Qalaa.....	43
4.1.1. Yoomessa Raawwii Sirna Buttaa Qalaa .....	45
4.2. Adeemsa Raawwii Sirna Buttaa Qalaa .....	46
4.2.1. Haalduree Raawwii Sirna Buttaa Qalaa .....	47
4.2.1.1. Bokkuu Buqqifachuu .....	48
4.2.1.2. Shanacha Hundeessuu.....	49
4.2.1.3. Seera Tumaa Caffee Irratti Hirmaachuu .....	50
4.2.1.3.1. Eebba Tumaa Caffee Fudhachuu .....	52
4.2.1.4. Bokkuu Dhangifachuu .....	53
4.2.1.5. Ginna Ciisuu.....	55
4.2.1.6. Namoota Seera Guutuuf Barbaachisan Qopheeffachuu .....	57
4.2.1.6.1. Qadadduu .....	57
4.2.1.6.2. Jaarsa Hirkoo.....	57
4.2.1.6.3. Luba Shanan.....	58
4.2.1.6.4. Haadha Warraa.....	58
4.2.1.6.5. Gurra Urtuu.....	58
4.2.1.6.6. Foollee .....	59
4.2.1.7. Meeshaalee Raawwii Sirnichaaf Barbaachisan Qopheeffachuu .....	59
4.2.1.7.1. Meeshaalee Seera Guutuuf Barbaachisan.....	59
4.2.1.7.1.1. Uraa .....	59
4.2.1.7.1.2. Qarabaa.....	60
4.2.1.7.1.3. Dhugoo yookiin Lootii .....	60
4.2.1.7.1.4. Haaduu.....	60
4.2.1.7.1.5. Meeshaalee Aadaa Harkatti Qabataman.....	60
4.2.1.7.1.6. Bokkuu.....	60
4.2.1.7.1.7. Alangaafi Siinqee .....	61

4.2.1.7.1.8. Dhagaraa, Okoleefi Gaadii .....	61
4.2.1.7.2. Meeshaalee Aadaa Dhangaaleen Ittiin Dhiyaatu .....	62
4.2.1.7.2.1. Qabeefi Gilgilee .....	62
4.2.1.7.2.2. Waciitiifi Waancaa .....	62
4.2.1.7.2.3. Meeshaalee Foolleen Qabataman.....	63
4.2.1.7.2.4. Kal'eefi Gaachana .....	63
4.2.1.7.2.5. Daabeefi Goraadee .....	63
4.2.1.8. Seera Qorachuu .....	64
4.2.1.8.1. Haadha Cifiruu .....	65
4.2.1.9. Biqila Biqilfachuu.....	65
4.2.1.10. Ulumaayee Cabsachuu .....	66
4.2.2. Yeroo raawwii Sirnichaa .....	66
4.2.2.1. Ukoo Hidhachuu .....	67
4.2.2.2. Dhugoo Godhachuu .....	67
4.2.2.3. Sirna Malkaa Irratti Taasifamu.....	70
4.2.2.3.1. Eebba Malkaa.....	70
4.2.2.4. Sirna Kalaalaa kutuufi Gicha Buqqisuu.....	72
4.2.2.5. Yeroo Malkaatii Deebi'an.....	73
4.2.2.5.1. Sirna Karra Banuu .....	74
4.2.2.5.2. Qooda Kennuu .....	75
4.2.2.5.2.1. Jifuu Dabballee .....	75
4.2.2.5.2.2. . Jifuu Foollee.....	76
4.2.2.5.3. Daadhii Biifuu.....	79
4.2.2.6. Korma Buttaa Qaluu .....	79
4.2.2.7. Dhaqna Qabachuu.....	81
4.2.2.8. Ulmaa Ciisuu .....	81
4.2.2.8.1. Sirba Bultii Shanan Ulmaa Sirbaman.....	81
4.2.2.8.1.1. Sirba Dabballee .....	82
4.2.2.8.1.2. Sirba Foollee .....	83

4.2.2.9. Ukoo Hiikkannaa .....	88
4.2.2.9.1. Tumaa Seeraa Guyyaa Ballisii .....	90
4.2.2.10. Ofkaltii Buttaa .....	92
4.2.3. Raawwii Buttaa Qalaan Boodaa.....	93
4.2.3.1. Karaa Baasuu, Eela Qulqulleessuufi Hora Saaquu.....	93
4.2.3.2. Gabaa fi Yaa'ii Eebbisuu .....	94
4.2.3.3. Balbala Ilaalchisa.....	95
4.2.3.4. Yaa'ii Dhalootaa.....	95
<b>BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI MAALTA'INSA.....</b>	<b>97</b>
5.1. Cuunfaa .....	97
5.2. Argannoo.....	98
5.3. Maalta'insa .....	100
<b>Wabii .....</b>	<b>102</b>

## Tarreffama Gabateewwani

### Fuula

Gabatee 1: Bakkeewwan hawwata turizimii aanaa Gindabarat .....	13
Gabatee 2: Iddoo ardaalee jilaa aanaa Gindabarat .....	13
Gabatee 3: Miseensota Gadaa shananii kutaalee Oromiyaa agarsiisu: .....	26
Gabatee 4: Nyaataafi meeshaalee raawwii sirna buttaa qalaa fakkoomii isaanii waliin. ....	64

## Tarreffama Suuralee

### Fuula

Suuraa 1: kaartaan armaan gaditti ibsamuuf yaalame Oromiyaa godinaafi aanaalee waliin kan qabatee dhiyaate yoo ta'u bakka argama isaanii waliin kaa'ameera. ....	9
<i>Suuraa 2: seerri tumaa caffee araddaa jilaa Goodaa Qunniitti yemmu tumamu agarsiisa ...</i>	51
<i>Suuraa 3: Yeroo obboleettiin lubaa gurra uruun dhugoo gurraa gootuuf agarsiisa. ....</i>	68
Suuraa 4: <i>yeroo jilli buttaa laga bu'uuf deemu kan agarsiisudha. ....</i>	69
Suuraa 5: Eebba malkaarratti lubni jiidhaan eebbifatan. ....	<b>Error! Bookmark not defined.</b>
<i>Suura 6: jifuu Foolleef kenname agarsiisa.....</i>	78
<i>Suuraa 7: korma abbaan buttaa baafatu barii ka'ee qalu agarsiisa. ....</i>	80
<i>Suuraa 8: yeroo miseensi Gadaa Roobalee Gadaa Birmajiif aangoo dabarsu. ....</i>	89
<i>Suuraa 9: Araddaa jilaa goodaa Qunniitti seera guyyaa ballisii tumame agarsiisu .....</i>	91

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoo hortee sanyii Kuush ta'ee Baha Afrikaa keessatti uummata guddeessa, aadaa bal'aa, seenaa, duudhaa, falaasama, biyya, afaan, sirna bulchiinsaafi amantaa mataasaa qabudha. Seenaafi aadaa cululuqaa yeroo dheeraa kaasee dagaagfatee kanaan eenyummaasaa beeksifate. Eenyummaan saba tokko akka sabaatti adda baasee beeksisuufi ijaaruuf karaadha. Akkaataan sabni tokko itti waltoo'atuufi waltikfatu yookaan sirni bulchiinsa saba tokkoo safuufi safeeffannaa akkasumas qorqalbii hawaasa sanaarratti waan hundaa'uuf eenyummaa saba Sanaa ibsuu keessatti gahee qaba. Sirni Gadaa ibsituu eenyummaa saba kanaa keessaa tokkodha. Sirni Gadaa falaasama bulchiinsaa filatamaa kan dorgomaa hin qabne, hundee diimookiraasii addunyaa har'aa akka ta'e qorattootni seenaa hedduun raga bahaniiru. Dirribii (2012:407) sirna Gadaafi uummata Oromoo walqabsiisee yoo ibsu:

*Sirna Gadaa dura akkaataan bulmaata Oromoo akkam akka ture waan qabatamaan hin argamne. Garuu akka oduu duriitti garri duraa bulmaata haadhaa itti aansee bara dawwee yookaan bara mootii itti aansee bara Gadaa dhodhooboo, sana booda barri Gadaa qaroomee dhufe jedhama. Karaa biraa immoo jaarsoliidhaan bara dheeraa hoogganamaa turan fakkaata. Ammayyuu hangafnii fi quxisuun hawaasa Oromoo keessatti kabaja guddaa waliif qabu. Hariiroon hangafaaf ajajamuu maatii irraa balbalatti, balbala irraa gosatti guddatee booda gara Gadaa qaromeetti guddachuu hin oolle. Gosoanni immoo Gadaa jalatti tokkummaa ijaaran; tokkummaa gosootaa isa cimdiiti.*

Yaada kanarraas kan nuyi hubannu uummanni tokko altokkotti sirna hawaasummaa, siyaasas ta'e diinagdee hin uumu. Adeemsa yeroofi jireenya guyyuu keessatti jijjiiramaa fooyya'aa sadarkaa guddarra ga'a. Sabni Oromoos jijjiirama yeroo keessa sirna bulchiinsa garagaraa hordofaa turee boodarra sirna bulchiinsa Gadaa qaroomee isa Diimookiraasii har'aaf hundee ta'e akka ijaaretu hunbatama.

Mulugeta (2014:48) "The term Gada is classified as a noun form in Oromo language. Nonetheless, it is not easily defined semantically or pragmatically because of its complexity. It is defined and interpreted in different dimensions in the Oromo socio-cultural contexts.

Akka yaada kanaatti jechi Gadaa jedhu akka itti waamama maqaa tokkootti Afaan Oromoo keessatti beekama. Sababa bal'inaafi jiruuf jireenya sabichaa hunda haammatu ta'uusaarraan yaada gabaabaan kana jennee hiikuun nu rakkisuu danda'a. Kan inni hiika argachuu danda'u kallattiiwwan aadaafi hawaasummaan akka ta'e ibsa. Kanaaf Gadaan hedduu bal'aafi sirnoota garagaraa kan of keessaa qabu akka ta'e nu hubachiisa. Sirnoota Gadaa keessaa ammoo sirni buttaa qalaa isa akka utubaatti sirna Gadaa ijaaree miseensa saba Oromoo hunda bifa hirmaachisuu danda'uun bal'ina Gadaaf gumaachan keessaa isa tokkodha.

Alamaayyoon, (2007) kitaaba siyaasa Oromoo Tuulamaa jedhu keessatti waa'ee Gadaa yommuu ibsu Gadaan hiika hedduu argachaa kan dhufe yeroo keessa akka ta'e akkasumas, Gadaan sirna hawaasummaa, siyaasa, diinagdeefi amantii ta'uusaafi Gadaan lakkoofsa yookaan heda yeroofi baraa ta'uusaa dabalataan maqaa ulfinaa namoonni sadarkaa lubaa irra gahanii buttaa qalani akka ta'e ibsa.

Buttaan qaama sirna Gadaa ta'ee isa sadarkaan Gadaafi miseensi Gadaa itti mirkanaa'u yeroo cehumsaa akkasumas jila walharkaa fuudhinsa aangooti. Kunis waggaa meeqatti akka buttaa qalaniifi Gadaan shanan waggaa meeqa meeqaan naanna'anii akka sirna bulchiinsa Gadaa dhugoomsan addeessuufidha.

Asmaarom (2006:31) "The Geda system is a sytem of Gada classes (luba) or sigments of generations that succed each other every eight years in assuming political, military, judicial, ligislative and ritual responsibilities."

Akka Asmaaroom ibse kanatti sirni Gadaa sirna miseensi Gadaa shanan waggaa saddeet saddeetiin aangoo wal jijjiiruun namni tokko miseensa Gadaa tokkoo ta'uun dirqamawwan garagaraa bahuun afurtama abbaasaattis luba bahudha.

Dabalataan Wandimmuufi Booniin (2015:67) irratti akkaataa jalqabbii sina Gadaa irratti Balaanbaraas Ejjetaa wabeeffachuun akka armaan gadiitti bal'inaan ibsu.

*Dur abbotiin Qaalluu yookaan warri hoodaa Waaqa waliin walarguun waan Waaqni itti mul'ise uummata keessaa nama muraasatti qofa himaa turan. Kan himanis tulluu xiyyoo qarqara galaanaa kan jiru muka guddaa jalatti korma yookaan hoolaa akkasumas re'ee qaluun, dhiiga buusanii midhaaniifi dhangaa qopheessanii aarsanii namni hunduu erga nyaatee booda waan isaanitti mul'ate ergaa Waaqaa uummata keessaa nama*

*muraasatti himu. Achumaan bakka itti walga'an kana waldaa jedhanii moggaasan. Namoonni muraasni ergaa warra Qaalluu irraa dhagahan kana yeroo yeroon uummata dhaqqabsiisuun bakka waldaa jedhamu kanatti walga'anii (Waaqa tokko) Waaqa isaanii kadhachuu idileeffatan. Boodas seeraafi sirna ittiin walto'atan ta'ee cimee itti fufuun maqaa Gadaa jedhamu argate.*

Ittuma fufuun Looret Tsaggayee Gabramadin wabeeffachuun “Gadaan jecha ‘Ka’ Waaqa ‘Ada’ seera jechuu akka ta’eefi kunis seera Waaqaati jechuun lafa kaa’u.”

Yaanni armaan olii kunis sirni Gadaa jalqabbiin isaa seera Waaqaa ta’uutti kan akeekamu ta’ee uummanni Kuush durirraa jalqabee shaakallii sirna bulchiinsaa kan Waaqayyo irraa dhagahanii barataniin fi daba ofkeessaa hin qabnen walbulchuuf yaaluu isaati. Adeemsi kun ammoo uummata Oromoo biratti cimaa deemuun sirna Gadaa sirna bulchiinsa mijataa uummata hunda hirmaachisu, gahee qoodu, sirna diimookiraatawaa ta’e kan ijaaredha.

Hayyuun aadaafi seenaa Oromoo Dr. Gammachuu Magarsaa, waa’ee sirna buttaa qalaa ilaachisuun akkas jedhu, “Sirni buttaa waan sirna Gadaa keessatti jirudha. Buttaan jila Gadaa keessaa isa tokkodha. Yeroo baallii walirraa fuudhuutti dhiyaatan yookaan baallii kennan buttaa dhaabu.” Akka Dr. Gammachuutti lafti itti buttaa dhaaban hiika mataasaa qaba. Gadaan shananuu jila buttaa kana kan qalaniifi hiikni isaan Gadaa shan keessatti qaban tokko akka ta’e addeessa. Kanaaf buttaa qalaan jaarmiyaa sirna Gadaa keessaa tokko ta’ee kan tooftaa diina ittiin ofirraa faccisuu irra darbee ijaarsa sirna umuriifi murni dhaloota Gadaa ittiin to’atame ta’uusaa nu hubachiisa.

Wandimmuufi Boonii (2015:103) irratti bulchiinsi sirna Gadaa seera ittiin bulmaataa kan mataasaa danda’e qaba. Oromoon seera hoodaa, toobaafi toobbannaan hawaasa tokkoomsee elaafi elaameen walbulchaa turuusaa ibsuun suutuma suuta seerri safuufi hoonni gara seera Gadaatti guddachaa akka dhufe eeru. Akka yaada jarreen kanaatti seerri Gadaa seera uumamaa yaadota amantii, yayyaba shanan uumaafi uumamaa irraa kan madde jechuun Gadaafi dhuftee isaa irratti hiika laatu. Ittuma fufuun uummanni Oromoo jireenya hawaasummaa erga uummatee eegalee sadarkaa umurii turtii waggaa saddeetiin bakka shanitti qooduun, sirna bulchiinsa murtii seeraa akkasumas siyaasaafi too’annaa jireenya hawaasummaa n kan ittiin walbulchaa ture sirna akka qabuufi sirni kunis sadarkaa



addunyaattuu kan sirna bulchiinsa baatu baasa uummata gurraachaa akka ta'e hayyoonni garagaraa ibsaniiru.

## **1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Qorannoon kun raawwii sirna buttaa qalaa Oromoo irratti xiyyeeffata. Sirni kun jila guddicha sirna Gadaa ta'ee kan adeemsa marsaa miseensota Gadaa irratti kabajamu akkasumas Gadaa abbaa ilmi qaqqabee bulfatu, utubaa ta'uun sirna bulchiinsa Gadaa kan mirkaneessudha.

Qorannooleen sirna buttaa qalaa ilaalchisan baay'inaan mul'achuu baatanillee sirna Gadaa irratti beektota Oromoo fi namoota biyya alaatiin yeroo dheeraadhaaf qoratamaa turuun ni mul'ata. Kana yeroo jennu seenaa Itoophiyaa keessatti dhimma Oromoo ilaalchisee aadaafi seenaan isaa qoratamaa tureera jechuu miti. Osoo bal'inaan dhiibbaa fi saamicha seenaa tokko malee wantoota eenyummaa Oromoo mul'isan irratti qorannoon adeemsifameera ta'ee Oromummaan har'a haalaan calaqqisa ture.

Sababni guddaa fi jalqabaa aadaaf seenaan saba kanaa ittiin sadarkaa dhabamaa irra gahee, qorannoon walabaa akka irratti hin adeemsifamne taasise Impaayerummaa Itioophiyaati. Eeyummaan Oromoo sarbame kun ammoo yeroo Sanaa eegalee wareegama qaqqaalii ilmaan isaa kanfalchiisaa har'a gaheera. Dirqamni dhaloota har'aas Oromummaa deebisanii ijaaruu irratti fuulleeffachuun dhimma firdiidha.

Alamaayyoo Hayilee kitaabasaa seenaafi sirna Gadaa siyaasa Oromoo Tuulamaa (2007) Oromoo abbaa biyyummaa isaa irraa mulqanii akka jiraataa biyya kanaa hin turreefi saba gadaantummaan dhufe fakkeessanii seenaa isaa dabsanii akka barreessaa turan ibsa. Kana malees barreessitootni tokko tokko akka Oromoon waan aadaa hin qabneetti fakkeessuun sirni Gadaa jalqabiin isaa kan Oromoo akka hin taaneefi Oromoon saba biroorraa akka fudhatetti fakkeessanii kan barreessaa turan ni jiru. Ittuma fufuun mootummoonni Abisiiniyaa jaarraa 19ffaa booda aadaa Oromoo harkatti kuffisuuf akkasumas tokkummaa isaa diiguuf Oromoon yaa'ii Odaa akka hin gaggeessine dhorkaa akka turan. Oromoon uummata seenaa bara dheeraa qabuufi aadaan isaas akkuma saba kamiyyuu sadarkaa xiqqoo irraa ka'ee gara sadarkaa baay'ee walxaxaa ta'eetti guddatedha. Akkuma saboota Afrikaa hedduu barreeffamaan seenaa isaa hin kuufatiin malee uummata aadaafi seenaa isaa afoolaan dabarsaa ture yaada jedhu dhiyeessa.

Yaanni armaan oliitti gabaabsamee fudhatame kunis aadaaf seenaan Oromoo sababoota garagaraan keessattuu mootolee dhufaa darbaa Itoophiyaatiin akkaataa jalqabbii gaarii qabuun guddachuun hafee gufuun itti baay'achuun akka quucaru ta'e. Dhaloota har'aa irraas waanti eegamu akka Asafaan (2006:11) "Dhaloonni dabre aadaa sanyii hin nyaanne. Tulus, badus dilbii olkaa'e malee," jedhe sana seenaarraa baratanii gara itti deemaa jiran ilaaluun dirqama. Dhaloonni kaleessaa galaa dhaloota har'aaf gumaache keessaa sirni bulchiinsa Gadaa hundee diimookiraasii ta'uusaa kan addunyaan ragaa baheefidha. Sirna akkanaa qabaatee haala Oromoon jaarraa tokkoo oliif itti jiraate hedduu garaa nama nyaata. Dirqamni dhaloota har'aas kan kaleessaa lamaan irraa barachuudha. Kan kaleessaa lamaan jechuun kun gaariif yaraa walduraa duubaan dhaloonni dabarse ta'ee kan har'aa ammoo qorannaa cimaa taasisuun waan ormaa jala ta'ee muguu dhiisee sirnasaa ganamaa deebifachuu danda'urratti qorannaa gaggeessuutu dirqama ta'ee mul'ate.

Gabaabumatti qorannoo kana gaggeesuuf kan na kakaases inni jalqabaa fedhiifi kaka'umsa keessa kooti. Kana yemmuun jedhu beekumsiifi falaasamni akkasumas muuxannoon bulchiinsa sirna Gadaa keessa jiru guutuu nama taasisa.

Inni biroon haala Oromoon jaarraa tokko oliif sirna bulchiinsa hiraarsaan jiraatedha. Kunis Oromoon sirna bulchiinsaas haa ta'u duudhaalee gaggaarii qabu sababa impaayerummaa Itoophiyaatti makamuun dhabe Oromummaan haalaan calaqqisuu dadhabe. Oromummaa deebisuufi sirna bulchiinsa isaaf hin galle ofirraa galchee jiruu qannoo akka abbootii isaa kaleessaa jiraachuuf ammoo dhaloota har'aa irraa dirqama qorannoo gaggeessuutu eegama.

Dabalataan yoo sirni kun deebi'e bulchiinsi sirna Gadaa karaa gabaabaa akka deebi'uuf haala waan mijeessuuf sirna buttaa qalaa qoratamee tajaajilaaf akka oolu gochuun barbaachisaa waan ta'eefidha. Anis kanumarratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii bu'ura taasifadhee qorannoo kana gaggeesseera.

- Adeemsi raawwii sirna buttaa qalaa maal fakkaata?
- Sirni buttaa qalaa ijaarama sirna Gadaa keessatti akkamiin gahee qabaataa?
- Wayita raawwii sinichaa firiiwwan fookiloorii mul'atan maal maal fa'aadha?
- Hirmaattotni sirnichaa keessatti gahee qaban eenyu fa'adha? Maal fa'a raawwatu?

### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa akkaataa raawwii sirna buttaa qalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat firiiwwan fookiloorii yeroo raawwii sirnichaa calaqqisan waliin walqabsiisuun qaaccessuudha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyoo gooreen qorannoo kana yemmuu tarreeffaman akka armaan gadii ta'u:

- Adeemsa raawwii sirna buttaa qalaa duraa duubummaasaa eeguun ibsuu.
- Buttaan akkamiin akka ijaarsa sirna Gadaa keessatti gahee qabu xiinxaluu.
- Wayita raawwii sirna buttaa qalaa firiiwwan fookiloorii mul'atan addeessuu.
- Qooddattoota sirna buttaa qalaa gahee isaanii waliin walqabsiisuun qaaccessuu.
- Fakkoomiiwwan garagaraa raawwii sirna buttaa qalaa waliin walqabatan qaaccessu

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa**

Sirni buttaa qalaa ijaarama sirna Gadaa keessatti kan gahee guddaa qabudha. Akkaataa dhalli Oromoo hundi qooda itti fudhatu, mirgaaf dirqamasaa beeku akkasumas kallattii ittiin hirmaatu haala mijeessesse sirna Gadaa utubee dhaabeera. Oromoon sirna Gadaan deebi'ee akka ijaaramu gochuuf karaa dhihoon namuu duudhaa isaatti deebi'ee sirna buttaa qalaa adeemsisuudha. Gaafa sabichi duudhaa isaa ganamaatti deebi'ee abbaan ilmatti dabarsee guutummaa Oromiyaa keessatti haala walfakkaatuun gaggeeffatu sirni Gadaas deebi'uusaa mul'isa.

Walumaagalatti barbaachisummaan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti qabxileen kan eeraman ta'u.

- Namoota qorannoofi qo'annoo kana fakkkaatu hojjetaniif ka'umsa ta'uun gadi fageenyaafi bal'inaan aadaaf seenaa Oromoorratti akka adeemsifamuuf karaa saaquu ni danda'a.
- Sirna Gadaa Maccaa magarsuuf adeemamaa jiru irratti karaa saaquun qorannoo bal'aan akka cimee adeemsifamuuf gargaara.

- Waajjira aadaaf turizimii aanaa Gindabartiif kan godinaa Shawaa Lixaaf akka madda odeeffannootti tajaajiluu ni danda'a. Akkasuma sadarkaa kanatti daangeffamee hafa osoo hin taane kutaalee Oromiyaa garagaraa keessatti, Biiroo Aadaaf Turizimii Oromiyaaf bu'ura ta'uun akka bifa adda ta'een qorannoon gaggeeffamee hojiirra ooluuf gargaara.
- Faayidaaf kaayyoo sirna buttaa qalaa hubachiisuun seenaa darbe quba qabsiisee akka namni hubannoo tokko argatee sirnasaatti deebi'uuf hamleessa.
- Gahee sirni buttaa qalaa ijaarama sirna Gadaa keessatti qabu hubachiisuun uummata Oromoo bal'aaf hubannoo uuma.
- Duudhaalee murteessoo akkanaa kanneen hawaasa keessatti beekamoo ta'an akka qoratamaniif karaa saaqa.

### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Sirna Gadaa keessatti sirna baay'ee jira. Isaan keessaa tokko sirna buttaa qalaati. Buttaan adeemsa marsaan Gadaa shanan waggaa saddeet saddeetiin aangoo waljijjiiru keessatti warri Gadaa bulfatu luboomuun (gadoomuun) warri Gadaa kennu guulomuun (yuubomuun) sirna jilaan qophaa'ee raawwatudha. Kanaafuu qorannoon kunis kallattumaan Raawwii Sirna Buttaa Qalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat qaaaccessuun ibsuudha.

### **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu sadarkaalee adda addaa keessa darbuun kan raawwatu ta'a. Hanqinoota qorataa mudatan keessaa tokko hanqina maallaqaati. Hojii tokko hojjechuuf qarshiin jiraachuun isaa dirqama. Rakkina uumame kana furuuf qarshii jiru irraa hamma danda'ame qusannaan fayyadamuun qorannoon kun gaggeeffame. Rakkinni biroo ammoo lappitooppii ittiin barreessan dhabuu. Sababa kanaan alatti barreessuun yeroo gulaalliifi rakkoon ibsaa akkasumas namni Afaan Oromootiin barreessu baay'ee argamuu dhabuu fa'a. Kana qofas miti jiraatanillee qubeessuurratti sirreessanii barreessuu waan hin dandeenyeef qorataan qorannoo kanaa haalawwan mul'atan kana hunda akkaataa danda'ameen mijeessera. Kanamalees odeef kennitootni guyyaafi yeroo jedhanitti argamuu dhabuun irra deebi'uun beellama yeroo birootti dabarsuun kan qorataa mudatedha. Kanas obsa horachuun irra deebi'ee dubbisuun danda'ameera. Kan biroo ammoo namoonni tokko tokko sababa

amantiitiin duubatti of qabuun osoo dhimmicha beekanii eeyyamamoo ta'uu dhiisu isaaniiti. Namoota akkasii kanas suuta jechuun amansiisuun qorannoon kun fiixaan baheera.

### **1.7. Qindoomina Qorannoo**

Qorannoon kun boqonnaalee shan ofkeessatti haammachuun kan dhiyaatedha. Boqonnaaleen kunis adeemsa isaa irratti hundaa'uun matadureewwan adda addaa ofjalaa qaba. Haaluma kanaan boqonnaa tokko keessatti seensa qorannichaa, seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa akkasumas hanqina qorannichaa fi ibsa naannoo haammata.

Boqonnaa lammataa keessatti ammoo sakatta'a barruu mata duree kana waliin walsimatan, yaadiddama qorannoo, qorannoowwan mataduree kanaan walitti dhiyeenya qaban bal'inaan sakatta'amaniiru. Boqonnaa sadi keessattis mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa, madda raga qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, mala iddattoo, malleen funaansa odeeffannoo, meeshaalee funaansa odeeffannoo, mala qaaccessa ragaa qabata. Boqonnaan arfur qaaccessa ragaa qabatee kan jiru yoo ta'u, boqonnaa kana keessatti ragaaleen tokko tokkoon walduraa duuba gochaa isaanii eeguun qaaceffamanii jiru. Inni dhumaafi boqonnaan shan cuunfaa, argannoofi maalta'insa qorannichaa ofkeessatti qabachuun kan dhiyaate yoo ta'u, argannoo keessatti akkaataan adeemsa sirna buttaa qalaa maal akka fakkaatuufi kan itti aanu keessatti akka yaada furmaataatti kan dhiyaateen goolabame.

### **1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa**

Anaan Gindabarat godina Shawaa Lixaa keessaa isa tokkodha. Akka ragaan waajjira aadaaf turizimii aanichaa addeessutti Gindabarat magaalaa godinaa Ambo irraa km 138, magaalaa Finfinnee irraa kallattii lixaatti fageenya km180 irratti argamti. Aanaan kun gandoolee baadiyyaa 31, bulchiinsa magaalaa 2 qabdi. Walitti qabaatti gandoota 33 tu aanicha keessatti argama. Aanaa kana keessa Oromoon ala sabaaf sablammoonni biroo jiran dhibbeentaa baay'ee muraasadha. Amantaanis yoo fudhanne piroteestaantii, waaqeffataafi ortodoksiin walduraa duubaan warren hordofoota baay'ee qabanidha. Baay'inni uummata aanichaa akka lakkoofsa manaafi uummataa (2007 A.L.A) gaggeeffameen 110578 yoo ta'u kana keessaa dhiirri 53829 fi dhalaan 56749tti tilmaamama.



Kitaabni seenaa sirna Gadaa Maccaa (2015:47) “Kuttaayeen haadha manaasaa Galaanee jedhamtu irraa ilmaan shan, Macca, Burra, Maliyyuu, Ituufi Hidhabuu; ilmaan lamaan Daadaafi Abeeben immoo haadha Buluudoo jedhamturraa horee abbaa qabiyyee ta’ee hafe” jedha. Yaada kanaafi kan armaan duraarraas kan hubatamu shanan Galaan jedhamee kan beekamu ilmaan toorban kuttaayee keessaa kan Galaaneen deesse shan, ilmaan lamaan immoo dubartii biraarraa kan argate ta’uudha. Akkuma seenaa Oromoo iddoolee biroo maqaan araddaalee kan maqaa gosaatiin waamamullee hedduutu jiru. Akka fakkeenyaatti maqaan lafaafi gandoolee akka Eerer, Sankoorii, Shaboo, Buukko, kuraa fa’a maqaa qomoowwan ilmaan Kuttaayeeti.

Kanumaan kan walqabate waa’een seenaa uummata aanichaafi akkaataan moggaasa maqaa ‘Gindabarat’jedhu akkamiin akka dhufe maanguddoon yoo ibsan sirna dhufaatii nafxanyaa waliin walqabsiisu. Akka ragaan maanguddoota aanichaafi waajjira aadaaf turizimmiirraa agame ibsutti seenaaa Gindabarat moggaafama maqaa isaa irraa kaasuun yaada walitti dhiyeenya qabu arganna. Kunis gabaabina qabuun yemmuu ibsamu akka armaan gadii ta’a.


Dur lafti har’a Gindabarat jedhamee waamamu kun iddoo qubata ilmaan Kuttaayee Liiban turte. Maqaan ardaalee akkaataadhuma qubata gosootaatiin waamamaa ture. Yeroo Minilik Oromiyaa weerare akkuma uumaata Oromoo iddoo biroo uummanni aanichaa weerara kana ofirraa ittisuuf ciminaan sirna nafxanyaa dura dhaabbatee diina ofirraa faccise. Boodarra mormiin itti cimannaan loltoonni Minilik “Minnaw saw indabirat”jedhan jedhama. Kanumarraa ka’uun maqaan Gindabarat jedhu mogga’e jedhu. Yaanni biroo ammoo sirnuma kanaan kan walqabatu ta’ee aanaan Gindabarat jedhamu kun akkaataa teessuma lafa isaa irraa ka’uun kan moggaafame ta’uusaa eeru. Kunis jecha ‘gindi’ fi ‘barat’ jedhaman irraa kan dhufe ta’ee lafti kun uumamaan naanna’ee dalleeffamuun ulaa tokko qabaachuun hiikama. Kanarraa ka’uunis maqaa Gindabarat jedhamuun moggaafame jedhu.

**Aadaa:** Aadaa nyaataa keessaa Caccabsaa, cuukkoo, marqaa, qorii, qorsoddomee, qincee, daabboo, maxinoo, caabita, kashii, biddeenifi kkf dha. Dhugaatiin Aadaa booka/ daadhii, bordee, farsoo Oromoo, bulbula dammaa fa’a. Uffata Aadaa kanneen akka bullukkoo, kofoo, kittaa, waaroo, kallee, wandaboo, sabbata, qoloo, gaabii, marxoo fa’adha. Meeshaalee Aadaa ulfoo bebbeekamoon caaccuu, kallacha, callee, siiqqee, alangaa, eeboo, yoo ta’an, duudhaafi sirnoonni adda addaa guddifachaa, gumaa, ateetee, gannii, jaarsummaa, sirna Gadaa, ayyaana

masqalaa, sirba taaboree, ingiccaa, sirna da'umsaati. Aadaa warroomaa kadhannaa, aseennaa, butii, waliin deemu fa'adha.

**Hidda Dhalootaa:** Uummanni aanaa Gindabarat keessa jiraatu gosa Maccaa yoo ta'an sababa dhiibbaa nafxanyootaan kan ka'e gosti Oromoo Tuulamaas Shaggar, Meettaafi Salaale irraa buqqa'anii yeroo ammaa kana walmakanii jiraatu. Gosa Maccaa duraan naannoo sana qubatan keessaa ammoo ilmaan Kuttyee Liiban Macca, Burra, Maliyyuu Ituu, Hidhabuu, Daadaafi Habeebedha. Kunis caalmaati ifaa akka ta'uuf caasaa armaan gadiin dhiyaateera.

### Caasaa hidda dhaloota Maccaa



Caasaan kun fuula itti aanutti darbee ilmaan kuttaayee torbaniifi kanneen isaan horan waliin akka walqabatee deemuun isaa ifutti Kuttaayee irraa eegaluun itti fufee jira.

Akka ragaa odeeffannoo maanguddoo aanaa Gindabartiitti ilmaannan Maccaa toorbanuu aanaa Gindabarat keessa faca'anii kan jiran yoo ta'u tokkoon tokkoon isaanii yeroo ammaa gosoota jedhamanii kan beekaman kanneen armaan gadii of jalaa qaba.



Macci Kuttaayee ilmaan ja'a Igguu, Leelee, Faafam, Dagalii fi Jamoo godhate. Burri ilmaan Gudufee, Garbiyaallee, Dagaafi Adansa kanneen jedhaman hore. Maliyyuun Badii, Leeqaa, Maaruu, Garbichoo ilmaan jedhaman of jalaa qaba. Ituun eegoo Maliyyuu ta'ee Warra Hoodaa, Warra Baarkoo, Warra Hirphee Waaqayyoo hore. Hidhabuun Buukko, Aannoo, Daga, Horanna, ilmaan jedhaman godhate. Daadaan Munyoo, Tuguu, Abbadee, Sankoorii f Haaru yoo qabaatu, ilmaan Habeebe ammoo Erer, Buukko, Alii fi Kuraadha.

Caasaan armaan gadii kunis ilmaan toorban Kuttaayee jala jiraan caalmaatti agarsiisa.

<b>Kuttaayee</b>						
Macca	Burra	Maliyyuu	Ituu	Hidhabuu	Daada	Habeebe
Igguu	Gudufee	Badii	Warra hoodaa	Buukkoo	Muunyoo	Erer
Leelee	Garbiyaallee	Leeqaa	Warra	Aannoo	Tuguu	Buukkoo
Faafam	Daga	Maaruu	Baarkoo	Daga	Abbadee	Alii
Dagaali	Adansa	Garbichoo	Warra shaboo		Horrana	ankoorii
		Chugoo	Warra hirphee Waaqayyoo		Haaru	Kuraa

**Caasaa 1:** *Hidda dhaloota uummata aanaa Gindabarat*

**Madda:** *Caatoo hidda dhaloota Oromoo aanaa Gindabarat kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 16<sup>ffaa</sup> fi Waajjira Adaaf Turizimii Aanaa Gindabarat akkasumas maanguddoota aanichaa.*

Akka taatoo armaan olii irraa mul'atutti Kuttaayeen ilmaan torba qaba. Isaan keessaa Daadaafi Habeebeen alatti warri kaan haadha Galaanee jedhamtu irraa dhalatan. Kanarraa ka'uun maqaa shanan Galaan jedhamuun waamamu. Akka haala qabatamaa hawaasa naannoo sanaattis akka hangafaatti waan ilaalamaniif eebbi dura kan isaaniiti.

**Diinagdee:** Diinagdeen harki caalaan qonnarratti kan hundaa'edha. Akka odeeffannoon barruu aanaa Gindabarat (2006:4) ibsutti haala qabatamaa aanichaa irraa hubatamuun uummanni aanichaa 85% kan ta'u hojii qonnaatiin bula. Kanneen hafan 13% daldaalaa, 2% ammo hojjetaa mootummaafi dhuunfaa ta'u. Hojii qonnaa yeroo jedhamu lafa qotuufi horii horsiisadha. Horsiiisni horii loon, bushaayee, kotte duudaafi kkf fa'a. Oomishaaleen midhaan nyaataa kanneen akka xaafii, qamadii, garbuu, bishingaa, boqqoolloo, nuugii, talbaa, saalixaa isaan beekamoodha.

**Qabeenya Uumamaa:** Qabeenya uumamaatiin lageewwan gurguddoo akka Abbayyaa, Xaraanxar yoo ta’an lageewwan xixiqqoofi haroowwan hedduu qabdi. Bosonni gurguddoon akka aanaa kanaatti beekaman Huursaa, bosona Gaara Garbuu, gaara Gatamaa, bosona ulaa Somboo yoo ta’an biqiltuun uumamaa biyya keessaa gosoota adda addaa ni argamu. Bineensonni gosa adda addaa kanneen akka borofaa, leenca, karkarroo, booyyee, bosonuu, kuruphee, qeerransa, deeroo qeerransaa, jaldeessa, waraabessa, weenniifi k.k.f yoo ta’an iddooleen seenaa qabeeyyiifi hawwata turimii akkasumas araddaalee jilaa ta’an warri gurguddoon kanneen armaan gadiitti gabatee keessatti dhiyaatanidha.

**Iddoolee Seenaa Qabeeyyiifi Hawwata Turizimii:** Bakkeewwan hawwata turizimiifi iddoolee seenaa qabeeyyii ta’an gabatee armaan gadii keessatti kaawamanii mul’atu.

**Gabatee 1:** Bakkeewwan hawwata turizimii aanaa Gindabarat

T.L	Bakkeewwan hawwata turimii	Bakka /Ganda
1	Holqa Goda Moorree	Qarre Doobbii
2	Tulluu Leemat	Bidaaruu Goobataa
3	Bishaan Ho’aa Saqayadii	Saqa Yadii
4	Laaftoo Seenaa	Mudhii Ulaa Baroo
5	Goodaa Qunnii	Ulaa Abbaa Daadhii
6	Tulluu Hunqullee	Cirracha Gaatoo

**Gabatee 2: Iddoo ardaalee jilaa aanaa Gindabarat**

T.L	Bakkeewwan araddaa jilaa	Bakka /Ganda
1	Ardaa Jilaa Goodaa Qunnii	Ulaa Abbaa Daadhii
2	Ardaa Jilaa Waashoo	Bakkee Bal’aa
3	Ardaa Jilaa Burqaa Koshorree	Laga Maccaa
4	Bagaaloo	Bagaaloo

**Madda:** Waajjira aadaaf turizimii aanaa Gindabarat

Akkasumas aanaan kun albuuda gosa adda addaatiin badhaatuu ta’uun ishee qorannoowwan yeroo adda addaa taasifaman irraa hubachuun danda’ameera. Albuudaalee qorannoo adda addaa taasifameen Haaluma kanaan albuudaalee kannee akka: sookoo (gold), dhagaa gurraacha, dhagaa cirrachaa(sandstone), cirracha(sand), biyyee diimaa (redsoil), fi k.k.f dha.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti dhimmoonni sirna Gadaafi jiilota sirna Gadaa keessatti beekamoo ta’an kan akka sirna buttaa qalaa waliin walqabatan sakatta’ameera. Hojiileen fookiloorii kanneen gooroo duudhaa hawaasaa jalatti ramadaman sakatta’ameera.

Yaanni hayyootaa waa’ee sirna Gadaafi buttaa ilaalchisuun ibsan, kitaabileen, maddoonni miidiyaalee garagaraallee sakatta’ameera. Dabalataanis qorannoolee kanaan dhiyeenya qaban sakatta’amaniiru.

### 2.1. Fookiloorii

Qorattootni fookiloorii akkaataa qabiyyeefi yaaxxina hubannoo isaaniitiin akkasumas hojiirra oolmaa kanaan yaada qorattootni hiika fookilooriif kennan yoo ilaallu: Sims and Stephens (2005:8), bifa armaan gadii kanaan ibsu.

*Folklore is informally learned, unofficial knowledge about the world, ourselves, our communities, our beliefs, our cultures and our traditions, that is expressed creatively through words, music, custom actions, behavior and materials. It’s also the interactive, dynamic process of creating, communicating and performing and performing as we share that knowledge with other people.*

Akka yaa waraabii kanaatti fookilooriin karaa aldileen kan baratamu beekumsa addunyaa galmee qabatee hin jirre kan waa’een eenyummaa keenyaa, uummata keenyaa, amantaa keenyaa, aadaaf duudhaa keenyaa karaa kalaqa garagaraafi jechaan, muuziqaan, gocha duudhaan, amalaafi meeshaaleedhaan ibsinudha. Adeemsi beekumsaafi raawwii sirnoota kanaa walii hiruus hariiroo uummataa cimsuu keessatti gahee guddaa qaba.

Akka Dundes (1965:1-3) ibsutti, Fookilooriin kanneen akka duudhaa hawaasaa, baacoo, hiiibboo, mammaaksa, weedduu, hurursa, arrabsoo, gammachuu, aaruu, nyaata qopheessuu, naggaa walgaafachuu ofkeessatti hammata. Akkasumas uffata aadaa, ragada, weedduu, meeshaalee muuziqaa, moggaasa maqaa, barreeffama aadaa, tapha garaagaraa, sagada, ogummaa ijaarsa manaafi dallaa, kabaja ayyaana waggaafaa jechuun tarreessa.

Ittuma fufuun “Foklore offers a socially functioned outlet for the expression of a tabu and anxiety provoking behavior. One can do or say in folklore from things otherwise inter direct in everyday life” jedha. Ibid (1965:3)

Yaanni kunis fookilooriin wantoota saalfii ta'aniifi waantoota nama gammachiisan, amaleeffannaa yookaan muuxannoowwan namoonni jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti qaban kan calaqqisiisu ta'uusaa agarsiisa.

Fookilooriin jechoota 'Folk' fi 'lore' jedhaman irraa kan ijaarame ta'ee 'Folk' garee hawaasaa; 'lore' beekumsa yookaan qabeenya gareen hawaasaa sun waliin qabu ta'uusaatu yaada hayyootaa baay'ee walfakkeessa.

### **2.1.1. Gosoota Fookiloorii**

Qorattoonni fookiloorii amala dhuunfaafi ibsa isaa irratti hundaa'uun fookiloorii bakka hedduutti qoodu. Hayyuun Dorsan.R. (1972:2) Fookiloorii gooroowwan afuritti qoodee ibsa. "...Foklore can be divided into four categories. These are termed the oral literature, material culture, social folkcustom and the performing folkarts. Each of these intern divided into diffirent subdivision"

Kunis waanta aadaa, duudhaa hawaasaa, aartii sochii hawaasaafi ogafaan ta'ee isaan jalatti ammoo kan ramadaman hedduu ta'uusaati. Qorannoon kunis gooroowwan fookiloorii keessaa duudhaa hawaasaa (social folkcustom) jalatti waan ramadamuuf kallattumaan duudhaa hawaasaa waliin walqabsiifamee ilaalameera.

#### **2.1.1.1. Duudhaa Hawaasaa**

Duudhaan hawaasaa waanta aadaatiin walitti dhiyeenya qaba. Akka Alamaayyoo fi Alamituu (2010:51) Dorsan (1972) wabeeffachuun jedhanitti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaa irra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo yookaan walitti dhufeenya gareerrattidha. Akkasumas uummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee fudhatedha. Gooroo kana keessattis kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa, waaqeffannaa, guddina sadarkaa yookaan kabaja namaati. Cehumsa sadarkaa keessaa immoo sirni Gadaa, fuudhaaf heerumni, dhaqna qabaan fa'aa iddoo guddaa qabaachuusaa ibsa. Cehumsi sadarkaa dhimmoota gulantaawwan jireenyaa keessatti umuriin walqabatani mudatan yookaanraawwatanidha.

### **2.1.1.1.1. Cehumsa Sadarkaa**

Maalummaa sirna ce'umsaa ilaalchisuun kitaabni 'Encyclopedia (v-6) yemmuu hiiku, " Rite of the passage is a ceremony held by nearly all societies to observe a person's entry into a new stage of life." Yaanni kunis cehumsi sadarkaa hawaasa hunda biratti sirna kabajamu ta'ee, yeroo namni tokko sadarkaa jireenyaa tokkorraa gara isa birootti ce'udha. Kan ilmi namaa jireenya isaa keessatti dhalootaa hanga du'aatti sadarkaa adda addaa keessa darbuu isaa agarsiisudha. Sadarkaan inni keessa darbus jireenya isaa keessatti hiika guddaa qaba. Innis hawaasa tokko keessa miseensi jiru yeroo sadarkaa dura keessa turerraa gara sadarkaa itti yeroo aanuutti ce'udha.

Dabalataa yaada kana Simsi Stephens (2005:110) yoo ibsan, "Rites of passage mark notable dates or stages in a person's life. Most rites of passage occur at times of change or transition; birth, puberty, entering adulthood or coming of age, marriage and death." Akka yaada kanarraa hubatamutti cehumsi sadarkaa umurii keessa darban keessatti mallattoo kaa'ee darbu qaba. Cehumsi sadarkaa hedduun jijjiirama umurii wajjin walqabatee deemuusaatu hubatama.

Hawaasa tokko keessatti gochaaleen walfakkaataan kan irra deddeebi'amanii hawaasichaan raawwataman hedduutu jiru. Gochaaleen kunis hawaasa garagaraa keessatti ayyaneffannaa (rituals) mataa isaanii kan qabanidha. Maalummaa sirna kabajannaa yookaan ayyaneffanna ilaalchisuun: "Rituals are repeated habitual actions, but they are more purposeful than custom..." Ibid (2005:95), yaada jedhu arganna. Akka yaada kanaatti sirni ayyaneffannaa gochaalee baraman, kan irra deddeebi'amanii raawwataman, garuu barsiifata caalaa bu'aa qabeessa ta'uu isaaniiti. Sirni buttaa qalaas kan adeemsa sirna Gadaa keessatti namni tokko afurtama abbaasaa gahuun sirna kana raawwatee sadarkaa Qondaalarraa gara sadarkaa Luboomaatti darbudha.

### **2.2. Maalummaa Sirna Gadaa Maccaafi Buttaa Qalaa**

Sirni Gadaa Maccaa sirna bu'ura Gadaa irratti hundaa'uun konfedereeshinii bulchiinsa sirna Gadaa haala bakkaafi yeroon walsimsiisuun fooyya'insa tokko tokko taasise.

Akka Wandimmuufi Boonii (2015: 88) maanguddoota waabeffachuun jedhanitti Gadaan Maccaa sadarkaa sadi keessa akka darbe dubbatu. Innis seera jaarsaafi Alangaa, seera kakuu

shanan Maccaafi sirna Gadaa isa caaseffamni isaa sirriitti alalshamee gaggeessummaa Makoo Biliitiin qophaa'edha. Sirna Gadaa Maccaa keessatti hooggansi waliigalaa Caffee yookaan Gumii harka jira. Gumii yookaan Caffeen kunis hawaasa sadarkaa adda addaa irra jiru keessaa garee shanitti qooduun namoota sagal sagal kan filataman miseensa namoota afurtamii shan ofkeessaa qaba. Isaanis shanee salgee duraa durba duudaa umurii (9-24) jiran nama sagaltu filatama. Shanee salgee lammataan umurii (9-24) kan jiran keessaas dhiira qeerroo nama sagaltu filatama. Sadaffaan shanee salgee umurii (33-48) jiran keessaa dubartii taadhii yookaan deessuu miseensa Caffee Gadaa ta'uun filatamu. Shanee salgee araffaan keessatti dhiira suubboo umurii (33-64) jiran keessaas cimina, dandeettiifi naamusa gaarii qabaniin namoonni sagal filatamanii miseensa Gadaa Maccaa tau. Kan dhumaa miseensa Shanee salgee Shanaffaa keessaa beera umurii (49-64) jiran nama afur, dhiira umurii (65-80) gidduu jiran nama shantu filatama. Afyaa'iin yookaan Nooleen (speaker of the house) Caffee Gadaa Maccaa garee shanaffaa keessaa filatamu.

Gabaabumatti caasaan Caffee Gadaa Maccaa shanee salgee, Aduula Gadaafi Qaalluu of jalaa yoo qabaatu Shanee Salgeen ammoo shanee salgee tokko hanga shanee salgee shanii ofjalaa qabuun gaggeeffama. Maalummaa Gadaafi buttaa ilaalchisuunis barreessitootni, hayyoonniifi qorattootni ibsa bal'aa kennaniiru.

Akka kitaaba Gumii Waaqeffannaa (2018:145) irratti ibsametti “Gadaan gaaddisa jiruuf jireenya Oromooti. Gadaan jaarraa dheeraa irraa jalqabee sirna jiruuf jireenya Oromoo bifa hundaan tajaajilaa akka tureefi qorannoon sirna Gadaa irratti godhamefi odeeffannoon argaa dhageettii Oromoo ni adddeessa,” jedha. Yaanni kunis Gadaan waan bal'aa ta'uufi yaada gabaabaan ibsuuf kan hin yaalamne ta'usaa nutti agarsiisa. Akka yaada barruu kanaatti aadaan, diinagdeen, hariiroon hawaasummaa, sirni bulchiinsaa hundinuu seenaa falaasama sirna Gadaatiin madduu isaanii kan nu hubachiisudha.

Barruun Duudhaa (2008:17) sirna Gadaa gahee inni gama birmadummaa biyyaa eegsisuu keessatti qabuufi waan dhalootarraa eegamu akkasiin ibsa. Innis akkaataa kaleessa Oromoon caaya Gadaa jalatti tokkummaafi qindoominaan biyyasaarraa diina falmaa ture akka fakkeenyaatti tuquun, dhaloonnis seenaarraa waa hubachuun hanqinaafi cimina har'a jiru madaaluun dhimmoottan fuuldura isaa jiran irratti xiyyeeffannoon deemee injifannoon akka keessa darbu faana qajeelchuu dirqama ta'usaa ibsa. Yaanni kunis sirni Gadaa gama

siyaasaan dhiibbaa biyyarra gahu tokko qolachuu keessatti gahee cimaa kan bahaa tureefi bahuus danda'u akka ta'e nu hubachiisa.

Gama biroon ammoo sirni Gadaafi buttaan maali? Hariiroofi garaagarummaa akkamii qabu gaaffii jedhu irratti yaadoleen hayyootaa deebii kan kennan ta'a. Alamaayyoo Hayilee (1999:39) irratti haala armaan gadiin ibsee jira. "Gadaan jilaafi duudhaa hedduu ofkeessatti haammata. Gadaan sirna waan mara ofkeessatti qabuufi jireenya Oromoo kallattii maraan sakatta'udha. Gadaan jilaafi godaanuu, buttaa qaluufi nyaachisuu, guddifachaa, gumaa, araara, meedhacha, waaqeffannaa, irreessaafi kkf haammata."

Jilawwan sadarkaalee Gadaa tokkorraa sadarkaa itti aanutti gaggeeffaman keessaa kanneen armaan gadii isaan gurguddoodha.

**Godoo Taaboree Cabsuu:** Taaboreen ayyaana ijoollee wagga waggaan ji'a Waxabajjii keessa kabajamudha. Daa'imni tokko ayyaana taaboree kabajachaa turee sadarkaa Gaammeerraa gara Foolleetti yemmuu ce'u sirna Godoo Taaboree Cabsuun aayyaanicha kabajachuu keessaa ofbaasa. Yeroon kunis ce'umsa sadarkaa Gadaa waliin walqabata.

**Sirna Lallabaa:** Yeroo sadarkaa Foollee irraa gara Kuusaatti ce'an sirna gaggeeffamudha.

**Sirna Buttaa Qalaa:** Sirni kun sirna baallii walirraa fuudhuu, guyyaa ballisii, sirna alangaa kennuu jedhamee beekama. Sirni kun kan kabajamu sadarkaa Gadaa (40-48) keessattidha. Sadarkaa kanatti yemmuu gogeessi Gadaa duraan aangoorra ture gogeessa Gadaa itti aanuuf aangoo kennudha. Yeroo kana sirna guddatu adeemsifama.

**Sirna Qumbii Walirraa Fuudhuu:** Sirni kun kan kabajamu yemmuu yuuba 4<sup>ffaa</sup> keessaa gara sadarkaa Gadamooggiitti ce'anidha.

Dabalataan Alamaayyoo (2007:70) irratti dhimma sirna buttaa qalaan walqabatu yoo ibsu akkana jedha. "Miseensonni Gadaa Tuulamaa yeroo baallii walii dabarsan dhuma waggaa 7<sup>ffaa</sup> tti seera lubbuuf gara malkaa Hawaasitti godaanu. Godaansi kun gochaalee qooda ba'uufi adeemsa baallii walii dabarsuu keessaa tokkodha. Kana booda Abbaan Gadaa buttaa qaluun nyaachisa." Yaada kanarraas kan hubatamu buttaan adeemsa marsaa Gadaa yookaan sirna miseensonni Gadaa aangoo itti waljijjiiran waliin walqabatee kan adeemsifamu ta'uusaati.

Ittuma fufuun “Adeemsi baallii walii dabarsuu manaafi araddaa abbootii Gadaa irratti buttaa qaluun kan raawwatudha.” (Isuma:173). Yaanni kunis buttaan yeroofi iddoo murtaawaa qabaachuu agarsiisa. Kunis barri aangoo miseensa Gadaa tokkoo xumuramuun yeroo miseensi Gadaa itti aanu aangoo fudhatu sirna gaggeeffamudha. Akkasumas iddoon itti walharkaa fuudhinsa aangoo kan beekamu araddaa jilaa jedhamuunidha.

Taammanee qorannaa isaa “ Buttaa Rituals of the Sayyoo Oromoo” jedhu keessatti akkas jedha.

*Butta was considered to be the transition and marked power from one set to the other. The ceremony consists of a series of interconnected rituals which include the preliminary rites the actual butta sacrifices the ‘goodaa garmaamsaa’ (riding around the field) or meetig around the ceremonial grounds and the hand over of the power (kalala guuru) throwing away the grassland and reiteration of the ancient law of Mako Bili. (Tamane:120)*

Yaanni kunis sirni buttaa qalaa mallattoo cehumsa aangoo miseensota Gadaa gidduutti taasifamu ta’ee sirna kabajaa fi adeemsa itti raawwatu qabaachuusaa hubanna. Kanneen keessaa yoomessiifi warreen aangoo walharkaa fuudhan akkasumas seernoorni raawwataman kan ibsamanidha. Kanaaf sirni aangoo walharkaa fuudhuu sirna buttaa qaluun kan gaggeeffamudha.

Mulugeetaan dhimma kana ilaalchisuun yemmuu ibsu, “The transitional period of each Gada grade is accompanied by ritual performances of its own and responsibilities to perform the duties and responsibilities provided by the system.”( Mulugeta, 2014:53)

Waraabbii armaan oliirraa kan hubatamu ce’umsi sadarkaalee Gadaa gidduutti taasifamu sirna kan qabu ta’ee, raawwiin sirna kanaas bifa ayyaaneffannatiin kan adeemsifamu akkasumas sadarkaalee kana keessatti mirgiif dirqamni kenname jiraachuusaati.

Sirna buttaa qalaa faayidaa isaa irratti huna’uunis hiika itti kennuun nidanda’ama. Kunis rakkoo uummata keessa jiru furuu, Gadaan si’aayinaan bifa walirraa cituu hin dandeenyeen akka waljijjiiru taasisuun, seerri tumamee nageenya hawaasaa eeguu, walqixxummaa dhugoomsuufi kanneen kana fakkaataniin hawaasaaf bu’aa buusuun iddoon olaanaan kan kennamuufidha. Gama birootiin sirni buttaa qaluu xiinsammuu (psychology) ilmaan namaa ulfessuufi kabajuun kan hojjetudha. Namni tokko dhalootumaan waan goonfachuu qabuufi



hawaasa keessatti mirgaaf dirqama miseensonni qaban waan ifatti beeksisuuf sirna jaal'atamaadha. Kun ammoo uummata Oromoo biratti qofa tajaajila kennaa jira osoo hin taane seenaafi sirna bulchiinsa saba biroofillee bu'aa buuseera.

Kana malees hariiroo hawaasni keenya saboota biroo waliin qabu qorachuuf hedduu gargaareera. Dhimma kanaan kan walqabatu Asmaroom Laggasee yaada armaan gadii dhiyeesseera.

*“Oromo democracy is one of those remarkable creating of the human mind that involved into a full fledged system of government. It contains genuinely, African solution for some of the problems that democracies every where have had face” (Asmarom, 2000:94)*

Akka waraabbii armaan olii kanarraa hubatamutti sirni bulchiinsa Gadaa sirna guutuu ta'eefi kan ga'umsa qabu, sirna diimookiraasii uummata Oromootiin kalaqame ta'uusaa ibsa. Darbes biyyoota Afrikaa sirna bulchiinsaa rakkisaafi diimookiraasiin itti hin shaakalamneefillee furmaata ta'uu akka danda'u ibsa.

Bartles (1972) buttaan hiika butanii kaachuu, tasa fudhatanii kaachuutti fakkeessee hiika. Yaanni buttaa jedhus walirraa butuu yookaan si'aayinaan walirraa fudhachuutti adeemuun sirna buttaa qaluu keessattis hiika bal'aa horachaa deemuu hin oolle. Sababni isaas akkaataan jalqabbii ogummaa, kalaqa, beekumsaa, wantootaafi sirnoota yeroo har'aa sadarkaa guddatti guddataniifi babal'atanii jiran yoo fudhanne ka'umsa akkasii godhachuusaa ni hubatama.

Akka Toleeraafi Hundasaa (1995) jedhanitti uummanni Oromoo walakkeessa jaarraa 16<sup>ffaa</sup> irraa kaasee sirna Gadaa haaromsate. Sirni buttaa qalaas seera sirna Gadaa keessatti ijaaraman keessaa tokko ta'uun baruma sana keessa akka dhaabbate ibsu. Kunis bara 1552 kaasee sirni buttaa qalaa adeemsifamuu jalqabuusaa hubanna. Yeroon kun bara Gadaan akka haaraatti of haaromsee lolee diina biyyasaarraa deebisedha. Akka seera Gadaatti namni tokko umurii isarraa eegamu irratti lolee diina biyyarraa ittisuu qaba. Dirqama kana kan hin baane yoo ta'e buttaa qalee Gadoomuun biyya bulchuu ulaagaa filannootu isa daangessa. Yaanni kunis kan nu hubachiisu buttaan kan hundaa'eef lolee diina biyyasaarraa deebisuuf akka ta'edha.

Asmaroom (2006:14) waa'ee buttaa ilaalchisuun, “Butta was the occasion of which the Gada class was expected to go out into enemy territory to bring back the spoil of war”,

jechuun ibsa. Kunis buttaa qaluun yookaan seera buttaa qopheessuun jila seerota Gadaaf godhamu ta'ee jalqaba diinatti duuluuf, daangaa ofii kabachiisuuf, akkasumas diina ofirraa deebisuuf kan adeemsifamaa ture ta'usaa nu hubachiisa.

Yaaduma kana fakkaatu kaayyoof dhufteesaa waliin walqabsiisuun Wandimmuufi Boonii (2015:148) akka armaan gadiin ibsu.

*Dur waggaa saddeet saddeetiin dhaloonni sadarkaa raabaa keessa jiru waggaa araffaa irratti lola buttaa gaggeessuun lafa haaraa qabachuun jabinaafi gootummaa qaban agarsiisuu qabu. Akkasumas lafa haaraa qabachuu qofa osoo hin taane kan armaan duraan abbootii isaaniirraa fudhatamellee deeffachuuf akka ta'etu himama.*

Yaanni kunis buttaan kan miseensota sadarkaa waraanaan biyya tajaajilaa jiraniin gaggeeffamu ta'ee yeroo daangaa ofii deeffatanii fi qabatan irratti sirna gaggeeffamaa turedha. Adeemsa yeroo keessa garuu kaayyoon diinatti duuluuf taasifamu gara ijaarama sirna Gadaa ittiin dhugoomutti jijjiramee murna dhaloota Gadaas ittiin to'chuuf kan oolee ta'usaa hubanna.

Kanaaf haala qabatamaafi ragaa maanguddootaa irraa kaanee dhimmi ijoon yeroo har'aa sirni buttaa buttaa qalaan adeemsifamuuf adeemsa marsaa Gadaa sirreessee kutaafi garee dhaloota Gadaa ittiin qindeessuudhaafi. Namni tokko adeemsa sirna Gadaa keessatti miseensa Gadaa tokkoo ta'uun, sadarkaalee jiran keessatti ammoo gaheefi dirqama isarraa eegamu bahachaa deema. Akka Gadaa Maccaatti sadarkaaleen Gadaa Qaraa Ittimakoo, Gaammee, Foollee, Raaba, Qondaalaafi Luba jedhamanii beekamu. Sadarkaalee kanneen keessaa Raabni umurii (24-32) kan jiran dirqama waraanaan biyya isaanii tajaajiluu qabu. Daangaa biyyaa eeguufi waraanan uummata isaanii tajaajiluun Qondaalatti darbanis sirna bulchiinsa Gadaa baratu. Sanaan booda akkuma afurtamni abbaa isaanii ga'een buttaa qalanii luboomuun filannoon taasifamee kan ulaagaa jiru guutee injifate Abbaa Gadaa ta'uun aangoo siyaasa qabata jechuudha.

### **2.2.1. Kaayyoo Sirna Buttaa Qalaa**

Buttaafi kaayyoonsaa inni guddaan waraana waliin kan walqabate ta'ee waraanni ammoo lolee daangaa biyyaa eeguun, lafa haaraas qabachuu akka ta'e ibsu. Kunis buttaa qalaan kan adeemsifamuuf jalqaba gootummaan daangaa biyya ofii kabachiisuuf, kan sarbamellee

deebisanii of harka galfachuufi dabalataan haaraa qabachuufidha. Adeemsa keessa ammoo adeemsa bulchiinsa sirna Gadaa ittiin mirkaneessuuf akka ooletu hubatama

Buttaa qaluun seera hawaasa kanaa keessatti adeemsa aangoon bulchiinsa Gadaa ittiin waliif darbudha. Dhaloonni sirna kana bulfatu ammoo aangoon fudhatu fudhachuu baatus sirna bulchiinsa kanaa mirkaneessuuf jila kana bulfachu qaba. Kunis akkuma yeroo har'aa diimookiraasii isa jedhamu kana mirkaneessuuf namni umuriin isaa gahe mirga filuufi filatamuuf dhiyaatu ta'uusaati.

Asmaroom (2006) yaada kanarratti adeemsi filannoos ta'ee, jaar-miyaalee biroo sirna diimookiraasii keessatti argamaniif sirni Gadaa ka'umsa akka ta'e ni ibsa. Seerri diimookiraasii sirna kanarraa madduun ammoo sirna siyaasaafi bulchiinsa gaarii qabu ta'uusaa agarsiisa. Kanaafuu kaayyoo guddaan sirni buttaa qalaa kabajamuuf sirna bulchiinsa Gadaa Oromoo mirkaneessuufi itti fufiinsa qabu fuulduratti tarkaanfachiisuudha.

### **2.2.2. Ulaagaa Ittiin Buttaa Gaggeeffatan**

Adeemsa sirna Gadaa keessatti buttaa qalaan kan ilmi Oromoo kamiyyuu gaggeessee ijaaruma sirna Gadaa ittiin dhugoomsuudha. Buttaanis kan qalamu callisee osoo hin taane seeraafi ulagaa mataasaa danda'een deema. Namni buttaa qaluuf adeemus ulaagaawwan barbaachisan guutee argamuu qaba. Ulaagaawwan ijoo jedhamaniifi warreen addatti murteessoo ta'an ni jiru. Kanneen keessaa abbaaf akaakayyuun miseensa Gadaa shananii keessaa tokko ta'uu, afurtama abbaasaa eeguu, seera barbaachisu guutuu fa'adha.

#### **2.2.2.1. Hidda Dhalootaan**

Ilmi tokko yoo dhalatu miseensa Gadaa abbaasaatiin haammatama. Akka seera Gadaattis hidda dhalootaasaarraa kan fudhate Gadaa abbaasaa sadarkaa isaa yeroo gahetti yoo yakka hojjetee yaa'ii goorootiin hin ittifamiin jila buttaa kabajuuf mirga qaba. Namni Abbaan, Akaakayyuun, Habaabayyuun isaa bulfataa turan marsaa Gadaa isaanii lakkaa'ee bulfachu danda'a. Warra Guddifachaan gara miseensa sabichaatti dabalaman yoo ta'anis warra biratti guddifame yookaan kan akka abbaatti seera guuteef sana afurtama isaa yookaan saddeettama akaakayyuusaa lakkaawwachuun marsaa Gadaasaa eegge bulfachu danda'a.

#### **2.2.2.2. Seera Raawwachu**

Namni tokko buttaa qaluuf kan isa dandeessisu keessaa tokko seera raawwachuudha. Seerri kunis sadarkaa Raabaa keessatti bokkuu buqqifachuu, sadarkaa itti aanutti seera tumaa irraa kaasee bokkuu dhangifachuu, ginna ciisuu fa'atu akka seeraatti ilaalama. Yaada kana kan cimsu Alamaayyoo (2007:170) akkasiin ibsa. Miseensonni Gadaa Tuulamaa yeroo baallii walii dabarsan dhuma waggaa torbaffaatti seera lubbuuf gara malkaa Hawaasitti godaanu. Godaansi kun gochaalee qooda ba'uufi adeemsa baallii walii dabarsuu keessaa tokkodha. Kana booda abbaan buttaa qaluun nyaachisa.

Yaada kanarraas waanti hubannu sirna buttaa qaluu yookaan aangoo walii dabarsuu dura kadhimmamaa ta'anii seerri raawwatamu jiraachuufi adeemsi miseensummaa isaanii yeroo itti mirkanaa'u jiraachuu isaati. Yaaduma kana bu'uureffachuun adeemsa buttaa qaluuf taasifamu keessatti kan biroo seera qorachuu keessatti kanneen akka haadha cifiruu, adeemsa gaa'ila keessatti yoo niitii rakoo hin fuune ta'e seera kan kana hunda guutee gara buttaa qaluutti darba.

#### **2.2.2.3. Umurii**

Akka Alamaayyoon ibsutti filannoon miseensaan yoo ta'eyyuu abbaafi ilmi umurii waggaa afurtamaatti aangoo waliigadhiisu. Garaagarummaan kan miseensota Gadaa shananiiti. Kana yemmuu jennu ilmi umurii afurtama abbaa yookaan saddeettama akaakayyuun buttaa baafatetti deebi'ee baafachuu qaba jechuudha malee umuriin ilma Gadaa baafatuu dirqama murteessaa miti jechuudha. Yoo sadarkaa umurii sirrii keessatti hin dhalanne ta'e daa'ima yookiin jaarsa ta'ullee ni baafata. Kun ammoo lakkofsi umurii guyyaa dhalootaa osoo hin taane Gadaa abbaa ofii ta'uu agarsiisa. Garuu aangoo fudhatee biyya bulchuuf carraa dhabuu ni danda'a. Aangoon sirna Gadaa keessatti kan argamu sadarkaa Ittimakoo irraa eegaluun Gadaa Qaraa keessatti qooda ba'uun yookaan dirqama sirni Gadaan ajaju keessa darbuunidha.

Yaada kana ilaalchisee Amansiiaan Dhinsaa (1975:99) wabeeffachuun akkas jedha, "The office of Abba Gada not hereditary. The gap of forty years period between the father and the son is an in-but check system to build such occasion of power and there by the concentration of political in the hand of one family."

Yaanni kunis bulchiinsi caffee Abbaa Gadaa sanyiidhaan kan darbu akka hin taaneefi aangoon harka maatii tokko qofatti akka hin hafne ibsa. Akkasumas umuriin afurtama abbaafi ilma gidduu jiru yeroo itti carraa sirna buttaa qalaa argatan akka ta'e ibsa.

### **2.3. Hariiroo Buttaafi Miseensota Gadaa**

Sirni Gadaa akka Oromiyaatti maqaa garagaraa haa qabaatu malee miseensa shanuma qaba. Miseensi shanan kunis akka kan Maccaatti fudhannee yoo ilaalle, Birmajii, Horata, Michillee, Duuloofi Roobaleedha. Miseensi Gadaa tokkoo waggaa saddeet bulchee isa itti aanuuf aangoo dabarsee kenna. Gadaan tokko bara aangoo isaa fixee naanna'ee gara aangootti kan deebi'u afurtama isaattidha.

Buttaan sirna yookaan jila yeroo walharkaa fuudhinsa bara Gadaa gidduutti adeemsifamu irratti adeemsifamudha. Yaada kana kan cimsu Mulugetaan qorannoo isaa keessatti akkasiin ibsa. "Gada rituals are very vital in that they make power transfer easily, smooth and bearable. They also cultivate the new generation into a tradition of peaceful power transfer and democratic principle. ( Mulugeta, 2014:50).

Akka waraabbii armaan olii irraa hubannutti ayyaaneffannaan sirna Gadaa akka aangoon karaa salphaan, seera qabeessaafi haala iftoomina qabuun ittiin waliif darbu kan taasisuu keessatti gahee guddaa qaba. Akkasumas dhaloota aadaa diimookiraasii baratee aangoo karaa nagaa dabarsu horachuuf kan nu gargaarudha.

Sirni buttaa qalaafi marsaaleen miseensota Gadaa hariiroo guddaa waliin qabu. Namni tokko buttaa qalaa gaggeessuuf gogeessa Gadaa jiran keessaa miseensa Gadaa tokko ta'uu qaba. Yeroo gogeessi Gadaa tokko waggaa saddeetiif aangoorra turee kan biroof dabarsu miseensa Gadaa aangoo fudhatuun kormi buttaa qalamee, warra aangoo kennuunis sirni gaggeeffamuu qabu gaggeeffamee sirni kun raawwata. Kanaaf buttaa qalaan miseensota Gadaa irratti kabajamuun walitti hidhiinsa sirna kanaa keessatti gahee guddaa kan qabudha. Sirni Gadaas miseensota yookaan paartilee waggaa saddeet saddeetiin aangoo walirraa fuudhan shan qaba. Gadaan Maccaas akkuma Gadaa Oromoo waliigalaa tartiiba ijaarama walharkaa fuudhinsa aangoo Shan qaba.

Yaada kana kan cimsu Wandimmuufi Boonii (2015:128) yemmuu ibsan, "Birmajii, Horata, Michillee, Duuloofi Roobalee," jedhanii kaa'u. Akka yaada kanaatti sirni Gadaa gogeessa

yookaan miseensa Shan qabaachuu, miseensonni shanan Gadaa kunis waggaa saddet saddeetiin tartiiba isaanii eeguun aangoo waliitti dabarsuun nama tokko afurtama abbaasaatiin gahuun kan luboomsan ta'uudha.

Gama birootiin ammoo maqaan miseensota Gadaa kun kutaalee Oromiyaa garagaraa keessatti walfakkeenya hin qabaatan. Akkasumas tartiibniifi yeroon wal harkaa fuudhinsa Gadaas garaagarummaa ni qabaata. Akka fakkeenyaatti Gadaa Tuulamaa fudhannee yoo ilaalle: Birmajii, Horata, Michillee, Roobaleefi Duuloodha. Gadaa Tuulamaa keessatti Duuloon Roobalee irraa aangoo fudhatee Birmajiif ammoo dabarsa. Maccatti ammoo Roobaleen Duuloo irraa fudhatee Birmajiif dabarsa. Kana qofa osoo hin taane maqaan ittiin miseensonni yookaan gogeessonni Gadaa waamaman illee garaagar ta'uuu hubatama.

Dirribii (2012) dhimma kana ilaalchisuun afgaaffii maanguddoo waliin adeemsise waliin walqabsiisee ibseera. Kunis maqaan Gogeessa yookaan paartii Gadaa bakkaa bakkatti addaa addummaa ni qaba. Yeroon Gadaa walii dabarsanis waltara. Waltaruun kun eesaa madde jedhee yeroo gaafatetti kan rakkoon roorroo halagaa fide ta'uusaatu bira ga'ame. Akka raga odeeffataa wabeeffachuun ibsetti yeroo Minilik Macca qabate, warri Amboo bara lama waraanarra waan turaniif yeroon Gadaa bara sadiin duubatti harkifate. Boorana keessattis akkasuma bara waraana xaaliyaanii Ganna sadiif booddeetti harkifachuusaa ibsu. Akkasumas maqaan Gadaa maalif bakka adda addaatti gargar ta'e jedhanii gaafataniifis Oromoon waanna hedduu raajjatee hedachuun waan hamaa ta'ee xiinsammuu isaatti hin tolle bara Gadaan sunii isa mudate irraa fa'a ka'ee maqaa Gadaa sana ayyaantuu gaafatee akka jijjiiraa ture ibsa.

Akka fakkeenyaatti maqaalee shanan Gadaa kutaalee Oromiyaa keessaa Wandimmuufi Boonii (2015:130) wabeeffachuun gabatee armaan gadii kana keessatti dhiyaate ilaaluun gaarii ta'a.

### Gabatee 3: Miseensota Gadaa shananii kutaalee Oromiyaa agarsiisu:

Macca	Tuulama	Gujii	Boorana	Ituu	Arsii
Birmajii	Birmajii	Harmuufa	Moggisa	Horata	Birmajii
Horata	Horata	Roobalee	Sabbaqa	Mardiida	Roobalee
Michillee	Mchillee	Muudana	Libaasa	Bultuma	Bahara
Roobalee	Duuloo	Halchiisa	Daraara	Horata	Horata
Duuloo	Roobalee	Aldada	Mardiida	Badhaadha	Bultuma

Madda: *Seenaa Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Hanga Jaarraa 20<sup>ffaa</sup>* .

Eгаа miseensoonni Gadaa shanan kun waggaa saddeet saddeetiin waljalaa siqaa namni tokko afurtama Gadaa abbaa yookaan saddeettama akaakayyuu isaatti buttaa qalee akka luboomu gochuu keessatti gahee guddaa qabu jechuudha. Marsaan isaanii kunis xiyya armaan gadii kanaan mul'achuuf yaalameera.

**Birmajii→Horata→Michillee→Duuloo→Roobalee**

*Tartiiba marsaa Gadaa Maccaa akka naanno qorannootti. Madda: Obbo Dabalee Dirriiba, Lataa Eeguu, Lataa Tolasaa (marii garee gaafa guyyaa 5/6/2011)*

#### 2.4. Hariiroo Buttaa Qalaafi Sadarkaalee Gadaa

Ijaarama sirna Gadaa keessatii wantootni Oromiyaa bal'aa keessatti walfakkaatu keessaa miseensi Gadaa shan ta'uu, sadarkaaleen Gadaa saddeet ta'uufi namni tokko afurtama abbaa isaa kabajachuun warra akka waliigalaatti beekamanidha. Gadaan tokko bara bulchiinsaa waggaa saddeet qaba. Gadaan tokko deebi'ee naanna'ee dhufuuf waggaa afurtama itti fudhata jechuudha. Kanatu afurtama abbaa jedhamee buttaan qalama. Miseensoonni Gadaa aangoo waljijjiiruufi namni tokko afurtama abbaasaa ga'ee buttaa qaluuf sadrkaa Gadaa waggaa saddeet saddeetiin naanna'u kanarratti hundaa'a jechuudha.

Dirribii (2012:258) irratti dhimma waljalaa siquu Gadaa sababa waggaan saddeet saddeet ta'uusaa ilaalchisee ragaa himtoota wabeeffachuun akkasiin ibsa.

*Waljalaa siquu Gadaa kana akka waggaa saddeet saddeetiin ta'u maalif Oromoon filate jedhamee yeroo gaafatamu "Oromoon uumaa ilaaleetu, safeeffata, seerrata, jijjiiramni waggaa saddeet saddeetiin akka ta'u*

*Waaqatu uume. Nuti isuma ilaallee hordofa.’’ Jedha. Fakkeenyaaf, akka giddugaleessaatti (average) namni dhalatee waggaa saddeetitti ilkaan aannanii buqqisee, ilkaan soogiddaa biqilcha. Waggaa (16)tti areeda baasa, guntuta baafiti, sagaleen ni jijjiirama. Waggaa (24)tti hojjaadhaan oldheerachuu raawwata. Waggaa (32)tti ilkaan a’oo duubaatu ba’a, waggaa (40)tti ammoo wanna qaama namaa keessaa guututu jira. Inni kun hin himamu iccitiidhaan qabameetu nama Gadaa huulluuqe qofatti himama.’’ jedha.*

Yaada kanarraas kan hubatamu falaasamni sirni Gadaa ittiin ijaarame seera uumaafi uumamamaa hordofee deemuusaa hubanna. Akka yaada maanguddootaarraa hubatamutti miseensi Gadaa shan ta’uufi sadarkaan Gadaa saddeet ta’uun hundi hiikaafi sababa ta’eef akka qabudha. Akka fakkeenyaatti waantoota uumama keessatti shan shan ta’anii ijaaraman, ijaaramni isaaniis waan tokko ibsu keessaa qaamni miiraa shan, qubni harkaa shanidha. Oromoonis kana hordofee sirnoonni hedduun sirna Gadaa dabalatee waggaa shan shaniin kan ijaaraman ta’uusaa hubanna. Kanneen keessaa miseensi Gadaa shan, Odaan shan, Bokkuun shan, Seerri Yayyaba Walaabuu shanidha. Akkuma kana sadarkaan Gadaas ta’iiwwan jijjiirama Uumaa hordofee deemuun kun akka sadarkaa ce’umsaatti kan fudhatamu ta’ee cimina falaasama Oromoo kan agarsiisudha.

#### **2.4.1. Ittimakoo (Dabballee 0-8)**

Akka Gadaa Maccaatti Itti Makoon ijoollee ilmaan kormaa yeroo abbaan isaanii sadarkaa Gadaa lubooma irra gahu gara sadarkaa jalqabaatti waan makamaniif ittimakoo jedhamanii waamamanidha. Kunis Gadaatti makuu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Akkaataa gaheefi dirqama sirna Gadaatti Ittimakoon dirqamniisaaniif kennamu hin jiru.

Wandimmuufi Boonii (2015:136) irratti akka armaan gadii kanaatti ibsu. “Daa’immaan umurii kana keessatti argaman dirqamni isaan sirna Gadaa keessatti bahuu qaban hin jiru. Aayyoleefi Aabboletu kunuunsa guddaadhaan sheekoofi tapha ijoolleettiin sammuushee qaraa guddisu.’’

Yaanni kunis adeemsa ijaarsa sirna Gadaa keessatii sadarkaan Itti makoo warraan qananiifamuun alatti dirqamni sirni Gadaa kennuuf kan hin jirreefi sadarkaa kun sadarkaa daa’imaa ta’uusaa hubanna. Kunis sababa daa’immummaa isaani irraa kan ka’een kunuunsi



barbaachisu taasifameefi yeroo umuriin isaanii gahetti lammii gahumsa qabu kan sammuu bilchaataa ta'e horachuufidha.

#### **2.4.2. Gaammee (9-16)**

Sadarkaan kun sadarkaalee Gadaa keessaa isa lammaffaadha. Akka hawaasa naannoo qorannoo kanaatti Dabballees jedhanii ni waamu. Qoodnifi ittigaafatamummaan as keessatti bahuu jalqaba. Wandimmuufi Boonii (2015:140) irratti yemmuu ibsan ijoolleen sadarkaa kanatti mana irraa fagaachuun loon tiksuu, adamoo admsuufi bineensota xixiqqoo ajjeesuun gootummaa agarsiisuu fa'a akka ta'e ibsu. Gootummaa agarsiisan kanaanis sadarkaa Gadaa keesaatti filatamuuf carraa gara fuulduraa mijeeffataafi madaalaa deemu. Sadarkaa umurii kana keessatti kan argaman dhiirriifi dubri sookkeen yeroo itti maqaa warraa lammiifi gosa irraa eegaluun hanga akaakayyuu (20-30) lakkaa'uu barataniidha. Ittuma fufuun yoo warri dhiiraa abbasaaniirraa akkaataa itti horii horsiisanii itti fayyadaman, amalaafi naamusa gaarii, haala yeroofi sagantaa jilaa garagaraa baratan, warri dubraas haadholii isaaniirraa akkaataa itti jirbii foo'an hodhaa hodhan hojii mana keessaa hunda baratan ibsu. Kanaaf sadarkaan kun sadarkaa Ittimakoo yookaan akka Gadaa Tuulamaatti Dabballeetti aanee kan jiru, Booranaaf gara Gujiitti Gaammee xixiqqaaa jedhamuun beekamu akkasumas yeroo dirqama sirni Gadaa ajaju tokko jedhanii itti bahuu eegalanidha.

#### **2.4.3. Foollee (Kuusa 17-24)**

Sadarkaan kun sadarkaa Gadaa isa sadaffaa ta'ee yeroo itti gugsii fardaa, hojii qonnaa, akkaataa itti qabeenya horatan, akkaataa itti maatiifi bultoo ofii bulchan yeroo itti barataniidha. Akka Dirribii (2012:217) irratti ibsutti:

*Dardaroonni sadarkaa Foollee keessa jiran adamoo adamsu, arba gaadu, akka bineensi horii hin nyaanne ittisu. Barumsa waraanaa, eeboo darbachuu, gaachanaan faccisuu, bishaan daakuu, fardaan loluu, baru. Tulluufi malkaarra deemanii sirbu, foollisu. Achumaanis namaan biyyaan walbaru. Ittuma fufuun yeroo buttaan qalamu Foolleen korma qabee duuffisa. Cinaacha mirgaa korma buttaa akkuma jirutti Foolleetu fudhata. Foolleen foon buttaa akka leencaatti walharkatti ciree nyaata. Foolleen seera malee nama hin sodaatu. Wanna jechuu fedhe saalfii tokko malee jedha. Yoo sirni buttaa jal'ate Foolleen kormas hin duuffisu; foonis hin nyaadhu jechuuf mirga qaba. Foollee malee immoo seerri hin qajeelu. Sirna buttaa gaggeeffachuuf namni buttaa qalu sun nama seera Gadaa guuttate ta'usaa Foolleen qoratee hubata.*

Yaada armaan oliitti kitabame kana irraas kan hubatamu adaduma sadarkaan Gadaa dabalaa adeemu qoodnifi itti gaafatamummaan dabalaa deemuusaati. Kunis Foolleen sadarkaa Gaammeerra dirqamni isaa cimaadha. Sadarkaa Foollummaatti gaheen isaa shaakala waraanaa, daangaa biyya ofii baruun yeroo sadarkaa itti aanutti cehan loltummaan biyya isaanii tajaajiluuf of qopheessu. Kan biroo ammoo afoolaan rakkoofi daba hawaasa keessa jiru saaxilu. Akeekkachiisanii akka namni dogoggore of sirreessu, biyyas yoo ta'e balaan biroo yoo qaqqabe ni balaaleffatu.

#### **2.4.4. Raabaa (25-32)**

Sadarkaan Raabaa yeroo itti shaakallii bulchiinsaafi barnoonni hawaasaa daran cimee mul'atudha. Gareen Raabaa yeroon hedduun kan ittiin beekaman lolaafi waraananiidha. Gareen Raabaa gara lolaatti waraana bobba'uun, daangaa biyyaa eeguufi diina biyyarraa ittisuun ciminaan gootummaa isaanii mul'isuutu irraa eeggama.

Dhimma kanarratti Wandimmuufi Boonii (2015:148) yemmuu ibsanakkas jedhu. "Garee Raabaa kan gaggeessuu dura bu'aa Raabaa dandeettii, beekumsaafi tooftaa waraanaa qabuun kan filatamudha." Sadarkaan kun sadarkaa itti gootummaan lolanii cimina ofii agarsiisuun filannoo gara fuuldraaf illee of qopheessan akkasumas bokkuu buqqifatanii ganda Guddistuu Abbaa Bokkuutti galchuun marsaa Gadaa tokkoon booda buttaa qalanidha. Filannoo gaggeessummaa biyyaaf sadarkaalee Gadaa garagaraa keesatti taasifamu keessaas isa murteessaadha.

#### **2.4.5. Qondaala (33-40)**

Akka hubannoo hawaasa naannoo qorannoo kanaatti sadarkaan kun Masaanuu yookaan Duubaan kora jedhamees ni beekama. Sadarkaan kun sadarkaa Gadoomaa yookaan lubaatti aanee isa murteessaadha. Sababni isaas qondaalli barumsa bulchiinsa falaasama sirna Gadaa yeroo itti shaakalanidha.

Wandimmuufi Boonii (2015:149) yaada kana yemmuu gabbisan: "Qondaallii jila Gadaa garagaraa hirmaatu irratti akkaataatti seerri hiikamuufi raawwatu muuxannoo horata." Muuxannoo horate kanaanis Qondaalli barnoota bulchiinsaa qabaniin dhimmoota seera waliin walqabatan shaakaluun waldhabdeefi walitti bu'iinsa sadarkaa kanatti hiikuuf aangoo

qabu. Filannoo sadarkaa kanatti gaggeeffameen Abbaa Gadaa gara fuulduraa ta'uu danda'us kallacha addatti kaayyachuun ni danda'ama yaada jedhu kaasu.

Kanaaf sadarkaan Qondaalaa yookaan Masaanuu yeroo itti fuuldureen Gadaa isaanii hoogganu ta'uu beekuun akka miseensaattis ta'ee akka dhuunfaatti aangoon itti urgaahuu jalqabudha. Seerota sadarkaa Qondaalummaa keessatti raawwachuun qabanis tartiiba yeroo isaa keessatti raawwachuun gara dhalootaatti ce'u.

#### **2.4.6. Gadaa (Luba 41-48)**

Sadarkaan kun sadarkaalee hundarra murteessaafi isa olaanaadha. Sadarkaa kanatti Dhaloota, luba jedhamanis ni waamamu. Yeroo Gadoomanii aangoon siyaasaa qabachuun itti biyya bulchanidha. Sadarkaa kanatti, seeraafi dubbii gosaa furanii uummataaf tajaajila olaanaa yeroo kennanidha. Abbaan Gadaafi miseensonni isaa hanga Gadaa isaanii raawwatanii kan itti aanuuf dabarsanitti tajaajila uummata isaaniif kennuun dirqama isaaniiti.

Wandimmuufi Boonii (2015:152) irratti gaheefi dirqama sadarkaa kanatti bahamuu qaban akkanaa ibsu, "Sadarkaa kanatti, jila garagaraafi Gumii (Caffee) hogganuun, seera duraan turan sakatta'uufi kan fooyya'uu malus fooyyessu."

Yaada barreessitoota kanaa irraa ka'uunis sadarkaan Lubaa yeroo murteessaafi sirni Gadaa hojii guddaa dhimma bulchiinsaa itti hojjetu akka ta'etu hubatama. Sadarkaa kanatti namni ulaagaaa barbaachisu mara guutee Abbaa Gadaa waliigalaa ta'e tokko caasaa bulchiinsa isaa akka ta'utti diriirsee biyyaaf hojjechuu akka qabu durumaan hubatee itti gala. Sadarkaa kana keessatti waggaa saddeetiif Abbaa Gadummaan erga uummata tajaajilee booda sadarkaa Gadaa itti aanuuf aangoon dabarsee kennee ofii Guula yookaan Yuuba jalqabaatti darbuun gara hojii gorsaatti deebi'a.

Egaa akkuma Oromoo waliigalaa Macca keessattis sadarkaa luboomaa boodas sadarkaalee Gadaa 5-6tu jiru. Dhaloonni sadarkaa Gadoomaa irra turee aangoon gadhiise hojii gorsaa hojjeta. Akkuma sadarkaa Ittimakoorraa kaasee itti gaafatamummaan dabalaa deemu sadarkaa Guulaa irraa kaasee ammoo hanga Gadamooggiitti ittigaafatamummaan xiqqaachaa deema. Ittimakoo irraa kaasee hanga Gadamooggiitti kan jiran murna garagaraa lama jalatti addaan qoodamu. Isaanis: Murna Gadaa Qaraafi Murna Gadaa Laafaati. Murni Gadaa Qaraa garee miseensota ja'aa jechuun Ittimakoo hanga Luboomaa kan jiran haammata.

Akka Wandimmuufi Boonii (2015) ibsanitti Murni Gadaa Laafaa adeemsa raawwii sirna Gadaa keessatti sadarkaa luboomaa waggaa (48) booddee warreen jiranidha. Isaanis akka Gadaa Maccaatti yuuba tokko/ luba siree, yuuba lammataa/ gameessa, yuuba sadii waayyuu/ beekaa, eebbisaa/ raagaa, Gadamoojjii, Raagoo/ Raagaa, Jaarraa, Raagessa Raagaa jedhamuun beekamu. Miseensa Gadaa laafaa jedhamanii warri beekaman kun hammuma umuriin isaanii dabalaa deemu dirqamni isaanii hir'achaa booddee guutummaan guutuutti sirna Gadaa keessaa ba'u.

Kanaaf sadarkaaleen Gadaa akkasiin qoqqoodee miseensota Gadaa shananii wajjin walta'uun nama tokko waggaa afurtamatti deebi'ee akka Gadaa abbaasaa qaqqabu taasisu. Kunis afurtama abbaa jedhanii yeroo itti buttaa qaluun aangoo siyaasaas yoo filannoo injifatan itti argatan ta'a jechuudha.

Haa ta'u malee akka qorannoo kanaan bira ga'ameetti sadarkaaleen Gadaa haala adda ta'een mul'atu. Akka afgaaffii Obbo Dabalee Dirribaa gaafa guyyaa 2/ 6/ 2011fi marii garee gaafa guyyaa 5/ 6/ 2011 taasifameetti sadarkaaleen Gadaa akka naannoo qorannichaatti beekaman akka armaan gadiitti kaa'u.

### **Ittimakoo--- Dabballee—Foollee—Masaanuu / Duubaan Koraa--- Dhaloota/ Gadaa**

Akka sadarkaalee kana irraa hubatamutti namni tokko Gadaa abbaasaa qaqqabee buttaa qaluuf yoo umurii sirrii keessatti dhalate giddugaleessaan naannoo waggaa soddonii sadii (33) ta'a jechuudha. Akka odeeffannoo maanguddootaa irraa hubatamutti sadarkaaleen Gadaafi miseensonni Gadaa guutummaan guutuutti bifasaa isa ganamaa qaba jechuu akka hin dandeenye dubbatu. Sababni isaas akkuma waliigalaatti dhiibbaa sirnoota darban keessa Oromoo irraa ka'uun akka ta'e waliigalu. Gara fuulduraatti garuu akka godinichaatti mariin adeemsifamuu jalqabe waan jiruuf wantootni duudhaarraa jal'atan akka sirreeffaman abdi qaban naa himan.

## **2.5. Yaadrimee Yaaxinaa**

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxina bu'uura godhachuun gaarii ta'a. Kunis beekumsa tokko argamsiisuuf daandii hayyootatti yookiin beektotatti agarsiisuuf qabu irratti bu'uuruun hayyuun Dorsan .R (1972) jedhamu yaaxxinoota fookiloorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garagaraatti qooda. Akka hayyuun kun lafa kaa'etti gara Afaan Oromootti hiiknee yoo dhiyeessinu akka armaan gadii kana ta'a. Yaaxxina haalaa, caasaa, seen naannoo, irra deebi'anii ijaaruu, walakkeessaa, aadaa bal'aa, faayidaa, xiinsammuu, aadaa hawaasaa, aadaa bu'uureffate, haalawaafi foormulaa afaanii kanneen jedhamanidha.

Qorannoon tokkos yeroo adeemsifamu qorataan yaaxxina kallattiis yoo argachuu baate kan qorannoo isaa galmaan ga'uufi kaayyoo isaa waliin deemuu danda'u jedhe keessaa filachuun itti gargaarama. Qorannoon kunis yaaxxina faayidaa (functional theory) fi yaaxxina aadaa hawaasaa bu'uura godhachuun gaggeeffameera.

### **2.5.1. Yaaxina Faayidaa**

Akka yaaxxina kanaatti afoolli faayidaan inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu olaantummaan mul'ata.

Yaaxxinni kun faayidaa afoolli saba tokko haala saayinsaawaa ta'een ibsamuuf kan tajaajilamudha yaada jedhu of keessaa qaba. Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa'anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennu ta'uusaatu ibsama. Waan kana ta'eef akka yaaxxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hin danda'u. Qorannoon afoolaas gama faayidaa isaatiin gaggeeffamu qaba yaada jedhudha.

### **2.5.2. Yaaxina Aadaa Hawaasaa**

Yaaxxinni kun kan madde qo'attootaa duudhaa kan ta'an kannen akka lorwarth pea, Doon Yoder fa'iin kaayyoon afoola kanaas afoolawwan kan keessattu hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimuu taasisuudha. Bu'aan hawaasaa (waantoota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qaban yaada isaaniiti. Akka yaad yaaxxina kanaatti qo'annoon hammayyaa ta'e yaaxxina kana kan giddu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree

kanneen waan seenaa durii, waan duriirra deebi'anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa'ee afoolaa sana kan agarsiisudha.

## **2.6. Barruu Walfakkii**

Sakatta'a barruu kana jalatti hojiiwwan namoota qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qabantu sakatta'ama. Mata dureewwan qorannoo kanaan walitti dhiyaatan keessaa digirii jalqabaafi lammataa kan sakatta'amaniru.

### **2.6.1. Sakatta'a Barruu Walfakkii Digirii Jalqabaa**

Gurmeessaa Ayyaanoo (210) mata duree "Qaaccessa Qabiyyee Jila Buttaa (Aanaa Jalduu) jedhuun dhimmoota sirna Gadaa ilaallataniifi buttaan maal akka ta'e akkasumas akkaataa raawwii isaa ibseera. Walfakkeenyi qorannoo kana lameenii yaadrimee sirna Gadaa ni kaasu. Maalummaa, kaayyoo, adeemsa sirna buttaa qalaa, firiiwwan fookiloorii sirnicharratti mul'atan ni ibsu.

Garaagarummaan qorannolee lameen kana gidduu jiru keessaa qorannoon Gurmeessaa aanaa Jalduu irratti digirii duraatiin dhiyaate. Kun ammoo garaagarummaan firiiwwan fookiloorii, hasbarruuwwan, akkaataan raawwii fa'a akka wal hin fakkaannetu mul'ata.

Addunnaa Mul'isaa (2011) "Sirna Gurra Uraafi Dhugoo Baasuu mataduree jedhuun aanaa Meettaarratti hojjetame. Wantoota qorannoo Addunyaa kana keessatti ka'an keessaa yaadrimee sirna Gadaa, sirna raawwii Gadaa, afoolli kanneen akka eebbaa, sirboota Gadaa, hasbarruu fa'a ka'aniiru. Walfakkeenyi qorannoo kana lameenis waa'ee sirna Gadaa irratti ibsa laachuu, firiiwwan fookiloorii yeroo Gadoomaa mul'atan, qaaccessuu, adeemsa raawwii sirna lubummaa ibsuudha.

Garaagarummaan mul'atu qorannoon Addunnaa Gadaa Tuulamaa irratti yoo ta'u, qorannoon kun ammo Gadaa Maccaa irratti xiyyeeffata. Gadaan Tuulamaa fi Maccaa ammoo waan tokko tokkorratti garaagarummaa ni qabaatu. Kan biroo qorannoon kun akkaataa raawwii sirn buttaan ittiin gaggeeffamu yeroo jedhu sirna gurra uraafi dhugoo baasuu ofkeessatti waan haammatuuf bal'inaan ni caala.

Amansiisaa Gonfaa (2011/03) Xiinxala Sirboota Foollee Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu. Qorannoon kun mata duree kana jalatti maalummaa sirna Gadaa kaaseera. Sirboota

foollee sadarkaalee Gadaa garagaraa keessatti sirbaman, gogeessa yookaan miseensa Gadaa fa'a xiinxaleera. Walfakkeenyi qorannoo kanneen lameenii waa'ee sirna Gadaa, sadarkaalee Gadaafi sirboota Gadaa akkasumas miseensota Gadaa kaasuusaati. Dabalataan ammoo lameenuu Gadaa Maccaa ta'uun walisaan fakkeessa.

Gama garaagarummaa isaaniitti yoo deebine ammoo qorannoon Amansiisaa qabiyyeen isaa sirba foollee xiinxaluu irratti bu'uure. Qorannoon kun ammoo adeemsa raawwii sirna buttaa qalaa hunda waan ofkeessatti haammatuuf bal'inaan ni caala. Aanaadhaanis garaagara ta'uun isaa kan garaagarummaa dabalataati.

### **2.6.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii Digirii Lammataa**

Shamshaddiin Jamaal Aadam (2008/16) "Xinxala Gogeessa Sirna Gadaa Odaa Bultum" mataduree jedhuun Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriif dhiyaate. Qorannoo kana keessatti maalummaa Gadaa, miseensota Gadaa, sadarkaaleen Gadaa akkasumas sirni Gadaa Odaa Bultum maal akka fakkaatu bal'inaan ibsameera.

Walfakkeenya inni qorannoo kana waliin qabu keessaa: Lamaanuu maalummaa sirna Gadaa irratti ibsa ni kennu. Malleen odeeffannoon ittiin funaaname wal isaan fakkeessa. Qorannoo kanas ta'ee kan Shamshaddiin ulaagaa digirii lammataa guuttachuutiin yoo ilaalame wafakkaatu.

Garaagarummaan qorannoo kanneen lameen gidduu jiru: Qorannoon Shamshaddiin gogeessa Gadaa shanan xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Gogeessa Gadaa xiinxaluun akkaataa marsaa isaanii qorata. Akkasumas adeemsaafi raawwii sirna Gadaa Odaa Bultum adda baasee ilaala.

Qorannoon kun ammoo raawwii sirna buttaa qalaan dhiyaatee maalummaa buttaa, adeemsa raawwii isaa duraa duubaan qaaccessuudha. Kanaaf garaagarummaa bu'uraa keessaa iddoon irratti hojjetame, matadureefi qabiyyeen ittiin dhiyaate isaan ijoodha.

Abbabaa Margaa (2007) mataduree qaaccessa Gadaa Tuulamaa jedhurratti digirii lammataa guuttachuuf muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruuf dhiyaateera. Buttaa qaluun seerota sirna Gadaa keessaa isa guddaadha. Jila buttaa irratti sirboota Gadaa hedduutu sirbama. Abbabaanis sirboonni kun sirna kanaaf yeroo dhiyaatan ergaa maal hawaasa keessatti akka qabaatan ibsa. Hojii Abbabaan hojjete irraa qorannoo kana kan adda taasisu bakka qorannoon

irratti gaggeeffameefi kaayyoo inni ittiin dhiyaatedha. Kaayyoon qorannoo kanaa adeemsa sirna bulchiinsa Gadaa keessatti raawwiin sirna buttaa qalaa akkamiin akka gaggeeffamu tartiiba isaa eeguun dhiyeessuudha. Kan biroo qorannoon kun Gadaa Maccaa irratti yemmuu ta'u, kan Abbabaa ammoo Gadaa Tuulamaa irratti gaggeeffamuun gargar isaan taasisa.

Ayyaantuu Eebbaa (2009) mataduree “Gada system and the changing role of women special reference to Borana Oromo of Southern Ethiopia.” Jedhuun qopheessite. Qorannoo kana Ayyaantuun guutinsa digirii lammataaf muummee ‘Gender’ jedhamuuf dhiyeessite. Hojii ishee keessatti Gadaa kallattii garagaraan ilaalteetti.

Gadaan dubartoota hin haammachiisumoo ni haammachiisa gaaffii jedhuuf Gadaan kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaannaa dubartootaa malee galma gahuu akka hin dandeeye kaafte. Namni sadarkaa Gadaa mara hulluuqe tokko luba ba'uuf yookaan gadoomuuf haadha manaa rakoo malee sirna Gadaa qofaa guuttachuu hin danda'u.

Qorannoo kana keessatti sababa dubartootni Gadaa dhabaniifillee jettee akka qabxiitti kan isheen kaafte keessaa: Dubartootni gosa biraatti waan heerumtuuf Gadaa abbashee keessa haalaan turuu hin dandeessu. Aangoo gosa tokkoo gosa biroo kennuu ta'as. Sirna Gadaa keessatti aangoo siyaasaa kan qabatu daangaa eeguu, diina waraanuun dirqama Gadaan kennu keessaa isa tokkodha. Dubartootni ammoo sanatti garaatti baachuu, yeroo lagu, haala mijataa dhabuunifi sadarkaa kuusaatti waraanatti hirmaachuu dhabuun akka dubartootni aangoo Gadaa dhaban taasisse. Kana malees qabxiilee akka diinagdee kaasuun dubartootni hojii baayee hojjechuuf, oomisha, hormaataafi gama amantaanis walqabsiistee kaafteetti.

Qorannoo kanaafi kan Ayyaantuu waanti walfakkeessu: lameenuu madda raga tokkoffaa kan akka afgaaffiifi daawwannaatti dhimma bahaniiru. Maalummaa sirna Gadaa irratti ibsa kennu. Gama garaagarummaatiin ammoo; Ayyaantuun sirna Gadaafi gahee dubartootaa, hanqinaafi cimina jiru kaafteetti. Qorannoon kun ammoo akkaataa raawwii sirna buttaa qalaa qaaccessuun, akka itti aangoo waljijjiran sirnootaafi gochaalee achirratti raawwataman walduraa duubaan dhiyeessa. Akkasumas bakka irratti gaggeeffameenillee garaagarummaa ni qabaata.

Geetaachoo Rabbirraa (2013) “Xiinxala Raawwiifi Afoola Jilawwan Gadaa Oromoo Jiillee.” Jedhuun dhiyaate. Qorannoon kunis aanaa dugdaatti jilawwan sirna Gadaa irratti



kan xiyyeeffatedha. Kaayyoo ijoon qorannichaa raawwiifi afoola Jiillee xiinxaluudha. Afoolawwan qorannoo kana keessatti dhiyaatanii xiinxalaman ergaawwan jiruuf jireenya uummata Oromoo fi hariiroo hawaasummaa kan jajjabeessanidha. Walfakkeenyi qorannoo kanaas afoola jila Gadaa irratti jedhaman kaasuun isaanii isa tokkodha. Maalummaa sirna Gadaa irratti ibsa kennu. Akkaataa raawwii jilaas hordofanii waan dhiyeessaniif achirrattis walfakkeenya qabu.

Garaagarummaan qorannoo kanneen lameen gidduu jiru, qorannaan Geetaachoo Gadaa Tuulamaa irrattidha. Qorannaan kun ammoo Gadaa Maccaa irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaate ta'uusaa keessaa kun akka madda garaagarteetti ta'uu danda'a.

## **BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO**

### **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Boqonnaan kun ammoo malleen qorannoon ittiin adeemsifamu irratti xiyyeeffata. Akaakuun qorannaa kanaas qorannaa qulqulleeffataati.

Haaluma kanaan qabxileen bal'inaan ilaalamuun qorataan ragaalee iddattoo irraa argate kana qaaccessuuf mala ibsaa gargaarame. Sababnisaa odeeffannoo argame gadi fageenyaan ibsuuf filatamaa waan ta'eefidha.

Qorannoo kanaaf akka madda odeeffannootti kan tajaajilan warreen odeeffannoo laataniifi yeroo raawwii sirnichaa kan daawwannaan argamedha. Warreen odeeffannoo laatan maalummaa sirna buttaa qalaafi adeemsa raawwii isaa irratti hubannoo qaban gooduun, kan bifa daawwannaan argame ammoo akkaataa raawwichaa hordofameen ragaan argame qaaceffameera.

Qorannoo qulqulleeffataa ilaalchisuun Creswell,J (2003:178) yemmuu ibsu, "The idea behind qualitative research is to be purposefully selected participant or sites documents on visual that will be best help the researcher understand the problem and the research quest." Jedha. Yaanni kunis qorannoo qulqulleeffataafi maddi ragaa xiyyeeffannaan filatamuun akka jiraatuufi qorataafis haalaan hubatamee ibsuun akka mijatu addeessa.

Qorannoon qulqulleeffataa hawaasa keessa seenanii aadaa, duudhaa, dandeettii, dadhabbiina, fedhii, jaalalafi jibba walumaagalatti sochii jiruuf jireenyaa daawwachuu, gaafachuu, yaadannoo qabachuufi waraabuun gaggeeffama.

### **3.2. Mala Iddattoo**

Qorannoon kun malleen iddattoon garagaraa itti filataman keessaa kan qorannoo kana galmaan gahuu danda'a jedhamanitti fayyadamuun gaggeeffame. Malawwan iddattoon ittiin filatamaniifi hojiirra oolan keessaa iyyaafannoo (snowball sampling), akkayyoo (purposive sampling) hojiirra oolanii jiru.

Iyyaafannoo jechuun darbaa dabarsaa (snowball sampling) yaada jedhamu kan qabu mala iddattoon ittiin filatamu keessaa tokkodha. Kunis namoota dhimmicha beeku jedhaman gaafachuunfi iyyaafachuun qorannoon akka gaggeeffamu taasisuudha. Namni iyyaafannoon

argames nama biraa kan dhimmicha san sirriitti beeku jedhaman eeruun qorannoon kun gaggeeffame. Malli kunis namoota waa'ee qorannoo kanaa hubannoo gaarii qaban argachuufi odeeffannoo quubsaa ta'e funaanuuf gargaara.

Haaluma kanaan qorataan odeeffattoota waa'ee sirna buttaa irratti hubannoo qaban argachuuf dursa waajjira aadaaf turizimiin dubbisuu murteeffate. Lammata namoota duraan dhimma kana ni beeku jedhee naannoo dhalootaatti beeku, isaan immoo nama biroo dabalataan eeruu akka kennaniif taasisuun adeemsa jedhuutiinidha. Adeemsa kana keessatti xiyyeeffannoon dursaa manguddootaafi hayyoota qorannicha galmaan ga'uu danda'an jedhee itti amane akka kaayyoo isaatti filatee jira. Qoratichi mala qorannoo akkayyoo kana kan filateef dhimma odeeffannoo isaa irratti beekumsaafi hubannoo waan qabaniif ragaa quubsaa galma ga'iinsa qorannichaaf gumaachan irraa argachuu danda'uusaatti amanuudhaani.

Qorataan filannoo iddattoosaa hojiirra oolchuuf gaaffilee qorannoof barbaachisan qopheeffatee xalayaa Yuunivarsiitii Finfinnee Koollejji Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaaliziimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu irraa barreeffameef qabatee gara Waajjira Aadaaf Turizimii Aanaa Gindabarat deeme. Eeruu waajjirri kun kenneefi kan namoonni naannichaa beekan kennan irratti hundaa'ee haala mijeeffachuun odeeffannoo walitti qabate.

### **3.3. Mala Funaansa Odeeffannoo**

Kana jalatti malawwan funaansa odeeffannoo qorannoo kanaaf hojiirra oolantu ibsame. Bu'aan qorannoo ragaa funaanamerratti hundaa'a. Kun ammoo ragaan mala adda addaatiin funaaname bu'ura qorannoo ta'uutu hubatama.

Mala kana ilaalchisuun Dastaan (2013:110) irratti malleen odeeffannoon ittiin filataman hedduun jiran keessaa afgaaffii, bargaaffii, daawwannaa, sakatta'a dookimantii, qormaataafi marii garee jechuun ibsee jira. Akka ibsa isaatti meeshaaleen funaansa odeeffannoofi malleen funaansa odeeffannoo garaagarummaa akka qabanifi meeshaaleen wantoota waraabiif nu fayyadan akka ta'e yaada isaarraa ka'anii hubachuun ni danda'ama.

Haaluma kanaan qorataan mala funaansa ragaa armaan gadiitti dhimma bahuun odeeffannoo qorannoo isaaf ta'u walitti qabachuuf malawwan funaansa ragaa kaneen keessaa afgaaffii, marii gareefi daawwannaatti dhimma bahe.

### 3.3.1. Af-gaaffii

Mala funaansa ragaatiif barbaachisan keessaa afgaaffiin isa tokkodha. Dabalataanis afgaaffii fayyadamuu keessatti irra caalaa namoota dubbisuufi barreessuu hin dandeenye hirmaachisuu irratti bu'aa qaba. Akkasumas sochii fi haala isaa irraas odeeffannoo haalaan argachuuf dandeessisa. Malli kun odeeffannoo qabatamaafi barbaachisaa ta'e argachuuf mijaawaadha. Akka Dastaan (2013:111) ibsutti Malli kun qorataafi odeef kennaan fuulleetti wal arganii odeeffannoo kan waliif kennanidha. "Odeeffannoon afgaaffiin funaaname gaarii kan taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka gaafatu dandeessisa" jedha.

Yaada kana irraa waanti hubannu afgaaffii keessatti qorataafi odeefkennaan qaamaan walarguun ragaan kan funaanamudha. Kunis qorataa gaaffii isaa bifa odeefkennaaf ifa ta'uu danda'uun waan gaafatuuf raga quubsaafi amansiisaa ta'e argachuuf akka danda'amuusaati.

Karaa biraatiin mala kana ilaalchisee Goldsten (1964:104) akkas jedha, "Interview data include information on what the informant believes expect, feet, wants, does or has done or which explian or gives reason for any proceding." Kunis kan nu hubachiisu afgaaffii fayyadamuun odeefkennaan waan kanaan dura raawwate, argeefi jireenyasaa keessatti hubate akka ibsu karaa saaqa. Gaaffilee qorataan afgaaffii keessatti dhimma itti bahe battalaa yoo ta'e gosti gaaffii banaadha.

Haaluma kanaan gaaffileen banaa ta'an odeeffattootaaf qophaa'anii dhiyaataniiru. Afgaaffiin kun namoota waa'ee sirna buttaa irratti muuxannoofi beekumsa gahaa qaban jedhamanii eeruu Waajjira Aadaaf Turizimiitiin kennaman irratti hundaa'eeti. Namoonni karaa waajjiraa eeruun kennamee bira ga'aman kun abbootii Gadaa nama lama, Obbo Dabalee Dirribaa fi Shaambal Baay'isaa, gaafa guyyaa 2/6/ 2011, maanguddoo dhimmicha gadi fageenyaan beekan Obbo Amansiisaa Aangos fi Lataa Eeeguu gaafa guyyaa 3/6/ 2011, Lataa Tolasaa fi Tolasaa Akkawaaq gaafa guyyaa 4/ 8/ 2011, Ajjamaa Guutaa fi Labataa Abdiisaa irraa gaafa guyyaa 7/8/2011 mana mana isaanii deemuun afgaaffiin adeemsifameera.

Gaaffileen battalaa namoota adda addaatiif dhiyaatanis yeroo raawwii sirnichaa namoota sadarkaa foollummaa, qondaala, lubaafi akkasumas hirmaattota sirnichaa baay'eef dhiyaatee qorannoon kun adeemsifame.

### **3.3.2. Marii Garee**

Mariin garee mala funaansa ragaa keessaa tokkodha. Mariin garee namoota odeeffannoo gahaa ta'e kennuu danda'an jedhaman walitti qabuun mari'achiisuun akka odeeffannoo kennan taasisuudha. Kana malees odeeffannoo afgaaffiin funaaname sirriitti hubachuuf namoota dhimma kana beekan waliin mari'achuun tooftaa qorataan itti gargaarameedha.

Kaayyoon marii garee qorannoo kana qixa barbaadameen galmaan ga'uuf odeeffannoo dabalataa kan qabatamaa ta'e ittiin argachuufidha. Odeeffannoo qabatamaa ta'e argachuuf malleen odeeffannoon ittiin funaanaman kan garagaraatti gargaaramuun barbaachisaa akka ta'e hayyoonni ni ibsu. Qorataan kunis yaada kana bu'uureffachuun gaaffilee qorannoo isaatiif barbaachisaadha jedhee qopheeffate mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) gargaaramuudhaan garee sadi kan namoota sadii, afur, sadi of keessaa qabu akka umurii umurii isaaniitti gargar baasee gaafa guyyaa 5/6/2011ganda Laga Maccaa iddoo Liiloo jedhamutti mariisiseera. Obbo Dabalee Dirribaa, Lataa Eeguufi Ajjamaa Bultoo garee maanguddootaa yoo ta'an, Warquu Gasasaa, Lammii Dhugaasaa, Labataa Abdiisaafi Baay'isaa Sanbataa gareega'eessotaati. Warreen sadarkaa foollummaa irra jiran keessaa Taaddasaa Baqqalaa, Gammachuu Yaazaachoo fi Darajee Tumsaa filatamanii mariin kun adeemsifameera. Mariin kun sa'aa lamaaf gaggeeffamee kan gaggeeffame yoo ta'u, garee kanaaf gaaffiiwwan walfakkaataan dhiyaatee yaada isaan irratti mari'atanii waliigalan yaadannoo qabachuudhaan odeeffannoon funaaname.

### **3.3.3. Daawwannaa**

Daaawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee yeroo raawwii waan adeemsifamu sanaarratti argamuun daawwachuuti. Malli kun mala argaa dhageettii waan fayyadamuuf ta'ii waan sanaallee haalaan qalbifachuuf mijataadha.

Dastaan (2013:118) waa'ee daawwannaa ilaalchisee akkasiin ibsa "Akkaataa itti dalagan, haasawaa, sochii isaanii fa'a ilaalaniifi dhaggeeffatanii galmeeffachuuf nama fayyada." Qorataan qorannoo kanaas malleen funaansa raga keessaa daawwannaatti yeroo dhimma bahu raawwiin sirnichaas guyyaa garagaraa daawwatameera. Kanneen keessaa gaafa guyyaa 4/13/2010, sirna oofkaltii miseensa Gadaa Roobalee araddaa Jilaa Goodaa Qunniitti

taasifame, kan biroo ji'a Waxabajjii keessa gaafa guyyaa, 16/ 2011, 22/ 2011, 25/ 2011 sirna buttaa qalaa gaggeeffame irratti argamuun daawwatameera.

#### **3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname**

Ragaaleen kaayyoo qorannoo kanaa milkeessuu ni danda'a jedhamee yaadame maddeen garagaraa irraa funaanuudhaaf meeshaaleen funaansa odeeffannoo barbaachisan argamuun dirqama. Qorannoo kanas mala saayinsaawaa akka qabaatu taasisuuf inni duraa yaada hayyootaa waa'ee fookilooriifi aadaa ilaalchisuun barreessaniifi barruu walfakkiin deeggaruu dabalatee odeeffannoo dirreetiif ammoo meeshaalee funaansa odeeffannoof barbaachisan qabatani argamuun dirqama. Meeshaaleen kunis yeroo hojii aloolaa kan dhimma itti ba'aman hunda ilaallata. Haaluma kanaan yeroo afgaaffiifi marii garee meeshaalee waraabii suursagalee moobaayilaafi teeppi riikordii, suuraaf diijitaal kaameraa fayyadameera. Yeroo raawwii sirnichaas viidiyoo, kaameraafi moobaayila fayyadamuun raga walitti qabateera.

#### **3.5. Mala Qaaccessa Ragaa**

Mata duree kana keessatti ragaan afgaaffii fi marii gareetiin odeeffattootarraa argameefi daawwannaadhaan walitti qabame kan ittiin qaaceffamudha. Adeemsa kana keessatti qorataan tokko odeeffannicha kallattii garagaraatiin ilaaluun duraa duubaafi irraa jalaan qindeessuufi ibsuun hiika itti kennuu qaba. Gocha kana Addunyaan ( 2011:71) yemmuu ibsu, "Qaaccessa odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheessuun, irra deebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruun, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessaa warra muraasa" jedha.

Yaada kanaan walfakkaatu Dastaan (2013:142) adeemsa qorannoo qulqullaa'inaa irratti: "Odeeffannoo qorannoo qulqullinaa addeessinee ibsina. Addeessanii ibsuu keessatti gabatee, giraafii, fakkii fayyadamuun murteessaa miti. Murteessaan afaan qorannootti fayyadamanii sirriitti ibsuu danda'uudha," jechuun ibsee jira. Bu'uruma kanaan odeeffannoon haala raawwii sirna buttaa qalaa Oromoo godina Shawaa Lixaa aanaa Gindabarat ibsu odeeffannootarraa walitti qabamuun qindoominaan qaaceffameera. Itti aansuun gochaawwaniifi wantoota ijoo hurruubummaa qaban kanneen akka sirna buttaa qalaa ergaa qaroomina qabu dabarsantu hiikaaf faayidaa yookaan sona isaanii waliin xiinxalamuun

qaacceffamee qorannicha keessatti dhiyaatee jira. Dabalataan dhimma odeeffannoo ibsuufi qaaccessuu ilaalchisee yaada akkas jedhu ibsa.

*Odeeffannoo ibsuu keessatti yaada daawwadhaan yookaan afgaaffiin arganne yookaan odeeffannoo odeeffattootarraa arganne ibsinee dhiisuu qofa nutti fakkaatee dhiisnaan dogoggorree jirra. Odeeffannoo arganne sanarraa kaanee maal jedhamuun akka danda'amu ibsuu qabna. Odeeffannoon sun waa'ee furmaata rakkinichaa ykn waa'ee deebii gaaffichaa maal akka nutti mul'isu hiikuu qabna. ( Isuma, 2013:142).*

Yaadni kunis odeeffannoo malleen garagaraatiin walitti qabanne deebisnee hiikuu, ibsuu, xiinxaluufi qaaccessuu akka qabnu ibsa.

Walumaagalatti mata duree kana jalatti odeeffannoon funaaname haala tartiiba isaa eegeen walduraa duubaan ibsuudhaan qaacceffame. Ragaaleen karaa malleen funaansa odeeffannoo sadaniin (3) argaman bakka tokkotti qaacceffaman.

### **3.6. Muuxannoo Dirree**

Qorannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannichi itti adeemsifamu deemuun qorannoosaa gaggeessudha. Adeemsi kunis odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'urraa argamu kanneen akka namootaa, aadaa hawaasaa, hambaalee, fakkiwwan, siidaafi kkf bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu walitti qabuuf gargaara. Haaluma kanaan qoratichis raawwii sirna buttaa qalaa daawwateera.

Odeeffannooleen qorannoo kanaaf barbaachisan kan walitti qabaman adeemsa adda addaa keessa darbaniiti. Jalqaba qoratichi odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan na gargaaru jedheee filate afgaaffiin namoota lama maalummaa sirna buttaa jechuun seenaafi kaaayyoosaa waliin namoonni sadi adeemsa sirna buttaa qalaa, namoonni sadi firiwwan fookiloorii irratti gaaffilee afur afur qopheeffatee erga mirkaneeffateen booda kaameraa odeeffannoon ittiin warabamuufi yaadannoo qopheeffate. Hojii aloolaa booddee ragaawwan viidiyoo kaameraan waraabaman dhaggeeffachuufi ilaaluun barreeffamatti jijjiiree ragaaleen waluma keessa qaacceffaman.

## **BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE**

Boqonnaa Kana keessatti ragaalee mala afgaaffiifi daawwannaan argamantu qaacceeffame. Kunis gaaffilee bu'ura qorannoofi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun kan dhiyaatedha. Dhimmoota raawwii sirna buttaa qalaa ilaallatan hunda adeemsa raawwii haalduree irraa eegalee yeroo raawwiifi sirna raawwiin boodaa, firiiwwan fookiloorii sirna kana irraatti mula'atan, hirmaattotni keessayyuu warri seera guutuuf barbaachisoo ta'an hundinuu kan qacceeffamanidha.

### **4.1. Maalummaa sirna Buttaa Qalaa**

Sirni buttaa qalaa adeemsa miseensonii yookaan paartileen Gadaa shanan waggaa saddeet saddeetiin aangoo yookaan baallii waliif kennan irratti jila Gadaa taasiifamuu dha. Kunis bifa lamaan ilaalamuu danda'a. Inni duraa miseensa Gadaa Sanaa ta'ee kan afurtamni abbaasaa isa qaqqabe Gadaa abbaasaa waan qaqqabeef buttaa godhata. Inni lammataa sirna bulchiinsa Gadaa keessatti aangoon miseensa Gadaa tokkorraa gara miseensa Gadaa birootti yeroo darbu horii qalamee jilichi ittiin kabajamutu jira. Horiin qalamu kunis akkuma dandeettiifi qabeenya nama buttaa baafatu sanaatti ta'ee yeroo aangoo fudhannaa miseensa Gadaa gidduutti adeemsifamu kormatu qalama. Warri biyya bulchaa turan ammoo dullacha qaluun barri bulchiinsa isaanii xumuramuu agarsiisu. Miseensa Gadaa korma qalaniif aangoo eebbisanii kennuun gara sadarkaa Guula yookaan yuuba tokkoffaatti darbu. Haaluma kanaan yuuba lammaffaa, sadaffaa, jaarsaa fi Gadamojjii jechaa deema.

Miseensa Gadaa Roobalee keessatti Abbaa Gadaa ta'uun waggaa saddeetiif tajaajilee aangoo dabarsee kan kenne Obbo Dabalee Dirribaa gaafa guyyaa 2/6/2011 akkas jechuun buttaaf ibsa kenna. “Buttaan seera Gadaati. Buttaan ilma Gadaan abbaadha. Buttaan bara Gadaa ibsa. Buttaan duudhaa abbaa ilmi fudhatee kan biyyaaf ittiin hojjetudha. Kan biyyi rakkoo isaa ittiin hiikkatu, kan biyyaaf tolu, kan dhaltiif toludha.”

Yaada armaan olii kanarraa waantii hubatamuu sirni buttaa qalaa fi sirni gadaa ilmaafi abbaatti fakkeffamuun gama tokkoon sirni buttaa qalaa qaama sirna gadaa keessaa tokko ta'uudha. Akkasumas Gadaan hiika bal'aafi jaarmiyaalee hedduu kan of keessaa qabu ta'ee jaarmiyaaleen kunis Gadaa utubanii sirna bulchiinsasaa dhugoomsu. Buttaanis kaayyoon isaa



inni guddaan murna dhaloota Gadaa ittiin sirreessuu, ijaarsa bulchiinsa Gadaa itti fufsiisuun alatti bu'aawwan hedduu hawaasaaf akka qabu hubanna.

Afgaaffi taasifameen Obbo Didhaa Dharraa gaafa guyyaa 11/7/2011 maalummaa buttaa ilaalchisuun yeroo ibsa kennan akka armaan gadii kanatti qajeeltoon ibsan.

*Sirni buttaa sirna biyyi bulfatu dha. Sirna kana Oromootu bulfata. Innis akka biyyi nagaan jiraatuuf, akka gumaa baasu, waliigalee tokko ta'ee akka jiraatuuf buttaa qala. Yeroo buttaan kun qalamu ammoo warri dura biyya bulchaa turan Gadaa isaan duuba jiruuf aangoo dabarsu. Warri biyya bulchuuf qophaa'anis korma qalanii seera kana bulfatanii dabaree isaanii ammoo biyya bulchu.*

Yaada maanguddoo kana irraa kan nuti hubbannuu sirna kana dhalli Oromoo hunduu kan gaggeeffatu ta'ee hojiin isaa hawaasummaa cimsuu keessaatti shoora olaanaa kan taphatudha. Adeemsi kun tokkummaa sabaa hundee cimaa ta'erratti akka ijaaramuuf haala mijeessaa. Uummani tokkummaa qabu ammoo waa mara qaba. Biyya, birmadummaa, nagaa, misooma, jiruuf jireenya qaba. Sirna isaas haalaan tolchatee ilaaf ilaameedhaan waan gaggeeffamuuf akka diimookiraasummaan uumamu taasisa. Falaasamni sirna bulchiinsa Gadaas kana hunda waan ofkeessaa qabuuf sirna qoratamee itti fufiinsa godhatu ta'uun dirqama.

Buttaan kaayyoo hundeeffama isaa, gahee inni ijaarama sirna Gadaa keessatti qabu, bu'aa inni namtokkeefis ta'ee waloof buusuu danda'uun bu'uureffachuun yoo hiikame gaarii ta'a. Akkasumas buttaan sirna ittiin gaggeeffamu, waan lagatamu, waan itti fakkeeffamu, sababa fakkoomii waan sanaa fa'a hunda kan ofkeessatti haammatudha. Akka afgaaffii Obbo Didhaa Dharraa gaafa guyyaa 8/8/ 2011 adeemsifame irratti ibsanitti buttaan maali gaaffii jedhuuf ani eenyurraan dhufe? bu'aa maal naaf buusa? Buttaa baafachuuf maal gochuun qaba yaada jedhuun walqabsiisanii kaasu.

Akka yaada maanguddoo kanaatti buttaan kan qalamu duudhaa abbaarraa as dhufe waan ta'eef hidda dhalootaa lakkaawwachuun isa tokko akka ta'etu hubatama. Ilma guddifachaas yoo ta'e erga seera guutee nama itti guddifame sanarraa Gadaa dhaaluu kan danda'u ta'uusaati. Kanumaan kan walqabatu ilmi Oromoo tokko yoo buttaa hin baafanne ta'e hiikni itti kennamu jira. Sadarkaa hiikaa qofatti dhiifama osoo hin taane haalli jiruuf jireenyaa hawaasaa sirna Gadaa miseensaan ala isa taasisa.

Dhimmuma kana Obbo Didhaan 8/8/2011 akka jedhanitti ilmi Oromoo tokko duudhaa abbaasaa kan ta'e buttaa qalee inni ammo afurtama isaatti ilmaaf dabarsa. Yoo kana hin raawwanne ta'e inni Gadaa gattee jedhama. Akka yaada maanguddoo kanarraa hubatamuutti namni tokko haalota garagaraatiin Gadaa gatu ni danda'a. Yoo Gadaa gatteen tokko gaabbee gara duudhaa abbaasaatti deebi'uu barbaade haala inni ittiin Gadaa dhabe suntu qoratama. Kunis namtichi sun dursee gara Abbaa Gadaa deemee ani Gadaan dhabe gara Gadaa abbaa kootti na deebisi jechuunii qaba. Abbaan Gadaas haala kamiin akka inni Gadaa dhabe erga gaafatee yoo sababa amantii yookiin fedha dhabuu fa'aan dhiise darba hiddii tokkoo abbaa Gadaa irraa achi siquun dhaabatee kormaan adabamee gara Gadaa abbaasaatti deebi'a. Inni biroon ammoo namni tokko umuriidhaan buttaa qaluu qaqqabbii dhaba yoo ta'e gara Abbaa Gadaa deemuun Gadaan dhabe jedhee himata. Abbaan Gadaas umuriin dhabuusaa erga hubatee eebisee Gadaa jiran keessaa filachiisee Gadaan tola kennamaafi.

Kanamalees buttaa qalaan sammuu hawaasa keessatti kallattii garagaraatiin akka sirna ce'umsa sadarkaa isa ulfina qabeessa ta'eetti fudhatama. Akka hubannoo hawaasaatti bara buttaa qalaa cidhiyyuu hin adeemsifamu. Kunis sirni buttaa qalaa sirna guddaa oofkaltii barbaaduufi aangafummaa sadarkaa ce'umsaa hundaa ta'usaa mul'isa. Yaada kanarratti akka Obbo Dabalee Dirribaa gaafa guyyaa 9/7/2011 jedhanitti bara buttaa fuutiifi heerumni osoo warri buttaa ulumaayee hin cabsatiin gaggeeffamuu hin danda'u. Erga buttaan bahee Abbaan Gadaa eebbisee yoo ta'e malee. Kunis ulfina bara Gadaa sanaa ibsuuf akka ta'etu hubatama. Kana qofa osoo hin taane guyyaan buttaa qalan illee ni filatama. Akka carraa buttaan guyyaa cagginoofaa hin gaggeeffamu. Kunis guyyaa hiikamaa waan hin ta'iniif oofkaltiif hin tolu jedhu maanguddoonni.

Gabaabumatti Sirni buttaa qalaa sirna bulchiinsa Gadaa Oromoo mirkaneessuuf marsaan Gadaa osoo hin diigamiin bulchiinsa itti fufiinsa qabu fuuldurattii tarkaanfachisuu, murna dhaloota Gadaa ittiin to'achuuf akka adeemsifamatu ibsama. Akkasumas adeemsa aangoon bulchiinsa sirna Gadaa baallii itti walii kennan ta'uun beekama.

#### **4.1.1. Yoomessa Raawwii Sirna Buttaa Qalaa**

Sirna kana buttaa gaggeessuuf raawwileen adeemsifaman manaa, malkaafi araddaa jilaa yoo ta'an, yeroonis murtaawaadha. Sirna Gadaa keessatti marsaan bara Gadaa tokkoo waggaa saddeet akkuma ta'e waqtiilee jiran keessaa Arfaasaa gaggeeffama. Ji'aan Eebilaa hanga

Waxabajjii gidduu kanatti kan gaggeeffamu ta'a. Yaada kanarratti Obbo Dabalee Dirribaa (afgaaffii gaafa guyyaa 2/6/2011) gaggeeffameen akkas jedhu. Warri ukoo hidhatan Arfaasaa gabbate abbaa Gadummaa fudhatu. Waggaa saddeettan isaatti ammoo abaaboo dhohe, Fuulbaanaa hanga Waxabajjiitti seera jilbaa gadii qabaachuun beekamu. Waxabajjii irratti guutummaan guutuutti aangoo dabarsanii kennu.

Yaada kana yoo ilaalle Arfaasaa gabbate jechuun ji'oota akka Eebilaa irraa kaasee hanga Waxabajjiitti jiru yoo ta'u abaaboon dhohe ammoo ji'a Birraa ta'a. Arfaasaan yeroo itti buttaa qalanii aangoo qabatanidha. Aangoo yeroo kana fudhataniin waggaa saddeetiif dirqama uummata tajaajiluu qabu. Erga bara Gadaa isaanii bulchani seensa waggaa saddeettii ji'a Fuulbaanaa keessa abaaboo dhohe irratti ofkaltiif bahu. Yeroo kanatti warri aangoo fudhachuuf qophaa'an ginna ciisuutii bahu. Waliin ta'anii yaa'ii dhalootaa taa'u. Yaa'ii kanarratti mariin bal'aa taasifamee warri Arfaasaa itti adeemu aangoo dabarsanii kennan yookaan waggaa saddeettan darbaniif bulchaa turan seera jilbaa gadii qabaachuun biyya gaggeessu. Kunis turtii ji'a Fuulbaanaa hanga Waxabajjiitti kan ta'udha. Seera jilbaa gadii jechuun warra duubaan dhufaniif qophii aangoo kennuu, isaan dhaggeeffachuu akka jechuuti.

Haa ta'u malee akka naannoo qorannoo kanaatti seerri ittiin Gadaa adeemsisanis ta'ee buttaa qalan baay'een isaanii kan duudhaa ganamaa irraa goretu mumul'ata. Akka fakkeenyaatti bara kana jechuun (2011) A.L.H fudhannee yoo ilaalle namoonni harki baay'een waqtii Birraa ji'a fuulbaanaa keessa buttaa gaggeeffatan. Sababni kanaa maali jedhamanii yeroo gaafataman maanguddoon Gadaan Maccaa kan gaggeeffamuu qabu bara (2010) A.L.H akka turedha. Garuu yeroon sun Oromoon haalota ta'aa turan yookaan siyaasa darbeefi haala ce'umsa yeroo sanaa waliin tasgabbaa'ee waan hin turreef akka balbala ilaalchisaafi oofkaltiitti ji'a Fuulbaanaa bara 2011 akka seera guutan taasifame malee yeroon itti buttaa qalanii aangoo walii dabarsan Arfaasaa akka ture dubbatu. Kunis gara fuulduraa marii Gadaa Maccaa magarsuu jedhamee akka godichaatti adeemaa jirurratti akka sirreeffamu abdi qaban maanguddoonni naaf himan.

#### **4.2. Adeemsa Raawwii Sirna Buttaa Qalaa**

Akkaataa raawwii sirna kanaa hubachuuf raawwii duree sirnichaa, yeroo raawwiifi raawwiin boodaa jennee yoo ilaalle caalaatti ifaa ta'a jedheen amana.

Adeemsa sirna buttaa qalaa yeroo jennus tartiiba gochaa namni tokko keessa darbee luboomu ta'ee kunis marsaalee Gadaa irratti hundaa'uun kan raawwatu ta'a. Akkuma beekamu beekamu Gadaan miseensa yookaan paartii shan qaba. Akka marii garee Obbo Dabalee Dirribaa, Ajjamaa Guutaa, Lataa Eeguu irraa gaafa guyyaa 2/ 6/ 2011 odeeffatametti maqaan shanan Gadaa Oromoo akka Maccaatti walduraa duubaan Birmajjii, Horataa, michiillee, Duuloofi Roobale ta'uurratti waliigalu. Maanguddoonnii aanichaa akka ibsanitti seera Gadaa dhimma itti bahaa jiran jalqaba Migira Bakkee kan aanaa Ilfataa keessatti argamurraa waraabamee jedhu. Migirri Bakkee ammoo Odaa Bisil irraa seera yoo waraabbatu, Odaan Bisil ammoo Odaa Nabee irraa akka quxusummaa isaatti waraabbachaa turuusaa dubbatu. Booda keessa aammoo Migirri Bakkee bokkuu sagaliif giddu galeessummaan tajaajila kennuu akka eegale dubbatu. Isaanis Gindabarat, Abuunaa Gindabarat, Habeebe Kolu, Qicee, Walisoo, Qoricha Cobii, Xulee, Ido Qaaleefi Warqaadha. Obbo Lataa Eeguu (afgaaffii gaafa guyyaa 4/6/ 2011)

Yaada kanarraas waanti hubannu bulchiinsi sirna Gadaa keessoo isaarraa kaasee caasaa qindaahaafi diriiraa kan galma qabu ta'uu hubanna. Kunis yaada buttaa qaluu jedhurraa kaanee kan ilaallu yoo ta'e, namni miseensa Gadaa sanaa ta'e kamiyyuu qalee buttaa bulfata. Isaan keessaa ammoo kan akka biyyaatti dorgomee giddugaleessummaan aangoo fudhatee uummata tajaajilutu baha jechuudha. Hooggansi Gadaa caasaan isaa balbala, gosa, lammii jechuun toora qabatee akka ta'utti ijaaramuusaa hubanna. Kanumarratti hundaa'uun adeemsa sirna buttaa qalaa iddoo saditti qoonne akka armaan gadiitti ilaalla.

#### **4.2.1. Haalduree Raawwii Sirna Buttaa Qalaa**

Adeemsa sirna Gadaa keessatti namni tokko sadarkaalee Gadaa garagaraa akkasumas sirnoota adda addaa raawwachuun gara luboomaa yookaan Abbaa Gadummaatti dhufa. Adeemsa kana keessaa inni duraa sadarkaa Gadaa irra jiranidha. Adeemsa sadarkaa Gadaa kana keessatti buttaa qaluuf jecha sadarkaa sanatti waanti akka seeraatti raawwatanii darban ni jiraata. Kun ammoo akka seera Gadaatti waan raawwachuu qaban sana raawwatanii darbuun ulaagaa buttaa qalanii aangoo bulchiinsaa fudhachuuf nama dandeessisudha.

Akka adeemsa seera buttaa qalaati wantootni namni tokko yookaan miseensi Gadaa tokko raawwatu keessaa sadarkaa Raabaa yookaan akka naannoo qorannichaatti Foolleetti bokkuu buqqifatu. Kan itti aanu sadarkaa Qondaalaa yookaan masaanuu keessatti bokkuu dhangifatu.

Shanacha hundeessanii seera tumaa caffee irratti hirmaachuun xumura Qodaalaatti ginna ciisuun sana booda qophii buttaa qaluu taasisuu itti fufu. Kanaaf gochaaleen kun haalduree sirna buttaa qalaa jedhamu.

#### **4.2.1.1. Bokkuu Buqqifachuu**

Bokkuun meeshaa ulfoo sirna Gadaa keessatti dhimma itti bahamudha. Akka afoola Oromootti bokkuun jalqabaa samii akka bu'e himama. Ergasii as garuu muka akka ejersaa, harooressaa, fa'a irraa ogeessaan hojjetama. Fiixeen gara mataa isaa qaama hormaata dhiiraa kan fakkaatuufi bakka bu'udha. Gama fiixasaa tokkoon ammoo qaama hormaata dhalaa kan fakkaatu qaba. Kun ammoo hormaata itti fufiinsa qabu kan mul'isudha.

Bokkuu buqqifannaan adeemsa sirna Gadaa keessatti jalqaba seensa siyaasaati. Akka hawaasa naannoo kanaatti bokkuun miseensa Gadaa Foolleetiin buqqifama. Sadarkaan iddoo kanatti Foollee jedhamuun beekamu umurii (24-32) warra jiranidha. Akka Gadaa Maccaa waliigalaatti garuu Foolleen umurii (16-24) warra jiraniifi kan itti aanee jiru ammoo Raaba jedhamu. Buqqifannaan bokkuus akkaataa armaan gadiin kan gaggeeffamu ta'a. Jalqaba miseensonni kora taa'u. Kora kanarratti hangafa keessaa Abbaa Bokkuutu filama. Abbaan Bokkuu filames adeemsaafi seerota jiran warra aangoon Gadaa harka jiruufi hayyootaan walta'ee akkaataatti bokkuu buqqifatan mijeessa. Koree isaa waliin ta'uun miseensota kora waamee ni mariisisa. Qajeelfama barbaachisu kan sirnicha keessatti barameefi yeroof barbaadame ni kenna. Ogeessota ogummaa garagaraa kanneen akka sibiila tumuu, gogaa duuguu, uffata dhahan fa'a ni muuda. Dirree bokkuun buqqa'uufi warra miseensota bobbaasan ni filata. Warri Abbootii Gadaas gargaarsa barbaachisaa ta'e ni taasisuufi. Bokkuun dirree bokkuu buqqifannaatti miseensota, Abbaa Bokkuufi ogeessonni Gadaa sanaaf muudaman iddoo jiranitti muka ejersaa irraa muramee abbaan seeraa waan jiruuf isatti kennama. Sana booda miseensotaan mana guddistuu Abbaa Bokkuutti gala. Kana booda bokkuu qabaachuun erga mirkanaa'ee re'een qalamee dhiigaan bokkuu tuqsiisanii dhaloonni bokkuu isaa ilaalee bokkuun afur waan jiruuf waltuqa. Yeroo kana miseensi hunduu ukoo hidhatee hirmaata. Dhangaaleen nyaataaf dhugaatii miseensaan dhiyaatan nyaatanii, dhuguun haala armaan gadiin waleebbisu.

Kan isin jettan tolaadha

Tolaa waliin nuhaa oolchu-----haa oolchu

Hamaan gargar nuhaa oolchu-----haa oolchu  
 Afaan walii nu haa beeksisu-----haa beeksisu  
 Beeksisii nutti toli-----toli  
 Dhukkuba boollaan qabi-----qabi  
 Diina waraanaan qabi-----qabi  
 Imaltuuf karaan nagaa haa ta'u-----haa ta'u  
 Yaabbattuuf kooraan nagaa haa ta'u-----haa ta'u  
 Waaqni Gadaatti nuhaa bulchu-----haa bulchu  
 Gadadoo nuhaa lagu-----haa lagu  
 Gadaan Gadaa dabarsa-----dabarsa  
 Abbaan ilmaa dabarsa-----dabarsa  
 Waan Gadaan deemu  
 Waan baraan deemu  
 Nu haa hulluuqsisu-----haa hulluuqsisu

Erga bokkuun mana Guddistuu Abbaa Bokkuutti galee hunduu mana mana isaatti galee ukoo hiikkata. Abbaan Bokkuus waggaa waggaadhaan qalma qalee sirna bokkuu muuduu adeemsisa.

Miseensonni Gadaa bokkuu buqqifate kunis guyyaa kanaa kaasanii dirqamawwan akka tajaajila human nageenyaa, daangaa biyyaa eeguu yookaan waraanaan tajaajiluuf kkf. fa'atu irraa eegama Gumiiwwan adda addaatiin dhimma hawaasummaa kanneen garagaraa keessatti hirmaannaa taasisu. Dhimmoota hawaasummaa kanneen akka nama gargaarsa addaa barbaaduuf deeggarsa gochuu kunis gama hojii misoomaatiin deeggaruu fa'a ilaallata. Waggaa saddeettan itti aanutti ammo bokkuu isaanii dhangifachuu yookaan muuddachuun saddeettan itti aanutti sirna buttaa qaluu raawwatu jechuudha.

#### **4.2.1.2. Shanacha Hundeessuu**

Shanachi miseensa nama shaniifi sanaa olis kan ofkeessaa kan qabudha. Shanacha kan jedhaman namoonni buttaa qaluuf adeeman iddoo hangafni jirutti walitti qabamuun dura bu'aa filatanii ji'atti altokko guyyaa Dilbataa yookaan Kibxataa walga'u. Kaayyoon walga'ii kanaas haala ittiin sirna isaan eeggatu itti adeemsisan, buusii buusanii mana abbaa bokkuutti

qalmi qalamee ittiin bokkuun muudamu irratti mari'achuufidha. Sirni bokkuu muuduu kun waggaaatti altokko kan kabajamu yoo ta'u miseensonni Qondaalaa dhuma waggaa saddeettaffaa isaaniitti bifa hoo'aan kabajatu. Guyyaa muuda bokkuu Shanachi kun korma qaluun dhiiga kormaa kana bokkuutti dibu. Dhangaaleen nyaataaf dhugaatii kanneen akka caccabsaa, cuukkoo, qoriin, qorsoddomee, arraabsifni, daadhiin, farsoon, naqamee kabajama.

#### **4.2.1.3. Seera Tumaa Caffee Irratti Hirmaachuu**

Sirna tumaa caffee kan gaggeessuufi hoogganu warra aangoo harkaa qaban, marsaan Gadaa kan isaanii ta'edha. Iddoon tumaa caffee itti gaggeeffamu araddaa jilaa jedhamuun beekama. Aanaa kana keessatti iddooleen araddaa jilaa jedhamanii beekaman Goodaa Qunnii, Burqaa Shokorree, Bagaalloofi araddaa jilaa Waashoo warren gurguddoodha. Araddaa jilaa kanarratti warri aangoo bulchiinsaa fudhatan korma qaluun aangoo qabatu.

Sirna Gadaa keessatti seerri kan tumamu yeroo jalqaba aangoo qabataniifi bara walakkeessa Gadaa miseensa aangoon bulchiinsaa harka jiruunidha. Yommuu seerri kun tumamuufi mari'atamu miseensonni Doorii yookaan Macca biratti Qondaalli jala bu'uun hordofu. Kunis kan ta'uuf marsaa itti aanutti hawaasa waan bulchaniif muuxxannoo bulchiinsaa warra bulchan irraa horachuufidha. Haata'u malee yeroo seerri kun abbooti Gadaan labsamu labsii irratti hin hirmaatan. Abboonni isaanis adeemsa seerri itti tumamuu, mari'atamuufi haala bulchiinsaa qofarratti barumsa kennuuf. Miseensonni Qondaalaa barumsa kana fudhatan akkuma sadarkaa Qondaalummaa yookaan Dooroma isaanii fixataniin buttaa qalu.

Yaannii kunis kan nu hubachisu abbaan Gadaa tokko caffeen walgahee seerri tumamee kan qal'ate furdate, kan furdate qal'achuuf walakkeessa bara aangoo isaaniitti kan adeemsifamuu ta'uu isaa nu hubachiisa. Tumaan sirna kanarratti tumamus akka armaan gadii kana jechuun eegaluun dhumarratti seerri hawaasni ittiin qajeelfamu tumama.

Kan isin jettan tolaadha  
Tolaan nu haa gahu  
Hamaan diina haa gahu  
Tumaan tumaa Xuqur  
Tumaa burqaa Shokorree  
Tumaa booqaa Jawaroo  
Itilleen haa diriiru  
Dhabduun haa deessu

Deessuun haa oofkaltu  
Rimaan haphee haa ta'u  
Dheedee haa barbadeessu  
Barbadaan suga haa ta'u  
Dhugee haa booressu  
Booruun gabbina haa ta'u  
Sa'i okoleetti haa bultu  
Qotiyyon waanjootti haa bulu  
Qonnaan dilbii haa ta'u  
Ilmi afaan abbaa haa beeku  
Hin jigu hin dhangala'uu  
Seera xuqur Laanqisaati  
Seera oada Nabeeti  
Seera tulluu Walali  
Seera aadaa Gadaati.

Yeroo haala kanaan eebbifachuun seerri tumamu, ulaagaan ni dhaabbataa, Caffeen ni dhiyaata, birbirsii ni dhaabbata, lammii lammii isaaniitiin walqoodanii garaagaraa ciisuu. Guyyaa shan achi bulan keessatti guyyaa sadaffaatti tuman tumama.



*Suuraa 2: seerri tumaa caffee araddaa jilaa Goodaa Qunniitti yemmu tumamu agarsiisa*

Tumaan kun laaftoo qottoon hin tuqne jalatti tumama. Yaada kanarratti Obboo Dabalee Dirribaa gaafa guyyaa 26/7/2011 akkas jechuun ibsu. “ Tumaan Kun kan tumamu sa'aaf, daa'immaaf, jaarsaaf, jaartiif akkasumas biyyi nagaa haa ta'uuf jedhameetu tumaan kun



tumama.’’ Kanaaf tumaan seera namaafi uumama biroof akkasumas safuu Waaqaafillee kan tumamu ta’uusaa nu hubachiisa.

Guyyaa lama walitti aansanii tumaa kana yoo tuman guyyaa shanaffaa sana wal eebbisanii ulaagaa qabatani alangaas qabatani kormi qalamee ulumaayeen haaraan barii sun cabee karaa ijoollee isaanii kennamaaf. Ulaagaafi alangaa kana qabataniis yennaa dhaabbatan kormi qalamu dhufee namni qalu ramadama. Akka afgaaffii Obbo Dabalee Dirribaa waliin gaafa guyyaa 2/ 6/ 2011 taasifameetti, namichi qalu sun seera qabaachuufi kormi sun utuu namni hin qabiin ofuma isaa,

Naali, naali

Seera Gadaati

Seera Xuqur Incinniiti

Seera Odaa Nabeeti, yemmuu jedhan kormi sun ofumaaf ciisuun sana booda namichi qaluuf seera qabu sunis akka qaluu danda’u dubbatu.

#### **4.2.1.3.1. Eebba Tumaa Caffee Fudhachuu**

Miseensi Gadaa sadarkaa Qondaalaarra jiru seera tumaa caffee irratti eebba fudhachuu qaba. Warreen sadarkaa hayyuufi Abbaa Gadaa walta’anii dabareen eebba kana akka nagaan buttaa oofkalanii dabaree isaanii biyya bulchuu danda’aniif eebbisanii gara gocha fuula isaanii dura jiruutti gadhiisu.

Eebba kana fudhachuuf miseensonni masaanuun yookaan warri bulchiinsa Gadaa barachaa jiran dura burqaatti dhibaafachuun caffee ittiin eebba fudhatan buqqifatu. Dhaloota waamanii dhaloonni ofkalchee angafaaf dabarsee angafni akkasiin eebbisa.

Na ofkalchaa -----ofkalaa

Na ofkalchsaa-----ofkalaa

Waaq nagaan bullee nagaan nu haa oolchi-----oolchi

Hamaan gargar nu oolchi -----oolchi

Irraa gora, dogoggora nu oolchi-----oolchi

Citii sadan nu oolchi-----oolchi

Citii waraanaa nu oolchi-----oolchi

Citii waraansaa nu oolchi-----oolchi

Kan caamee goggogsu nu oolchi-----oolchi  
 Kan roobee goggogsu nu oolchi-----oolchi  
 Kan sa'aa jibban nu oolchi-----oolchi  
 Kan namaa jibban nu oolchi-----oolchi  
 Waaqni Oromoo tulluu godhee nu haa mul'isu-----haa mul'isu  
 Walbira oolchee nu haa bulchu-----haa bulchu  
 Gadaan keessan haa kormoomu-----haa kormoomu  
 Rimaan haphée haa ta'u-----haa ta'u  
 Karra irratti karra isinii haa kennu-----haa kennu  
 Nama garaa tokkoo nu haa taasisu -----haa taasisu  
 Barri Gabbina! -----gabbis Waaq!

Eebbi kun kan adeemsifamu yeroo miseensonni Gadaa aangoo irra jiranii walakkeessa bara Gadaa isaaniitti seera baasuun dhimma biyyaafi haala bulchiinsa isaaniirratti marii bal'aa taasisan bu'uureffachuunidha. Warri sadarkaa Qondaalaa yookaan akka naannoo qorannootti masaanuufi duubaan kora jedhamanii beekaman eebbaa fudhatan qabaachuutu hubatama.

#### **4.2.1.4. Bokkuu Dhangifachuu**

Bokkuun mallattoo aangooti, gumaatu ittiin bitama, kan dabe ittiin qajeelchu. Hiikni yaada bokkuu dhangifachuu jedhuus bokkuu muuduu waliin walqabata. Akka hawaasa naannoo qorannichaatti bokkuun giddugaleessummaan tajaajila kennaa jiru Bokkuu Xulee jedhama. Bokkuun Xulee aanaalee akka Dandii, Jalduu, Gindabaratiifi Abuunaa Gindabaratiif tajaajila giddugaleessummaan tajaajila. Aanaalee bokkuu kanaan gaggeeffaman keessaa miseensonni akka koree giddugaleessaatti tajaailan jiru. Miseensi Gadaa tokkoo waggaa saddeet bulchee isa itti aanuuf dabarsa. Qajeelfamaafi seera Xuleetti wixineeffame kana fudhatanii aanaa aanaa isaaniitti fudhatanii galu.

Egaa namni tokko buttaa qaluuf sadarkaa Gadaa inni keessa jiru ni ilaalama. Sadarkaalee Gadaa qaraa akka Maccaatti yoo fudhanne Ittimakoo, Gaammee, Foollee, Raaba, Qondaala fi Lubaa jiran keessaa sadarkaa Qondaalaa irratti adeemsa ittiin buttaan qalamu keessa darbuun jalqabama. Kunis kaadhimmamaa ta'uusaa beekuun seerota guuttachaa demuusaa mul'isa. Haaluma kanaan miseensi Gadaa buttaa qalu erga seera tumaa caffee warra aangoo irra jiranii irratti hirmaatee eebba fudhatee bokkuu dhangifata.

Yaada kanarratti Obbo Lataa Eeguu afgaaffii gaafa guyyaa 3/6/2011 akka jedhutti: “Gareen miseensa Gadaa buttaa qaluutti deemu seera tumaa caffeeetti aansuun bokkuu dhangifatu, erga bokkuu dhangifatani booda ginna ciisuutu isaan eeggata.” Yaanni kunis adeemsi bokkuu dhangifachuu tumaa caffeeffi eebba tumaa caffee irraa fudhatanitti aanee kan adeemsifamu ta’uusaa nu hubachiisa. Umuriin kun akka Gadaa Maccaatti yeroo sirna bulchiinsaafi siyaasaa itti baratanidha. Sadarkaa kanatti bokkuu dhangifachuun kun marsaa Gadaa itti aanutti aangoo fudhachuuf qophaa’uu isaanii agarsiisa. Bokkuu dhangifachuu jechuunis bokkuu milkeeffachuu yookaan kan ofii taasifachuu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Bokkuun dhadhaa yookaan dammaan muudama. Sirna qophii kanaarratti caasaaleen Abbaa Bokkuu gargaarsa ni taasisu. Caasaalee Abbaa Bokkuu warri jedhaman Booranticha, Abbaa Waraanaa, Gaaddisa Abbaa Bokkuu, Salgan Abbaa Bokkuufi Abbaa Ulaagaa fa’adha. Isaan kun namoota sagal sagal of jalaa qabu. Gadaan shan waan ta’eef yeroo shan haala kanaan faatii baafachuun muuda bokkuu adeemsisu.

Aabboo karra nuu banimee

Aabboo karra nuu banimee

Aabboo karra nuu banimee

Aabboo karra nuu banimee

Aabboo karra nuu banimee

### **Faatii lammataa**

Hoo dannaboo

Hoo dannaboo

Hoo dannaboo

Hoo dannaboo

Hoo dannaboo

Hoo dannaboo

### **Faatii sadiii**

Hoo goolee abbaan seeraa dhufe

Hoo goolee abbaan seeraa dhufe

Alangaa shax godhee seera isaa qax godhe

Abbaan seeraa dhufe

Hoo goolee abbaan seeraa dhufe

Faatii baafachuun gocha waan tokkoof aggaammatanii raawwachuu jechuudha. Yaada afaan saaqqachuu, seensa gochaafi jechaa of keessaa qaba.

### **Faatii Arfeessoo**

Yaa sayyoo  
Yaa sayyoo  
Yaa sayyoo  
Yaa sayyoo  
Yaa sayyoo----jedhu

### **Faatii shan**

Foolliyyoo foollee roobaa  
Foolliyyoo foollee roobaa  
Birbirsi daraaree  
Lubatu na waamee  
Mirmirsi Gadaa kee--- ya foollee

Kana booda korma gurri isaa gachii hin taane, eegeen isaa kan hin cinne, horii qulqulluu ta'e filatanii qalu. Kunis biyyi mudaa hin qabu, qulqulluudha akka jechuuti. Guyyaa kana miseensi hundi mana Guddistuu Abbaa Bokkuu kana nyaachaa, dhugaa sirbaa bula. Ganama sana abbaa manaa sana eebbisanii galu. Addaaf addunnaa siif haa kennu

Ilmoon siif haa guddattu  
Guddaan siif haa bulu  
Karri siif haa qajeelu  
Kormi cirri haa ta'u  
Dheedee haa barbadeessu  
Rimaan haphee haa ta'u  
Dhugee haa booressu  
Sanyiin lakkuun haa margu jechuun eebbisu.

#### **4.2.1.5. Ginna Ciisuu**

Ginni kan ciisamu yeroo baay'ee ji'a Qaammee keessa kan fuulduratti Arfaasaa keessa aangoo fudhachuuf qophaa'aa jiraniini. Ginna ciisuu dirqama sirni Gadaa ajaju yoo ta'u ga'umsaafi qulqullummaa agarsiisuuf kan adeemsifamudha. Ginni kan ciisamu bultii shaniif ta'ee haalli itti adeemsifamu akkaataa armaan gadiitiini.

Sirna ginna yookaa dagaagaa ciisuu jedhamee ni beekama. Dagaagaa yookaan ginna yeroo ciisan lafa burqaa qabu kan namni horiiniifi sagaleen jeequmsaa itti hin argamnetti ciisama. Sirna ginna ciisuu kanarratti kan argaman Abbaa Waaqaa, Abbaa Waraanaa, Abbaa Birbirsaa, Abbaa Caffee fi Abbaa Bokkuuti. “Warri buttaa qalan hunduu seera bulchiinsa sirna Gadaa nibaratu. Seerri jal’ate yoo jiraates irratti mari’atanii niqajeelchu. Warri biyya bulchuuf qophaa’anis bara Gadaa isaanii keessatti waan hojjechuuf karoorfatan ni ibsu. Seerri dabalamus yoo jiraate ni dabaluu. Yeroo kana ynaannif dhugaatiin illee hamma qaba.” Obbo Lataa Eeguu (afgaaffii gaafa guyyaa 3/6/2011)

Akka yaada maanguddoo kanaafi kan biroo irraa hubatamutti ginna ciisuun adeemsa buttaa qalanii aangoo fudhachuutti waan dhiyataniif seerota sirni Gadaa ajaju barachuudha. Akkasumallee sirnalaguu waa baay’ee ti. Waliigalli isaa soomadha. Erga haala kanaan guyyaa shan turanii booda guyyaa jahaffaa akka baay’ina namoota waliin ginna ciisaniifi humna isaaniitti horii qalanii Waaqa kadhataani waleebbisani ofkaltiidhaan ginna ciisuutti bahu.

Itillee ginnaa nu ofkalchitee  
 Haaduu kofaa nu oofkalchi  
 Muraa gajamoo nu oofkalchi  
 Bulaa nu bulfadhaa  
 Mo’aa biyya bulchaa  
 Afaan jaarsaa jaartii beekaa  
 Afaan diinaa beekaa  
 Haayaat horaa lafa guutaa  
 Waldhaga’aa walii na’aa  
 Ilmoon keessan dabaree keessan haa argan  
 Gadaa fudhachuuf deemtu  
 Barri Gadaa gabbina isinii haa ta’u.

Nyaatanii dhuganii eebba fudhatanii sirbaa gara manaatti deebi’u. Sirbi asirratti sirbamu Gadaa fuulduratti fudhachuuf deeman kan addeessudha.

Foolliyyoo roobaa ----- foollee roobaa  
 Siddisi daraaree ----- ya foollee  
 Gadaatu na waamee ----- ya foollee  
 Gadaa abbayyeedhaa ----- ya foollee  
 Gadaan darabeedhaa ----- ya foollee

Egaa ginna ciisuun kaayyoon isaa bu'uraa bara Gadaa isaanii waggaa saddeet isaan fuuldura jiruuf qulqullummaan tajaajiluuf Waaqa kadhatanii itti galu. Kana booda kan itti fufu namootaafi meeshaalee sirna kana ittiin gaggeessuuf barbaachisan qopheeffachuudha.

#### **4.2.1.6. Namoota Seera Guutuuf Barbaachisan Qopheeffachuu**

Adeemsa raawwii sirna kanaa keessatti namoonni nama buttaa baafatu kan waliin qophiirraa jalqabanii biraa hin dhabamne, seera guutan qaban, sirnicha oofkalchan ni jiru. Namoonni seera guutuuf argamuu qaban: Qadadduu, Jaarsa hirkoo yookaan jaarsa jaalaa, haadha warraaf, obboleettiidha. Akkasumas Foolleen sirna buttaa qaluu keessatti gaheen isaanii olaanaadha.

##### **4.2.1.6.1. Qadadduu**

Isa marsaa Foollee keessa jirutu filatama. Namni buttaa godhatu ji'a sadiif afur dursee nama qadaadduu isaaf ta'u kadhata. Yeroo kadhatu kanas haadha Warraa isaa waliin dhangaa qopheeffatee mana nama Qadaadduu kadhatu Sanaa dhaqee afurtama abbaakoo na hulluuqsisi jedhaan. Namni kadhatamu sunis duudhaa uummatichaati waan ta'eef amanee fudhachuun jara keessummeesssee galcha. Qadadduun lubni Sun guyyaa buttaa baafatu mataa irraa haada, qeensa irraa qora, nafa dhiqaaf, namni buttaa godhatu sun yoo cubbuu hojjeteerallee ta'e iccitiidhaan qadadduu isaatti himata. Qadadduun isaas iccitii isaa nama biraatti baasee hin himu. Waliin ta'anii araara Waaqaa kadhataaf malee. Yemmuu qadadduuf sirbamus, yaa qadaddu miilatti kuftee naan sagadduu jedhanii kan sibanis kanaaf fakkaata.

##### **4.2.1.6.2. Jaarsa Hirkoo**

Namni kanaan dura yeroo buttaa baafate qadadduu qaba. Namni kun erga Gadaa baafatee ammoo yeroo qadadduun isaa buttaa baafatutti deebi'ee jaarsa jaalaa ta'af jechuudha. Namni buttaa baafachuuf deemus ji'oota sadiifi afur dursuun nama jaarsa jaalaa isaaf ta'u qopheeffata. Haadha warraa isaa waliin dhangaaalee nyaataaf dhugaatii qabatee afurtama abbaa koo na hulluuqsisi jedhaan. Namni jaarsa jaalaa ta'ee kadhatame sunis duudhaa hawaasichaa ta'uu beekke yaada isaanii fudhatee keessummeessuun galcha. Guyyaa sirna kanaa haadha warraa isaa waliin dhangaaalee adda addaa qabatanii dhaqu. Gaheen jaarsa jaalaa nama Gadaa baafatu sana qajeelchuu, gorsuudha. Namni buttaa baafatu waan hin rafneef galgala guyyaa buttaa baafatu yoo rafellee jaarsa hirkootti hirkata malee hin rafu.

#### **4.2.1.6.3. Luba Shanana**

Lubni shanan warra sadarkaa tokkoo, sadarkaa Luboomaa irra waliin gahan ta'ee akka walitti dhiyaatanitti warra seera waliin guuttatanidha. Namni buttaa qalu namoota shan kan Gadaa qabatanis haa ta'u warra qabachuuf jiran of biratti kadhata. yeroo Luboota kana kadhatu dhangaa qopheeffatee mana mana isaaniirra deemuun akka hangafaa quxusuutti kadhata. Afurtama abbaa kiyyaatiin na ga'a , na oofkalchaa jedheetu alangaafi marga jiidhaa qabatee kadhata. Jarris Luba waan ta'aniif isaanis deebisanii kadhachuu danda'u keessummeessanii galchu. Luboonni shanan kun erga buttaa qalaniin booda bara Gadaa isaanii waggaa saddeetiif warra naannootti nama wal dhabe araarsu, gumaa hiiku, rakkoo dhalateef furmaata laatu, caasaa bulchiinsa Abbaa Gadaa waliigalaati.

#### **4.2.1.6.4. Haadha Warraa**

Haati warraa jalqabaa kaastee hanga dhumaatti seerichi yemmuu gaggeeffamu biraa hin haftu. Haati warraa qarree yoo taate ishiidhumatu biqila cabsa. Yoo deemteetti haadha warraa biraa waliin jira ta'e ishee qarree "Seera Gadaatiin siqabe koottu biqila naa cabsi" jedhaan. Isheenis seera Gadaati waan ta'eef deemtee biqila cabsitiif. Yoo isheen didde ammoo ishee mana jirtuuf seera guuta. Sababni isaa namni buttaa godhatu dubartii rakoo malee sirnicha raawwatachuu hin danda'u. Yoo lubbuun darbiteetti ta'ellee iddoo awwaala ishee dhaqee uleen tuqee ka'i biqilqa naaf cabsi jedhaan. Kun ammoo seera guutuufi gocha taasifamu agarsiisa. Yoo namichi seera guuttatu sun hin fuune ta'e ammoo haadha isaatu biqila cabsaaf. Yoo haati dhabamte obboleettii ta'a. Sirna buttaa kanarratti uffanni haadha warraa sabbata, shaashii, baaqqee, wandaboo haaraatu bitama. Kun akka dabalataatti malee kan haati warraa Lubaa guyyaa buttaa qalaa uffattee deemtu caaccuudha.

#### **4.2.1.6.5. Gurra Urtuu**

Namni tokko luba ta'uuf yookiin Gadoomuuf gurra urtuun jiraachuun dirqama. Gurra urtuun obboleettii luba Sanaa taatee ishee hangafadha. Namni kun ammoo akka carraa ta'ee obboleettii durbaa hin qabu yoo ta'ellee nama fira dhiyoo isaaf ta'u yookiin miinjee isaatu gurra uraaf. Kanaan ala luboomuun hin danda'amu. Sirni gurra uruu kun akka Qadaadduun mattaa irraa haadee qaama dhiqee booda kan itti fufudha. Obboleettiin Lubaa yeroo gurra urtu dursitee gurra mirgaa urti. Kunis mirgaan bahii mirgaan naa gali jechuudha. Gurra

urtuun dhangaalee sirnichaaf dhiyaatu qopheessuu keessatti gahee olaanaa qabdi. Akkasumas meeshaalee haati warraa Lubaa harkatti qabachuun laga buutu kan hodhee gumaachu obboleettiidha.

#### **4.2.1.6.6. Foollee**

Foolleen raawwii buttaa qaluu keessatti gahee guddaa qaba. Foolleen raawwii sirna kanaaf waan isa barbaachisu kanneen akka gaachanaa, daabee, xurumbaa, goraadee fa'a qabatee gara jila buttaa godaana. Buttaan Foolleedhaan alatti beekamtiyyuu waan argatu hin fakkaatu. Korma buttaa kan kuffisu, seera buttaa kan eegu, jila buttaa kan hoo'isu, kan oofkalchu Foolleedha. Foolleen guyyaa Lubni gurra uratee, ukoo keewwatu kaasani oofkalchuun dirqama. Kunis akkuma warri buttaa burqaa bu'uuf ka'aniin Foolleen sirbaa gara mana abbaa buttaa dhaqa. Abbaan buttaas Foolleen alatti gara malkaatti hin qajeelu waan ta'eef daadhii gongaatti naqee ala kaa'uun Foollee eega. Foolleen sirbaa dhaqan gadi jedhanii daadhii abbuuqqatanii ol jedhanii biifu. Akkas jechuun sirbu; Nuu jedhee daadhii gongaatti naqee, nuu jedhee jifuu tarreedhaan naqee jedhu. Kanaan booda hanga buttaan ba'ee oofkalutti Foolleen mana warra buttaarra naanna'uun jila buttaa oofkalchu.

#### **4.2.1.7. Meeshaalee Raawwii Sirnichaaf Barbaachisan Qopheeffachuu**

Sirna buttaa qalaa gaggeessuuf waan dursanii qophaa'uu qaban keessaa meeshaaleen seera guutan, harkatti qabataman, faayaafi uffannaan garagaraa ni argamu.

##### **4.2.1.7.1. Meeshaalee Seera Guutuuf Barbaachisan**

Sirna buttaa qalaa gaggeessuuf meeshaaleen ittiin seera guutaniifi dirqama argamuu qaban ni jiru. Kanneen keessaa warren armaan gadii sirna kana guutuuf kan hedduu barbaachisoo ta'anidha.

##### **4.2.1.7.1.1. Uraa**

Uraan meeshaa lubni gaafa buttaa Sanaa gurra ittiin uratudha. Uraan kunis kan hojjetamu nama ogummaa sibiila hojjechuu qabuunidha. Innis sibiila jabaataa akka haamtuu cittuufi halbeerraa hojjetama. Uraa kana hojjechuufis nama hojjetu sanatti dursanii himatu. Dhimma barbaadamuuf itti himanii guyyaa inni hojjetee fixuu danda'utti manatti akka fiduuf waliigalu. Guyyaa inni fidu sanatti dhangaa gaafa buttaa qophaa'u male qopheessanii eegu.



Namni ogummaa qabu sunis guyyaa beellamaa sanarratti xumuree geessaaf. Dhangaa qophaa'e nyaachisanii kabajaan gaggeessu.

#### **4.2.1.7.1.2. Qarabaa**

Qarabaan meeshaa lubni ittiin dhaqna qabatudha. Kan hojjetamu nama ogummaa sibiila tolchuu qabuun yoo ta'u sibiila jabaataa ta'e irraa hojjetama. Bifti isaa halbee fakkaatee garuu mataan isaa akka halbee qal'atee kan dheeratu osoo hin taane gabaabaadha. Qarri isaas sirriitti qarama. Nama qarabaa kana hojjetutti osoo guyyaan buttaa qalaa hin ga'iin itti himama. Namichi hojjete sunis guyyaa beellamaa eeguun manatti geessee dhangaa buttaaf qophaa'uun keessummeeffamee gala.

#### **4.2.1.7.1.3. Dhugoo yookiin Lootii**

Dhugoon meeshaa lubni gurratti godhatudha. Dhugoo kana lubni gaafa jila Sanaa gaafa gurra uratu gurra lamaanittuu keewwata. Innis kan hojjetamu sibiila akka meetii irraa yoo ta'u, nama ogummaa sibiila tolchuu qabutu hojjeta. Nama kanatti dursaniitu dhimma isaa itti himanii akka hojjetuuf taasisu. Innis hojjeteefi gaafa beellamaa manatti geessaf. Dhangaa ayyaana buttaaf qopha'u qopheessanii eeganiin keessumssanii galchu.

#### **4.2.1.7.1.4. Haaduu**

Haaduun meeshaa lubarraa rifeensa mataa ittiin haadanidha. Innis kan hojjetamu sibiila baay'ee haphii ta'erraa yoo ta'u, akka dabbasaa mataa haaduu danda'utti haphisanii hojjetu. Kan hojjetamus akkuma dhugoofi kan biroo nama ogummaa sibiila tolchuu qabuunidha. Namtichi hojjetes gaafa guyyaan beellemaa gahe mana nama luboomuuf jedhuutti geessee dhangaa buttaaf qophaa'uun keessummeeffamee gala.

#### **4.2.1.7.1.5. Meeshaalee Aadaa Harkatti Qabataman**

Meeshaaleen aadaa harkatti qabataman tajaajila adda addaaf kan oolaniifi fakkoommii mataa isaanii qabataniin argamu.

#### **4.2.1.7.1.6. Bokkuu**

Bokkuun mallattoo aangoo bulchiinsa sirna Gadaati. Sirna Gadaa keessatti Abbaan Gadaa bokkuu qabateetu seera tumame dhangalaasa. Namni buttaa qale tokkos waggaa saddeettan fuulasaa dura jirutti aangoo ofharkaa qabaachuusaa kan ittiin mul'isudha. Sirna Gadaa

keessatti yemmuu gogeessi Gadaa tokko aangoo isa itti aanuuf dabarsu bokkuu waliin hin dabarsu. Sababiin isaa gogeessi Gadaa shananuu bokkuu mataa mataa isaanii waan qabaniif mallattoo gogeessa Gadaa Sanaa waan ta'eefidha.

#### **4.2.1.7.1.7. Alangaafi Siinqee**

Alangaan mallattoo abbaa seeraati. Hayyuun seera yemmuu baasuufi muru kan qabatudha. Sirna buttaa irrattis alangaa kan qabatu Luba yookaan nama Gadoomedha. Alangaan kan hojjetamu gogaa Roobii yookaan loonii irraa ta'ee mukti isaa ammoo muka waatoo jedhamu irraati. Roobiin bineensa bishaan keessa jiraatudha. Iddoon jiidhaafi gaaddisni ammoo uummata Oromoo biratti akka dachee ulfinaafi iddoo amantiitti ilaalama. Kanaafuu Roobiin iddoo uummanni Oromoo akka dachee ulfinaatti ilaaluu kana keessa jiraachuun isaa akka waan qulqulluufi Waaqaan walitti dhiyeenya qabuutti ilaalama. Akka maanguddoonni jedhanitti margi lalisaan yoo dhabame alangaa Roobiitiin eebbisu. Sababiin isaa Roobiin yeroo hunda iddoo jiidhaa keessa waan jiraatufidha. Inni lammataa ammoo gogaa looniiti. Loon Oromoo biratti qabeenya kabajaafi jaalala guddaa qabudha. Kanaaf gogaa looniirraas keessattuu korma gaafa buttaa qalamu irraas alangaan ni hojjetama.

Siiqqeen ulee qalloo sorooroo dubartiin qabattudha. Hayyuun alangaan, Abbaan Bokkuu bokkuun seera yoo tuman, dubartiin ammoo siiqqeedhaan seera murti. Kanaaf siiqqeen meeshaa aadaa murtiif gargaaru keessaa tokko taatee kan qabatamtus dubartii heerumte qofaani. Kunis haati warraa harkatti qabachuun caaccuuf okolees qabatee deemi.

#### **4.2.1.7.1.8. Dhagaraa, Okoleefi Gaadii**

Meeshaalee yeroo sirnaa harkatti qabatamanii deeman keessaa siiqqeetiin alatti dhagaraa, okoleefi gaadiin illee isaan birooti. Dhagaraan akkuma bokkuu jalqaba meeshaa samii bu'e jedhamee amanama. Okoleenis meeshaa migira irraa hojjetamu ta'ee aannan itti elmamudha. Okolee buttaa kan hodhu obboleettii Lubaati. Okolee kanattis haati warraa Lubaa yeroo jilli buttaa laga bu'u aannan iitti naqattee buuti.

Gaadiin ammoo teppharraa kan hojjetamu ta'ee yemmuu saawwan elman ittiin gaadi'uuf kan gargaaru yoo ta'u lameenuu mallattoo hormaataa agarsiisu. Yemmuu eebbisani haala armaan gadiin jalqabuun eebbisu.

Gaadiin haa marmaaru  
Kormi cirrii haata'u  
Rimaan happee haata'u  
Dheedee haa barbadeessu  
Dhuggee haa booressu jedhu.

Akkuma olitti ibsame Okoleef gaadiin mallattoo hormaata horii, urgeessituuf qananiistuu jireenyaa ta'uu kan mul'isu yoo ta'u, aannan ammoo yoo dhugan kan nama qabbaneessu, malkaatti ittiin dhibaafachuufi qooda Dabballeedhaaf kennamudha.

#### **4.2.1.7.2. Meeshaalee Aadaa Dhangaaleen Ittiin Dhiyaatu**

Meeshaaleen dhangaaleen Gadaa shanan jedhaman ittiin dhiyaatan baay'een isaanii kan yeroo sirna kanaafi yoomessa biroo keessatti fayyadanis ta'ee irra caalaatti kanneen yeroo kana fayyadan keessaa warreen armaan gadii warra faayidaarra oolanidha.

##### **4.2.1.7.2.1. Qabeefi Gilgilee**

Meeshaa aadaa buqqeerraa bifa bareedinaan eellaafi calleen faayamee tolfamudha. Qadaadni itti tolfamee rarraatoon itti godhamee qabatamee deema. Faayidaan isaas aannan Dabballeef kennamutu itti nam'ee baatama. Qabeen iddoo tokko tokkotti ciicoo jedhamuunis ni beekama.

Gilgiliin meeshaa meeshaa mudaayii fakkaatu garuu kan irra guddatu ta'ee dhangaaleen nyaataaf dhugaatii kanneen akka cuukkoof qorii fa'a itti qabatamanii deemamanidha. Kan inni irraa hojjetamus akkuma okolee migirraati. Migirri alalaan cuubamee halluu baay'ee bareedaa ta'een hojjetama. Rarraatoof akka ta'utti teephaan hojjetamee qabatamee deemama. Hammaanis guddaafi xiqqaa kan qabu yoo ta'u isa guddaatti yeroo baay'ee nyaata akka caccabsaa, isa xiqqaatti ammoo akkuma olitti jedhame qoriif qorsoddomeetu ittiin dhiyaata.

##### **4.2.1.7.2.2. Waciitiifi Waancaa**

Meeshaa aadaa suphee yookaan mukarraa hojjetamudha. Meeshaa kanatti Foolleef damma gurraacha yookaan damma muranii dhiyeessu. Akkasumas Lubni yeroo dhaqna qabatu marqaan ittiin dhiyaataaf. Iddoo tokko tokkotti kan mukarraa hojjetamuun harkee jedhaniis ni waamu.

Waancaan ammo meeshaalee aadaa keessaa tokko ta'uun yeroo sirna kanaa booka ittiin dhuguuf filatama. Dabalataan kanneen akka bililleefi wuullee illee warreen tajaajila kanaaf ooluun yeroo raawwii sirna kanaa itti fayyadamanidha. Akkasumas fal'aannillee gaafa horii irraa hojjetamuun yeroo raawwii sirna kanaa tajaajila akka dhangaalee sirna Gadaa irratti dhiyaatan ittiin fuudhuufi lubni yeroo dhaqna qabatu ittiin marqaa nyaachuuf oola.

#### **4.2.1.7.2.3. Meeshaalee Foolleen Qabataman**

Foolleen sirna buttaa qalaa irratti gahee guddaa qaba. Sirbaa, uffannaa fi qabannaa meeshaalee garagaraan jilicha hoo'isee bareecha. Meeshaalee yeroo raawwii sirna kanaa Foolleen qabataman keessaa isaan armaan gadii fa'aadha.

#### **4.2.1.7.2.4. Kal'eefi Gaachana**

Kal'een meeshaa gogaa jaldeessaa, leencaa, qeerransaafi kuula halluu miidhagaa qaburraa hojjetamudha. Meeshaa kana Foolleen gateettiisaarratti godhachuun kan ittiin sirbuufi mallattoo Foollummaa isaa kan ittiin mul'isudha. Gaachanni gogaa bineensota ciccimoo akka Roobii, Naachaa akkasumas migira irraa kan hojjetamudha. Gaachanni meeshaa Foolleen sirna buttaa irratti qabatu keessaa tokko ta'ee eeboo ittiin ofirraa dhorkuu, ulee ittiin ofirraa qolachuuf gargaara.

#### **4.2.1.7.2.5. Daabeefi Goraadee**

Daabeen gogaa jaldeessa dabbasaa dheeraa qaburraa kan hojjetamu yoo ta'u, Foolleen mataatti kaawwachuun kan ittiin sirbuufi mallattoo Foollummaa isaa kan ittiin agarsiifatudha. Daabeen yemmuu Foolleen kaawwatee sirbu akka miidhagina dabaluuftis ilaalamee hurruubummaa sirna sanaa dhugoomsa.

Goraadeen meeshaa sibiila cimaa irraa hojjetamu yoo ta'u, diina ittiin ofirraa ittisuufi wantoota adda addaa ittiin uruufi waraanuuf kan fayyadudha. Kunis Foolleen yeroo halkan karaa dheeraa deemee sirbu, bosona gurguddaa keessa qaxxaamuru akka meeshaa waraanaatti isa gargaara. Kana qofa osoo hin taane Foolleen biyya eegu keessatti gahee qaba waan ta'eef yoo diina daangaa cabsee miidhaa geessisu argellee ittiin haleeluuf isaan gargaara. Dabalataan fookilooriin raawwii sirna kanaarratti mul'atan gabatee kana keessatti ibsamaniiru.

**Gabatee 4: Nyaataafi meeshaalee raawwii sirna buttaa qalaa fakkoomii isaanii waliin.**

Gosa	Maqaawantootaa	tajaajila kennu	Fakkoomiisaa	kan irraa hojjetamu
Meeshaalee	Iftuu	qubatti keewwatu	ifa nagaa	sibiila birrii
	Buurana	mataatti keewwatu	Ulfina	kottee/gaafa loonii
	Dhugoo	Dhugoo gurratti godhatu	dhugaaf hojjechuu	sibiila diimaa irraa hojjetama.
	Eeboo Bokkuu	harkatti qabatu seera raggaasisa	biyyaa eeguu mallattoo ulfinaa	sibilaaf muka ejersa, harooressa
Uffata	Dirriba adii	qomarratti uffatama	nagaaf kabaja	Jirbii
	Marxoo adii	mudhii gaditti maratama	ulfina biyyaaf	Jirbii
	Sabbata adii	mataatti hidhama	nagaa buusuu	Jirbii
Nyaata	Cuukkoo	eebarratti saaqu	Aadaa	Daakuugarbuufi dhadhaa
	Caccabsaa	eebarratti saaqu	bara Gadaa mi'awu	biddeen, dhadhaa
	Qorii	eebarratti saaqu	aadaa nyaataa	Akaayii garbuu, dhadhaa
	Qor- soddomee	eebarratti saaqu	aadaa nyaataa	dhadhaa, qamadii
	Daabboo	eebarratti saaqu	gabbina Gadaa	qamadii, xaafii
	Arraabsisa	Eebarratti	bara Gadaa mi'aawu	damma nadhii
	Biddeen	keessummaa nyaata	Quufa	xaafii, garbuu
	Foon	keessummaa nyaata	qabeenya Oromoo	loon, re'ee, hoolaa
Dhugaatii	Aannan	ittimoof kennama	Oromoon looniin beekama	Loon
	Buqqurii	Dhibaa yuu, dhugaatiif	milkii, nagaa	daakuu garbuu
	Booka	dhugaatiif	jabaatanii taphachuu	Damma
	Farsoo	dhugaatiif	jabaatanii taphachuu	biqila garbuu

Madda: *maanguddoota Obbo Didhaa Dharraa, Dabalee Dirribaa, Lataa Eeguu*

**4.2.1.8. Seera Qorachuu**

Seera qorachuun qophiin duraa sirna buttaa qalaa jalqabamuusaa mul'isa. Kunis waan hooddatamu yookaan waan lagatamu, akkamiin akka of qopheessu, akkamiin akka itti seenu, akkamiin akka oofkalu, seera guutuu qabu hundumarratti jaarsa jaalaa isaa waliin waan seerri Gadaa ajaju raawwata.

#### **4.2.1.8.1. Haadha Cifiruu**

Adeemsa sirna sirna buttaa qalaa keessatti erga namoota seera guutaniifi meeshaalee sirnichaaf barbaachisan qopheeffatanii booda haadha cifiruun gochaa itti aanudha. Dhimma kanarratti Obbo Dabalee Dirribaa afgaaffii gaafa guyyaa 25/6/2011 gaggeeffameen akkas jedha. “Seensa qophii kanaan dura yeroo turtiin ji’a lamaa fa’i hafu haadha isaa cifira. Kanatti aansee biqila cabsata. Ji’afi torban biqila cabsatetti buttaa qala.” Akka yaada jaarsolii irraa hubatamutti haadha cifiruu jechuun adeemsa buttaa qaluuf taasisan keessatti dursa eebba haadhaa fudhachuu jechuudha. Yeroo ilmi buttaa baafatu haati jaartii cifiree taati. Jaartiin cifiree ammoo nama umuriin jaaran, kabajamoodha.

Akkaataan itti seera cifirummaa gaggeessanis akka itti aanu kanaan ta’a. Jalqaba dhangaa naqsiisee namoota kadhata. Namoota kadhate sana waliin mana haadhaa dhaqu. Haadha isaa itillee afanii irra teessisu. Dhadhaa sammuu haadhaa irra kaa’a. Dhangaa baatanii deeman sana dursa haadhaaf kenna. Itti aansee namoota isa waliin deemaniif erga laatee booda haadha isaa bakka itilleerra teessee jirtutti midhaan dheedhii fuudhee dugda haadha isaa keessatti naqee haadha isaan itillee irraa ka’i jedhan. Isheen ammoo “Quufaafuu danda’ee hin ka’u” jettiin. Sana booda midhaanicha itillee irratti dhangalaastee kaati. Yeroo kana namoonni kadhatamanii dhaqan foollee siifuu seeraa jechuun sirbu.

Inni kan biroon ammoo namni Gadaa baafatu sun haatis ta’ee abbaan lubbuun darbaniiru yoo ta’e dursee daaccii baafata. Daaciiin ekeraa isaaniif kennuu jechuudha. Daaccii kanas sangaa qalee nyaataaf dhugaatii qopheessee firaa fi ollaa waamee nyaachisee obaasee daaccii baafata.

#### **4.2.1.9. Biqila Biqilfachu**

Buttaa baafachuuf ji’ifi torban tokko yemmuu hafu biqila biqilfatu. Kunis qophiin buttaa qalaaf eegaluusaa mul’isa. Bishaan ittiin biqilfatu jaarsa hirkoo, qadadduufi gurra urtuu waammatee faffata, dhibaayyuufi okolee qabatanii laga bu’anii dhibaafachuun Rabbiin kadhataanii waan baatanii dhaqan sana nyaatanii dhugu. Erga kana godhanii booda okolee baatanii dhaqan sanatti bishaan waraabbatanii gara manaa galu. Bishaan kanaanis biqila cuuphatu.

Akkuma biqilli biqilfamuu eegaleen jaarsa Caffee irraa seera qorachuu eegalu. Seerri isaan qoratan kun akkaataa sirna buttaa ittiin gaggeessan, waan barbaachisu, waan lagatamu, akkatti godhamu hunda adda baafachuun dirqama isaaniiti. Meeshaan sirna kanaaf qophaa’u hunduu haaraa ta’uu qaba. Nyaataafi dhugaatiin ni qophaa’a. Farsoo, daadhii gaanii saddeet, cuukkoo, caccabsaa, qorii, qor-soddomee, daabboo, biddeen, aannan, arraabsisa fa’atu qophaa’a. Nyaataaf dhugaatiin qophaa’us meeshaa saddeet, saddeetiin qophaa’uunis bara Gadaa tokkoo ibsa.

#### **4.2.1.10. Ulumaayee Cabsachuu**

Namni borumtii buttaa qalu guyyaa akka har’aa ijoolluma qe’eefi Qadaadduu isaa qabatee waaree duraa laga bu’ee ulumaayee galgala ittiin eebbifatanii laga bu’an cabsata. Yeroo kanas Qadaadduu isaa waliin turtii bakka dahoo ta’etti godhatu. Turtii isaan lamaan waliin taasisan kanaan yoo cubbuu yookaan yakka dhoksaatti hojjeteera ta’e Qadaadduu isaatti himata. Qadadduun isaas yakka yoo qabaate Rabbiin araara kadhataafi. Erga araara Waaqaa adeemsisanii booda mataa haadee, qeensa qoree, dhaqna dhiqa. Ulumaayee cabsatanii gara manaa deebi’u. Ulumaayeen biqiltuu urgooftuu guyyoota akka cidhaafaa cabsatanidha. Ulumaayeen akka afataatti, akka rigaatti akkasumas ittiin eebbisuuf kan fayyadudha. Ulumaayeen Qadadduufi abbaan buttaa cabsatanii galan kun namoota laga bu’uuf qophaa’aniif harka hakatti qabatamee ittiin eebbifatu.

#### **4.2.2. Yeroo raawwii Sirnichaa**

Yeroon raawwii sirna buttaa qalaa wantoota baay’ee ofkeessaa qaba. Wantoota yeroo sirna raawwii kanaa akka laguutti ilaalamu keessaa tokko abbaan, haatii fi obboleessi hangafaa yoo jiraate dhangaa sirna kanaaf qophaa’e hin soorratani. Sababni isaa yoo nyaatan ni botontoraa’u jedhama. Hoofcoo midhaan sirna kanaaf daakamettillee kan daakame yoo ta’e nyaachuu ni hooddatu. Nyaanni kan biro qofaatti qophaa’ee laatamaaf malee dhangaa sirna kanaaf qophaa’e hanga oofkaltii sirna buttaa qalaatti hin nyaatani.

Gama biroon ammoo adeemsa yeroo raawwii keessatti raawwiin sirna buttaa qalaa kan eegalu guyyaa akka borumtii buttaan qalamu har’a waaree booda irraa eegaluunidha. Kunis sirnoota akka gurra urachuu, ukoo kaawwachuu, dhugoo godhachuu, malkaa bu’uu irraa kaasee raawwiin sirnaa jalqabuu mul’isa.

#### **4.2.2.1. Ukoo Hidhachuu**

Abbaan buttaa Qadaadduu isaatiin qaama dhiqatee, qeensa qoratee, mataa haaddatee akkuma ulumaayee cabsatee galeen keessummoonniifi Foolleen dhufanii yeroo malkaa bu'uuf ka'an sirni gurguddaan mallattoo oofkaltii jedhamee raawwatamu ukoo hidhachuufi dhugoo godhachuudha. Gurra urachuufi dhugoo godhachuun gocha altokko raawwatu ta'ee kan dursee raawwatu ukoo hidhachuudha. Ukoon Sabbataa mataatti maratamuufi marxoon gaabii adii miilaa hammaa gateettiitti maratamu ta'ee kan hidhu Qadaadduu akkasuma obboleettiidhaanillee hidhamuu ni danda'a. Bullukkoon kun si'a saddeet marfamee uffatama. Si'a saddeet marfamuun bullukkoo bara Gadaan isaa aangoorra turu kan ibsudha. Shaashii adiin mataatti marama. Kunis marsaa Gadaatti kan hiikamudha. Isaan kun walitti ukoo jedhamuunis ni waamamu. Yemmuu ukoo hidhatu hiddii afurtama uka isaa keessa keewwata. Hiddiin afurtama Gadaa abbaa ilmi qaqqabee bulfachuu akka hiddii bareeduuf cululuquu ibsa. Walumaagalatti ukoo hidhachuun mallattoo bara luboomaati.

#### **4.2.2.2. Dhugoo Godhachuu**

Lubni jiidhaan akkuma ukoo hidhatee ka'een sirni itti fufee raawwatu gurra uratee dhugoo godhachuudha. Dhugoon sibiila birrii kan abbaan buttaa gurra uratee gurratti keewwatudha. Dhugoo kanas gurra uree kan gurratti kaa'u obboleettii isaati. Obboleettin ishee hangafaa ta'uu qabdi. Yoo obboleettiin waliin dhalatan hin qabne ta'e durbiitu seera kana raawwata. Durbiis akka carraa hin qabu yoo ta'e ammoo dubartii miinjee ta'eefitu bakka bu'ee raawwata. Akka carraa isaan kun hin jiran yoo ta'e Qadaadduun isaa gurra uree dhugoo gochuufii ni danda'a. sirni gurra uratani dhugoo godhachuus haala armaan gadii kanaan kan raawwatu ta'ee yoo obboleettiin gurra uruurratti garaa laafte Qadaadduun gurra uree obboleettiin dhugoo gurratti keessi.





*Suuraa 3: Yeroo obboleettiin lubaa gurra uruun dhugoo gurraa gootuuf agarsiisa.*

Yeroo Abbaan buttaa gurra uratee ukoo hidhatu Foolleen akkas jedhanii sirbaa dhiichisu.

Of-kali x2

Wayyaa lubakoo----- ofkali wayyaa luba koo

Gadaa abbaa kee----- ofkali wayyaa luba koo ofkali

Nagaan baatee-----ofkali wayyaa luba koo

Uraa gurra kee-----oofkali wayyaa luba koo

Yeroo kanatti namni buttaa godhatu sun gurra uratee dhugoo gurraa godhata jechuudha.

Gurra urachuun mallattoo odeeffannoo biyyaa qabaachuu, dubbii qulqulleessuu, qulqullun hojjechuu kan ibsu yoo ta’u, hiikaan dhugoo ammoo dhugaaf nan hojjedha, dhugaan dubbadha yaada jedhu of keessaa qaba.

Abbaan buttaa Foollee garee garee isaatiin sirbee jila hoo’isuu jalqabeen “Ofkalaa” jedhee ulumaayee Jaarsa hirkoofi Qadaadduu isaatiif kennee eebbisa.

Lubni jiidhaan yookiin namni buttaa reefu oofkale sunis akkas jechuun eebbisa.

Waaqni nagaan nu oolche  
Nagaan nu haa bulchu -----haa bulchu  
Gurra urannee dhugoo keewwanne  
Dhugoo dhugoo milkii nuu haa taasisu -----haa taasisu  
Dhugoo dhugaa nu haa taasisu -----haa taasisu  
Laga bu'uuf deemnaa nu haa milkeessu -----haa milkeessu  
Milkiidhaan nu haa galchu -----haa galchu

Eebba kana Lubni jiidhaan biroos yoo jiraate itti dabaluun eebbisa. Luba jiidhaa kan jennu kan miseensa Gadaa sanaa ta'ee buttaa qalee aangoo fudhachuuf qophaa'edha. Hawwii dhugaan hawaasa tajaajiluuf qaburraan kan ka'e kan milkiifi bara Gadaa dhugaa nuuf taasisi jedhanii eebbifatu. Erga ukoo hidhatanii wal eebbisanii booda darba eeboo siiqqee, harooressa, ulumaayee, alangaa gumarree qabatani deemsaaf ka'u. Haati manaa nyaataafi dhugaatii meeshaa saddeet saddeetiin qabachuun okoleef caaccuu ishee naqattee qajeelu.



**Suuraa 4:** *yeroo jilli buttaa laga bu'uuf deemu kan agarsiisudha.*

Yeroo laga bu'uuf deeman kana deemsa faana ulfaataa sirbaarra deemu. Sirbichas nama Gadaa baafatutu akkas jedhee eegala.

Yaa miseensaa yoo ooltan malee  
Beenaa dagaagaa waliin godaannaa  
Yaa daga'ee koo

Dagaagaa x2 faana godaannaa  
Yaa daga'ee koo  
Dagaagaa x2 faana godaannaa  
Yaa dagalii koo  
Dagaagaa x2 faana godaannaa  
Yaa dagalii koo  
Dagalii faana godaannaa jechaa sirbu.

Sirbi abbaan buttaa sirbu kunis hiika mataasaa danda'e qaba. Miseensota Gadaa isaa fi hawaasa isaatiin Gadaa badhaadhinaa, kan guddinaatti waliin seennee hojjenna. Waliin horree bal'annee oofkalla jechuudha. Dagaaguun waan hundumaan guutuu ta'anii mul'achuu ibsa.

Yeroo laga bu'an Abbaa buttaa dursanii hin deeman, hin qaxxaamuranis. Yeroo galanis akkasuma. Dhaloonna halkan shan ginna ciisee, Waaqa kadhatee bahe kun addaaf addunnaa qaba. Namatti rifannaan gaarii miti, ulfinaafi kabaja Gadaan qabu agarsiisuuf jedhameetu.

#### **4.2.2.3. Sirna Malkaa Irratti Taasifamu**

Miseensi dagaagaa waliin godaane yeroo malkaa gahu sirnoota raawwatamantu jiru. Malkaa irrattis sirnoonni raawwataman eebbifachuu, dhibaafachuu, dhangaalee sirna kanaaf baatamanii bu'an nyaatanii dhuguu, kalaalaafi gicha buqqifachuudhaan adeemsi malkaadhaa gara manaa deebi'uu taasifama.

##### **4.2.2.3.1. Eebba Malkaa**

Jilli buttaa Foolleen garee isaa, Dabballeen akka dabbalummaasaati warra buttaa dabaalee yemmuu laga gahu dursanii eebbatu adeemsifama. Warri Gadaa qaban hundi walga'anii gamaaf gamana dhaabatani hangafa kan ta'e Abbaa Bokkuun waamamanii dhiyaatu. Hangafni bahee "Dhaloonni siwaame koottu" jedha. Dhaloonna ammoo "Dhufe dubbadhu" jedhee bakka waamametti argama. Kanaan booda angafni akka angafaatti quxusuun akka quxusuutti gamaaf gamana dhaabatani Waaqa kadhatu. Kadhannaan isaaniis akka armaan gadiiti.

Yaa Waaqa gurraacha garaa garbaa  
Yaa Waaqa rooba garaa bishaanii  
Yaa Waaqa gungumaa garaa jawwee  
Yaa Rabbi uumaa keenya si kadhanna  
Gadaa keenya nu oofkalchi

Namaaf horii biyyaaf lammiin  
Gosa hundumaa waliin  
Yaa rabbi fayyaa nuuf kenni  
Rooba nuuf roobi  
Sanyii nuuf magarsi.

Jechuun haala armaan gaditti suuraan mul'atu kanaan walharkaa fuudhanii eebbisu.



*Suuraa 5: eebba malkaa irratti adeemsifamu*

Eebbi malkaa irratti taasifamu kun ittuma fufuun miseensota lubaan haala kanaan eebbifama.

Waaqni nagaan nu oolche  
Nagaan nu haa bulchu-----haa bulchu  
Bakkeen nagaan haa ta'u-----haa ta'u  
Bakkalchi bakkee haa ba'u----- haa ba'u  
Kan faca'e quufa haa ta'u----- haa ta'u  
Hallayyaan dirree haa ta'u -----haa ta'u  
Horiin haa horan -----haa horan  
Dheedee haa barbadeessu -----haa ta'u  
Barbadaan suga haa ta'u -----haa ta'u  
Dhugree haa booressu -----haa ta'u  
Booruun gabbina haa ta'u -----haa ta'u  
Adamoon deettii haa ta'u -----haa ta'u  
Duulli dannaba haa ta'u -----haa ta'u  
Dhugaan harka abbaa haa ta'u -----haa ta'u

Gumbiin haa guutu -----haa ta'u  
 Deessuun haa oofkaltu -----haa ofkaltu  
 Ijoolleen haa guddattu -----haa guddattu  
 Kan guddate haa dubbatu -----haa dubbatu  
 Gadaan keenya haa oofkalu -----oofkalchi Waaq  
 Oofkalaa!

Jedhanii kadhataanii nyaataaf dhugaatii qabatani dhufan erga dhibaafatani booda hangafa irraa eegalee hanga quxusuutti namoonni laga bu'an hundi osoo hin hafiin fal'aana gaafaatiin afaan walkaa'u. Dhibaayyuu baatanii bu'anis dhuganii akka ka'aniin angafni dhumarratti akkasiin eebbisa. Erga eebbifatanii booda sirni itti aanee raawwatu sirna kalaalaa kutachuufi gicha buqqisuu ta'a.

#### 4.2.2.4. Sirna Kalaalaa kutuufi Gicha Buqqisuu

Kalaalaan marga kan fakkaatu Bonaafi Ganna kan hin gognedha. Kalaalaan margoota jiran kana keessaa kan filatameefis akkuma burqaa Bonaaf Ganna waan hin googneef lalisaa, kan lafarra saaree daddagaagudha. Gadaanis bartokko ta'ee kan dhaabbatu osoo hin taane lalisaa marsaa isaa eegee naanna'udha. Kanaaf Gadaa lalisaafi kan itti fufee jiraatutti fakkeessufidha.

Gichaan ammoo marga jiidhaa biyyoo isaa waliin buqqisuun akka teessoof ta'utti buqqa'a. Abbaan buttaa baafate sun bultii shaniif irra taa'ee namaaf beeylada ofkalcha. Gichi kun oddoo keessa duubas ta'ee fuuldura iddoo ta'umsa guyyaa shaniif abbaa butta sanaaf mijatu dhaabama. Achitti margee hafuun hanga waggaa saddeetii kunuunfama. Ilmillee gichaa abbaa koo jedhee bara Gadaa isaatti deebi'ee buqqifachuu danda'a. Kun ammoo Gadaa abbaa ilmi deebi'ee bulfachuu, bultii shaniif irra taa'uun miseensa Gadaafi waggaa saddeetiif kunuunsee yeroo dadhabeellee dhufee achirra boqachuun bara bulchiinsa Gadaa isaa ibsuu yaadameeti. Laaftoos hundee lama cabsanii akka dibaabeetti garanaaf garasiin irra qabani deemu. Laaftoon qoree qaba, mallattoo waraana qabaachuufi diina ofirraa dhoowwuuti. Yeroo kana gara manaatti oldeebi'an jechuudha. Foolleen sirbaa, foolataa, dhiichisaa deemu.

Foolliyyoo roobaa hoo ya foollee  
 Ammayyaa leenci nama nyaataa maal wayyaa  
 Foolliyyoo roobaa----- hoo ya foollee  
 Ani maalan godhe Gadaa kee na waamee  
 Yaa foollee foollee -----yaa foollee foollee

Yaa foollee foollee-----yaa foolle foollee  
 Ya Roobalee -----ya foollee  
 Situ roobaa -----ya foollee  
 Ya Birmajii -----ya foollee  
 Foolliyyoo foolleen hooda ----- foolliyyoo foolleen hooda  
 Mukukulli hin ifuu foolleen hoodaa-----foolliyyoo foolleen hoodaa  
 Yoo waa ife malee-----foolliyyoo foolleen hoodaa  
 Yaa goota yaa gootaa foolleen hoodaa -----foolliyyoo foolleen hoodaa  
 Akkam dhiira gootaa foolleen hoodaa-----foolliyyoo foolleen hoodaa  
 Foolliyyoo roobaa birbirsi daraaree ya foollee----foolliyyoo foolleen hoodaa  
 Foolliyyoo roobaa birbirsi daraaree ya foollee ----foolliyyoo foolleen hoodaa  
 Gadaatu na waamee -----ya foollee  
 Gadaa isa saddeetaa-----ya foolle  
 Gadaa isa Roobalee-----ya foolle  
 Biyya akkam gootarree-----ya foollee  
 Foolliyyoo roobaa birbirsi daraaree ya foollee  
 Mirmirsi Gadaakee ya foollee  
 Of kali ofkali wayyaa luba koo ofkali  
 Wayyaa luba koo -----ofkali  
 Wayyaa ya lubee-----ofkali  
 Gadaa abbaa kee-----ofkali  
 Nagaan baatee-----ofkali  
 Saddeeta Gadaa-----ofkali  
 Uraa gurra kee-----ofkali  
 Haaduu kofa kee-----ofkali  
 Gadaa abbaa kee-----ofkali  
 Nagaan baatee-----ofkali

Sirba kana Dabballeen garee isaa qabatee, foolleenis ta’ee miseensi sadarkaalee Gadaa garagaraa walhiranii sonaan dhiichisaa yaa’u. “Birbisi daraaree Gadaatu na waamee” jedhu. Abbaan dabaree haa baafatu malee Gadaan kan waliiniiti, waamichi namtokkee hin eegamu.

#### **4.2.2.5. Yeroo Malkaatii Deebi’an**

Yeroo malkaa bu’anii gara manaa oldeebi’an akkuma duraan bu’anitti jilli sun sirba buttaa sirbaa, dhiichisaa deebi’a. Warrii luba jiidhaa kalaalaa addatti maratani, haati manaan okolee fudhattee buutetti bishaan waraabbatanii sonaan gara qe’ee ofiitti sirba isaan ibsu sirbaa yaa’u. Yeroo lagaatii deebi’anii gara manaatti galan kanas callisaniituma seenu osoo hin taane sirna karrarratti raawwatanii seenantu jira.

#### 4.2.2.5.1. Sirna Karra Banuu

Sirna Jilli buttaa galgaltuu laga bu'ee yemmuu deebi'u, mana bira gahee seera raawwatee karra seenu sirna karra banuu jedhama. Kunis sirni malkaatti ta'u raawwatee yeroo manatti dhiyaatan sirba “Abbaa karra nuu banimee” jedhu jechuun jalqabu.

Abboo karra nuu banimee  
Yaa shanan Gadaa karra nuu banimee  
Yaa yaa'ii Booranaa karra nuu banimee  
Yaa salgan Booranaa karra nuu banimee  
Abboo karra nuuf banimee x5

Abboo karra nuu banimee jedhanii yeroo shan irra deebi'uun kun shanan Gadaa Oromoo ibsuufidha. Faaruu kana dhaabbatanii yeroo faarfatan ijoolleen nama buttaa bulfatuu karra irra dhaabbatanii akka abbaan isaanii eebbisee bira darbuuf ittisu.

Namtichi buttaa bulfatus akkas jedhee ijoollee isaa eebbisuun darbee gala.

Ani Gadaa abbaa kootii gahee  
Atis Gadaa abbaa keetii gahi  
Guddadhu nama guddaa ta'i  
Bakka hiriyyaa kee gahi  
Ofkali hori badhaadhi jedhee eebbisa.

Sana booda qabeenya isaa keessaa sa'a, qotiyyoofi kan biroo kenna. Kanas yoo dhabe ammoo ebiyyuu qabeenya jedheetu eebbisee darba. Ijoolleen isaas gartokkotti goranii dabarsu. Kalaalaa mataa isaanii irraa qaban sana balbala durattii gatanii seenu. Erga mana galaniis eebba eebifatu. Eebbi kunis akka armaan gadii ta'a.

Angafni deettiidha  
Duulaa dannaba  
Konkonni quufa  
Abjuun hirriba  
Lubbuun bultuma  
Daldaallaan birrii  
Dubbannaan wili  
Gadaan kan milkii  
Gadaa na oofkalchi

Erga wal eebbisanii sirbi Gadaa bifa hoo'aan sibamaa hanga barii lafaatti itti fufu. Keessattuu foolleen sirba foollummaasaa dhiichisaa jifuusaa fudhata, hirmaattotnis dhaangaa qophaa'ee nyaachaa, dhugaa taphachaa halkan bariisuu. Abbaan buttaa bulfatu sun gicha yookaan

caffee buqqifatanii fidan sanarra taa'a. Hamma halkan shaniittis hin rafu. Yoo hirriibni isa qabelle Jaarsa hirkoo isaatti hirkata malee rafuun hin eeyyamamu. Hantuutni gurra si seenti hin raftu jedhuun. Hantuuta gurra seena jechuun Gadaatu seela'a, ni qorra, hin ofkalu jechuudha.

#### **4.2.2.5.2. Qooda Kennuu**

Galgala erga mana galanii hirmaattotni sirnichaa hamma halkan waariitti sirbaa dhiichisu. Sirba buttaa sirbaa waan seerri isaaniif eeyyema qooda fudhatan qabu. Jifuun kennamu kun nama buttaa godhatu suniin ta'ee namoonni sadarkaa Gadaa keessa jiraniin jifuu isaanii kana fudhatu. Yemmuu jifuu fudhatan kanas sirbaa, abbaa buttaa faarsaa fudhatu. Itti makoon sirba itti makoosaa sirba, Foolleenis sirba foollummaasaa sirbaa, Warri Gadaa keessaa ba'anii sadarkaa guulummaa garagaraa keessa jiranis sirba lubummaa gadhiisuu isaanii ibsu sirbaa jifuu isaanii fudhatu. Garuu irra caalaatti gareen sirbee qooda qabu fudhachuudhaan beekamu garee Foolleefi Dabballee yookaan Gaammeedha.

#### **4.2.2.5.2.1. Jifuu Dabballee**

Akka naannoo qorannoo kanaatti Dabballeen garee eegoo Foolleeti. Dabballeen akka Foollee ciminaan hanga guyyaa oofkaltiitti sirbuu baatus gara guyyaa jalqabaa fa'a sirbee qooda fudhatu qaba. Innis yeroo baay'ee aannan fudhchuun kan beekamudha. Dabalataan dhangaaileen buttaaf qophaa'an keessaa kanneen akka cuukkoo, qorii, qorsoddomee, caccabsaa, daabboonillee kan kennamuufii danda'u ta'ee, sirba dabbalummaa faaarsan sirbuun of beeksisa. Sirba kana keessaa akka fakkeenyaatti

Dabballee dabboo  
Hoo yaa dabboo  
Dabballeen daa'ima hin jennee  
Fidi aannan koo  
Hoo yaa itti makoo  
Jabbilee loonitti maki  
Hoo yaa itti makoo  
Gadaatu na ga'ee  
Jabbilee loonitti makihoo

Jechuun sirba dabbalummaa isaa ibsu sirbaa qoodasaa fudhata. Kunis Gadaatti makamuu yookiin dabalamuun hiikama.



#### 4.2.2.5.2.2. . Jifuu Foollee

Jifuu Foolleef kennamu keessaa warri hafuu hin dandeenye daabboo difoo, daadhii yookaan farsoo gamboo tokko, dhangaalee nyaataa shanan cuukkoo, caccabsa, qorii, qorsoddomee, foon dirraa, arraabsisa fa'adha. Foolleenis halkan akkanaa sirbaa jifuusaa fudhata.

Lootiidha lootiidha sibiilli gurraa lootiidha  
Lootiidha lootiidha sibiilli gurraa lootiidha  
Mootiidha gooftaan durattuu mootiidha  
Mootiidha gooftaan durattuu mootiidha  
Moosisi ya Waaq moosisii  
Oofkali wayyaa luba koo oofkali  
Gabatee mukaatan muree  
Oofkaltii lubaatan dhufee  
Oofkali wayyaa luba koo oofkali

Erga isaan sirriitti sirbanii Lubichi isaan oofkalcha. “Oofkalaa oofkalaa” jedhee garee Foollees ta'ee kan biroo akka kanaa eebbisa.

#### **Luba**

#### **Tuuta Foollee**

Sinan eebbisaa eebba qabadhaa-----leel  
Addaaf addunnaa argadhaa -----leel  
Siree Waaq koraa irraa hin bu'iinaa-----leel  
Oota Waaq seenaa hin dhiqatiina-----leel  
Na gabbiftanii gabbadha -----leel  
Karraaf sanyiin gabbadhaa-----leel  
Afurtama abbaa keessanii argaa-----leel  
Nagaan bobba'aa galaa-----leel

“Manni, karri keessani, taphadhaa, dhiichisaa, daadhiin garba baarree naaf nyaadhaa, dhugaa waan hanqate nutti himaa,” jedhee qooda kennaaf.

Maal siin jedhe ya foollee gooftaan mana kanaa  
Daadhiin garbaa silaa ragadumaa  
Nyaadhaa dhugaa jechaan sagadumaa

Kanatti aansee Lubni kennaa isaanii kennaaf. Kennaan isaanii kenname kun yoo seeraan kennameef abbaan buttaafi haati warraa ni faarafamu.

Daalee koolaa yaa daalacha koolaa  
Ni tolchite yaa gooftaa koo

Intala namaa fuudhuun gaafkana tolaa jedhu.  
Sirbi kun haadha warraa lubaa jajuudhaaf sirbame. Ittuma fufuun akkasiin faarsu;

Hoohee baataa mitii qalaamaatu raro buusee  
Gooftaa mitii giiftiitu samaa kuusee  
Yaa amartii quba nyaattuu  
Yaa dubartii dhiira caaltuu

Foolleen jifuu isaa fudhatee yeroo qodaa galchus ni faarsa.

### **Foollee**

### **Tuuta Foollee**

Ya Foollicha ya Foollicha-----jiraa jenne jirra jenne  
Qodaan gale qodaan gale -----moraan bade moraan bade  
Baqsaa qaba ya Foollee baqsaa qaba-----loon haa horan haa horan  
Qodaan bu'e ya Foollee qodaan bu'e-----moraan du'e moraan du'e

Erga qodaa eebbisanii galchani Foolleen sirba dhiichisuutti fufu.

Daandii qalloo qallayyoo kan warra Bisilii  
Nyaannee dhugne yaa gooftaa magaallee as nutti filii

Sirbi kun shamarran waliin sirbuu barbaaduu isaanii agarsiisa. Kanaan booda shamarranis  
sirbuu ni danda'u. Foolleen akkanaa durba faarsiti.

Yaa malkaa yaa malkaa raaree riqicha hin qabneee  
Eessaa fidde meeqaan bitte yaa gooftaa  
Wajagaa luugamni hin qabnee

Foolleen durba waliin sirbuu qofa osoo hin taane jifuun durbarraallee qaban jira.

Barroolee koo kooyyaa barroolee  
Barrooleen hafe jifuun Foollee  
Barroolee qabda kan ittiin sirbituu  
Sanyoollee qabda kan wajjin sirbituu

Barroolee jechuun daabboo akka mulmuliitti xixiqqaatee hamma barruu harkaa gahu  
bareedinaan saramee tolfamee kan durbi Foolleef kennitudha. Kana qofa miti shamarran  
kan akka shankooraa waan ciqileerra hin caalle kuulaan maranii kennuu, shittos ni dibu.  
Kunis jaalala, miidhagina foollummaa, kan bara Gadaa agarsiisa.

Yaa shankooree shankooraa duffuriin leensaa  
Koottuu na wajjin ragadi atuu beektaa  
Yaa shittaayee shittoon eessaa  
Yaa magaala shurrubbaan leensaa

Sirna jifuu kennuu kanarratti Foolleen nama itti rincice, niqeeqa, ni arrabsa.

Oofkali wayyaa luba koo oofkali

Wayyaa luba koo oofkali  
Saddeeta Gadaa oofkali  
Maqaan si badaa oofkali  
Soofani quncee mukarraa hin soofani  
Hin dhoowwani Foollee Lubarraa hin dhoowwani

Lubichi akeekkachiisa kanaan jifuu Foollee yoo dhiyeessuu baate akkasiin arrabsu.

Daamaa eega qurquraa  
Abalu sooressa hin jennee  
Maalif kaboota gurguraa  
Eeyyee kaboota gurguraa

Haala kanaan Foolleen sirbee Gadaafi warra Lubaa oofkalcha. Sirbi warra Lubaa ammoo oofkalii baaya'ata.

Oofkali wayyaa luba koo-----oofkali  
Oofkali bara Gadaa-----oofkali  
Oofkali barakataa-----oofkali  
Oofkali barri Gadaa-----oofkali  
Ammas dammaa-----oofkali jechuun bara Gadaa isaanii ibsu.



*Suura 6: jifuu Foolleef kenname agarsiisa*

Egaa Foolleen halkan sana mana warraa buttaarra deemee akkasiin dhiichisee taphatee akka Lubni hin rafne taasisa. Hamma hindaaqqoon iyyee daadhiin biifamuutti, achii ammoo akka

haaraatti sirbaa bulu. Jifuusaa fudhachaa hamma halkan shaniitti sirba. Jifuun garuu akka gaafa duraatti guyyaa shananiif itti fufa osoo hin taane kan guyyaa jalqabaan boodaa dirqama hundatu argamuu qaba jechuu miti.

#### 4.2.2.5.3. Daadhii Biifuu

Galgala duraa malkaa bu'anii ulumaayee cabsatanii, kalaalaafi gichaa abbaa buttaaf dhaabatee guyyaa shaniif irra ta'u buqqifatanii galu. Bariitusaa iyya handaaqqoo ka'anii sirni raawwatu sirna daadhii biifuuti. Foolleen halkan sirbaan jila hoo'isaa turan yeroo kanas ka'anii yeroo shan "Abbaan galmaa jiraa" x5 jedhu. Abbaan galmaas "Jira jira" x5 jechaa iddoo ta'umsaa isaa gicha dhaabameef sanarraa ka'ee karaa boroo daadhii biifaa dhufa. Sirni kun isa bari'uuf milkii qajeelfachuu, badhaadhummaa Gadaa sunii agarsiisuuf jedhamee sirna taasifamudha. Daadhii biifanii booka dhugaa sirba Gadaa sirbuun lafa bariisani, gara korma qaluufi dhaqna qabachuutti gocha darbuuti.

#### 4.2.2.6. Korma Buttaa Qaluu

Namni buttaa godhatu ganama barii ka'ee kormas ta'ee horii ofkaltiif ta'u ni qala. Horiin qalamu kan bifa tokko qofa ta'uu qaba. Buburreefi gurraacha yoo ta'e ofkaltiif hin ta'u jedhama. Yoo horii qalu dhabe ammoo daabboo xaafii diimaa qala. Daabboollee yoo dhabe dirra lafaatti aggaama. Sababiin isaas halbeen yookaan haaduun qaluuf qophaa'e waa osoo hin qaliin hafuu hin qabu. Yeroo korma qalu kanas luboonnif maanguddoonni dursanii ebbisu.

Kan nagaan nu bulche, Nagaan nu haa oolchu -----haa oolchu  
Biyyaaf nagaa nuu haa kennu---haa kennu  
Hamaa nurraa haa qabu-----haa qabu  
Tolaa nutti haa qabu -----haa qabu  
Dhaloota haa milkeessu-----haa milkeessu  
Gadaan quufaa gabbina-----gabbisi Waaq!

Lubni jiidhaanis akka armaan gadii kanaan eebbifata.

Kan isin jettan tolaadha  
Tolaan nu haa gahu-----haa gahu  
Hamaan diina haa gahu-----haa gahu  
Gurraan aaga na dhaggeessisi-----dhaggeessisi  
Ijaan gaarii na agarsiisi-----agarsiisi  
Biyyaaf nagaa kenni -----kenni  
Waliigaltee nuu kenni -----kenni

Waliigalii nuu toli -----toli  
Saba koof umurii harraagessaa  
Anaaf maqaa leencaa kenni -----kenni  
Gadaa gabbinaa nuuf taasisi jedha

Foolleen korma buttaa gara mirgaatti kuffisu. Lubichi albee korma qaluuf qophaa'een korma buttaa morma buusa.



*Suuraa 7: korma abbaan buttaa baafatu barii ka'ee qalu agarsiisa.*

Gareen Foollee harka mirgaa korma qalame irraa gogaa baasuuf. Gogaa Korma qalame kana irraa baafates lubichi harka mirgaatti godhata. Kun ammoo meedhacha harkattii godhachuu isa jedhamuun beekamudha. Meedhachi harka mirgaa horii qalameerra bahuun harka lubaatti keewwtamu kun mallattoo abbaa mirgaa ta'uu agarsiisa. Duudhaa Abbaa dhalootaa ta'uu mul'isa. Meedhacha kana hamma halkan shaniitti yookaan hanga ofkaltiitti harka isarraa hin baasu. Akkasumas adda sangaa qalamee irraa gogaa baafatee adda isaatti godhata. Sirni kun ammoo addoo jedhama. Addoo addatti godhata. Dhiiga sangaa qalamees adda isaa tuqsiifata. Gogaan sangaa qalamees gabaa bahee hin gurguramu; manatti hafee itilleefi teepha ta'a.

#### 4.2.2.7. Dhaqna Qabachuu

Sangaa qaluutti aanee kan raawwatu dura dhaqna hin qabanne yoo ta'e yeroo kana dhaqna qabata. Yoo dura dhaqna qabateera ta'eyyuu seeraaf waan raawwatutu jira. Kunis baala warqee kofa gidduu kaa'anii qarabaan warqee sana akka qaamni isaa xiqqoo dhiigutti kutu. Kun ammoo seera waan ta'eef hin hafu. Yemmuu dhaqna qabatu jaarsa Jaalaatti hirkatee taa'a. Yoo haaraa dhaqna qabata ta'e qaama murame kan fuudhu haadha Warraa Lubichaati. Haati Warraa yoo dhabamte ammoo Qadaadduu isaati. Qaama dhiiraa murame kanas baala warqeetiin martee dhoqqee loonii keessa awwaalti. Qaamni murame alatti yoo hafe oofkaltii Lubaaf gaarii miti jedhama. Itti aansee haati warraa nama buttaa baafatu Sanaa bishaan okoleetti fiddee sanaan xuwwee haaraatti irra keessee abbaa manashee dhaqna qabateef marqaa marqitee laattiifi. Yeroo namtichi buttaa godhatu kun dhaqna qabatu foolleen akkana jedhanii sirbu.

Ofkali x2 wayyaa luba koo ofkali ---- oofkalix2 ofkali wayyaa luba koo oofkali

Gadaa abbaa kee ----- oofkali  
Uraa gurra kee ----- oofkali  
Haaduu kofa kee ----- oofkali  
Ofkali wayyaa luba koo ----- oofkali

#### 4.2.2.8. Ulmaa Ciisuu

Sirni ulma ciisuu guyyaa dhaqna qabatan irraa kaasee hanga bultii shaniitti kan itti fufudha. Guyyaa shanaffaan ulmaa bahan kun guyyaa oofkaltiis jedhamee ni beekama. Guyyaa shanan ulma ciisuu jedhamee beekamu kana keessatti abbaan buttaa gola isaaf qophaa'e keessatti olgalee taa'a. Waanti barbaade yoo ta'e, namnillee yoo du'e hanga guyyaa shanaffaa yookaan oofkaltiitti deemuu hin danda'u. Ulmaa isaa keessa taa'ee sirnasaa oofkalcha. Nama ulmaa ciisu dubbisanii yoo ba'an ulmaan ulmaa leencaa haa ta'u jedhu. Turtii guyyaa ulmaa kana keessatti Foolleen sirba Gadaa sirbuun hanga oofkaltiitti tura.

##### 4.2.2.8.1. Sirba Bultii Shanan Ulmaa Sirbaman

Sirbi sirna raawwii buttaa qalaa kana irratti sirbaman heddudha. Irra caalaatti garuu buttaan qalamee bultii shaniif yeroo turutti namoonni sadarkaa garagaraa keessa jiraniifi Foolleen sirboota garagaraa sirbuun jilicha hoo'isu. Sirboonni sirna kanarratti sirbaman kan lubaan

sirbaman, kan Dabballee, kan Raabaaf Qondaalaa fi hirmaattota hunda jaarsaaf jaartii dabalatee sirbamantu jiru. Irra caalaatti garuu sirna buttaa qalaa kanarratti sirbi beekamu sirba Foolleeti.

#### 4.2.2.8.1.1. Sirba Dabballee

Sadarkaa Gadaa keessatii Dabballeen daa'ima jedhamuun beekamu. Maqaan sadarkaa Gadaafi miseensota Gadaa akkuma jalqaba garaagarummaa qabu jenne naannoodhaa naannootti wal hin fakkaatani. Akka naannoo qorannoo kanaatti Dabballeen warra sadarkaa Gadaa lammaffaa keessa kan jiran yoo ta'u isaanis sirba Dabballee sirbuun beekamu. Sirba Dabballee keessaa:

Dabballee dabboo-----hoo yaa dabboo  
Dabballee daa'ima kichuu oolchan silga---- Dabballee daa'ima kichuu oolchaan silga  
Damma ciicoo----- damma ishiinoo  
Damma qarree-----fidi maarree  
Dabballee dabboo -----hoo yaa dabboo  
Dabballee daa'ima kichuu oolchan silgaa  
Hoo yaa itti makoo jetti-----hoo yaa itti makoo  
Ijoolleen hin qottuu-----hoo yaa itti makoo  
Irraa fuudhi qaccee-----hoo yaa itti makoo  
Dabooroon hin loltuu-----hoo yaa itti makoo  
Irraa fuudhi gaalee-----hoo yaa itti makoo  
Jabbilee loonitti makoo-----hoo yaa itti makoo  
Gaalee yaa kakaksaa-----hoo yaa itti makoo  
Erga hirtaa taatee-----hoo yaa itti makoo  
Addaan nuu baqaqsaa-----hoo yaa itti makoo  
Yaa ittimakoo jetti -----hoo yaa itti makoo  
Otoon qottoo ta'ee-----hoo yaa itti makoo  
Ceekaa jalan muruu-----hoo yaa itti makoo  
Osoon nadheen ta'ee-----hoo yaa itti makoo  
Seesaa jala hin bulu-----hoo yaa itti makoo  
Hoo yaa ittimakoo jabbilee loonitti makuu

Sirbi kun sirba Dabballee yookaan Gaammeen sirbanidha. Akka hawaasa naannoo qorannoo kanaatti Dabballee kan jedhamu umurii (9-16) kan jiranidha. Umurii kanatti Gaammee jedhamuunis kan beekaman yoo ta'u, Foolleetti aananii waan jiraniif asumaan sirba eegalu. Foolleen sirbee jila hoo'isuun dirqama isaa keessaa tokko waan ta'eef isaan kunis asumaan

sadarkaa isaanii keessa taa’anii kan itti aanee dhufuuf gara of qopheessuutti deemu jechuudha. Sirbi isaanii kunis sadarkaa keessa jiran kan leellisu, Gadaatti dabalammuu isaanii kan ibsu, akkasumas kan jireenya hawaasaa keessattillee waan qeeqamuu qabu kan akka jagnoomuu dhabuu fa’a niqeequ.

#### 4.2.2.8.1.2. Sirba Foollee

Sirna buttaa qaluu keessatti tuutni Foollee gahee guddaa qaba. Yeroo jilli Gadaa bobba’u kan jila hoo’isu, yeroo buttaan qalamu kan korma kuffisu, seera dabe afoolaan himee kan sirreessu Foolleedha. Walumaagala Foolleen qaama aadaafi safuu hawaasaa eegudha. Kanas yeroo baay’ee sirba Foollummaa isaarratti sirbuun kan sirrii ta’e jajee, kan dogoggoraa qeeqee, kan humna malee jedhee didellee humnaan hanga adabuutti mirga qaba. Sirboota Foolleen bara Foollummaa isaanii warra lubaarra naanna’anii sirban keessaa kan armaan gadii haa ilaallu:

Kan baasu

kan jalaa qaban

Foolliyyoo roobaa -----hoo ya foollee

Ani maalan godhe Gadaa kee na waamee-----ani maalan godhe Gadaa keen a waamee

Yaa foollee x2 ya Horata-----yaa foollee follee

Yaa foollee x2 maalgodhata-----yaa foollee foollee

Yaa foollee x2 ya Birmajji-----yaa foollee foollee

Yaa foollee x2 ya sirbashii-----yaa foollee foollee

Yaa foollee x2 ya Michillee-----yaa foollee foolle

Yaa foollee x2 maahin dhiichifnee-----yaa foollee foolle

Yaa foollee x2 ya Roobalee-----yaa foollee foollee

Yaa foollee x2 michuu roobaa-----yaa foollee foollee

Foolliyyoo roobaa-----hoo ya foollee

Abbaan kee qeerransa ya sanyii qeerransa---hoo ya foollee

Sirbi kun seensa buttaa guyyaa jalqabaarratti baay’inaan sirbama. Foolleen waamicha Gadaa dhagahee seera isaa raawwachuuf deemu agarsiisa. Akkasumas bara Gadaa faarsuun waan Gadaan sun ittiin beekamuu fi moggaasa isaallee eera. Sirba Foolleen maqaasaatiin sirbuufi guyyaa jalqabaa sirbu keessaa foolliyyoo foollle roobaa birbirsi daraaree Gadaatu na waameen isa tokkodha.

Foolliyyoo roobaa birbirsi daraaree ya Foollee ----Foolliyyoo roobaa birbirsi daraaree ya Foollee



Daraare daraaree -----ya foollee  
Gadaatu na waamee -----ya foollee  
Gadaa isa saddeetaa -----ya foollee  
Gadaa irreen majii -----ya foollee  
Kan warra Birmajii -----ya foollee  
Foolliyoo roobaa birbirsi daraaree lubatu nawaamee ya foollee  
Foolliyoo roobaa birbirsi daraaree lubatu na waamee ya foollee

Sirba Foollee keessaa tokko ‘birbirsi daraaree Gadaatu nawaamee’kan jedhudha. Daraaruun birbirsaa fi gogeessi Gadaa waaniin walfakkaatu qaba. Akka odeeffataa Obbo Didhaa Dharraa (gaafa guyyaa 14/7/2011) jedhanitti: ‘Birbirsi kan daraaru waggaa saddeetitti altokko, roobnis bara Gadaa ni mirgisa; barri Gadaa tokkoo saddeeti, Gadaan rooba jaalatti. Warri foollee sirbanis uumaan walfakkeessu.’ Yaanni kunis Gadaa waggaa saddeet saddeetiin naanna’uufi muka uumamaa waggaa saddeet saddeetitti altokko daraaruun walqabsiisuun kun hangam sirni Gadaa seera uumaan hariiroo akka qabuufi cimina falaasama hawaasichaa agarsiisa. Dabalataan barri foollee sirban rooba qaba, Foolleenis akka roobaa nama gabbifti, eebbifti jechuudha.

Akkasumas Foolleen waan sirnicha irratti itti hin tolle, waan hawaasa keessatti jibbe, waan jechuu barbaade jechoota saalfiillee saalfii tokko malee jedha. Kanas siba foolleetiin saalfii tokko malee jedha. Nama Gadaa gate ni arrabsu, sigabaa ni arrabsu, dubartii sagaagaltuu ni arrabsu waan aadaa cabse ni balaaleffatu.

Yaa Gadaa gattee yaa Gadaa gattee  
Yaa sanyii baddee yaa sanyii baddee  
Jilbatti baadhu lammii baqadhu  
Erga Gadaa abbaa kee gattee

Jiruufi jireenyi Oromoo sirna Gadaatiin gaggeeffama. Gadaa gatuunis nama tuffachiisa, hawaasummaan ala nama taasisa. Kanaaf Gadaa gatuun duudhaa abbaa ofii dhiisuun lammii ofii dhabuudha.

Yaa kormaa hindaaqqoo yaa lama iyyaa  
Sigabaan manuma jiraa baasaa yaa warra biyyaa  
Foollee sonuu Foollee sonuu  
Foollee dhirsa sigabaa kooruu  
Lallabee silaa hin ooluu

Sigabaan nama niitii nama heerumtee ijoollee qabdu kan abbaan manaa irra hin jirretti galedha. Gochi kun ammo hawaasa keessatti fudhatama hin qabu. Ijoollee nama biraa waan ta'eef gidirsuu danda'a jedhaniiti.

Sirba buttaa irratti sirbamu abbaan barbaade jaarsi, jaartiinillee Foolleetti makamuun ni sirbu. Yeroo baay'ee Gaammeefi Foolleetu walannaa waan ta'aniif gargar qoodamu.

Ofkali x2 wayyaa luba koo ofkali  
Soofani x2 quncee mukarraa hin soofani  
Dhoowwani x2 foollee lubarraa dhoowwani  
Ofkali x2 wayya luba koo ofkali  
Ofkali x2 wayyaa luba koo ofkali  
Wayyaa luba koo ofkali  
Uraa gurra kee ofkali  
Muraa gedeedaa seera tumamee  
Eebba Abbaa Gadaa nuuf ibsaa aaadaa

Sirbi kun ammoo luba dhugoon gurra gahee, haaduun kofa gahee, kan buuranni sammuu gaheef sirbama. Obbo Dabalee Dirribaa (afgaaffii gaafa guyyaa 25/7/2011). Dhugoon gurra gahe gurra urachuu, dhugoo godhachuudha. Haaduun kofa gahuun dhaqna qabachuu, buuranni sammuu gahuun kallacha godhachuudha. Akkasumas Lubni Foollee malee hin oofkalu, hin bareedu, yoo Lubni Foollee kunuunsuu baatellee ni arrabsu, namni irraa dhoowwu hin jiru.

Sirba Foolleen akka Lubni halkan hin rafneef sirban hedduu keessaa:

Yaa sayyoo -----yaa sayyoo  
Sayyeessitee -----yaa sayyoo  
Gadaa abbaa kee-----yaa sayyoo  
Wayyeessitee -----yaa sayyoo  
Mukti gogaan baala hin qabu-----yaa sayyoo  
Barri Gadaa saalfii hin qabu-----yaa sayyoo  
Kurupheen kuftee qufaatee -----yaa sayyoo  
Adaraa ruxxee mucaa kee -----yaa sayyoo  
Yaa sayyoore ya sayyoo-----jaarsillee qaba sanyoo

Sayyon sirba Foolleen sirbitu keessaa isa beekamaadha. Kunis maqaa gosaa waliin walqabata.

Hoo dannaboo -----hoo dannaboo  
Dannab galchee ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Ilma dhalchee ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Adiin mirgaa ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Yaa goota koo ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Nan sii sirbaa ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Lafa dhiitii ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Bishaan baasii ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Diina dhiibii ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Biyjaa baasii -----hoo dannaboo  
Hoo dannaboo-----hoo dannaboo  
    Foolii shittoo ya dannaboo-----hoo dannaboo  
    Yaa gardaalee -----hoo dannaboo  
    Ijoollee Gindoo -----ya dannaboo  
    Akkas malee -----ya dannaboo  
    Hidda goosuu -----ya dannaboo  
    Gaddarbattee -----ya dannaboo  
    Isa boossuuf -----ya dannaboo  
    Amma argattee-----ya dannaboo  
    Ya korma koo-----ya dannaboo  
Baga argattee-----ya dannaboo  
Hoo dannaboo-----ya dannaboo  
Sagalee kee -----ya dannaboo  
    Kan geerarsaa-----ya dannaboo  
    Utaalchi kee -----ya dannaboo  
    Kan qeerransaa-----ya dannaboo  
    Yaa sukaalee-----ya dannaboo  
    Fooliin gootaa-----ya dannaboo  
    Natti urgaahee-----ya dannaboo  
    Hoo dannaboo-----hoo dannaboo  
Abbaan Gadaa ya dannaboo-----hoo dannaboo  
    Abbaa keenyaa ya dannaboo -----hoo dannaboo  
    Tattabachuun yadannaboo-----hoo dannaboo  
    Mirga keenyaa-----hoo dannaboo  
    Biyya keetti -----hoo dannaboo  
    Shubbisimee -----hoo dannaboo  
    Kan situqee-----hoo dannaboo  
    Kuffisimee-----hoo dannaboo

Hoo dannaboo-----hoo dannaboo  
 Mukti lagaa ya dannaboo -----hoo dannaboo  
 Ofiin jiguu -----hoo dannaboo  
 Muran malee -----hoo dannaboo  
 Ijoolleen Gindoo -----hoo dannaboo  
 Nama hin tuqxuu-----ya dannaboo  
 Jabaadhaakaa  
 Dhugaa taphadhaa  
 Akkas malee

Sirba sirna kanratti sirbaman keessaa ya dannaboon isa tokkodha. Sirba kana yeroo baay'ee warra sadarkaa Guulaa fa'a keessa jirantu sirbuu jaalata. “Ya dannaboo dannabsi Gadaa kee” jedhu. Kunis Gadaan gabbina gabbisi Gadaa kee, tolchi jechuudha.

Yaa sayyoo-----yaa sayyoo  
 Sayyoo x2-----yaa sayyoo  
 Sayyo reeree-----yaa sayyoo  
 Kan abaluu-----yaa sayyoo  
 Sanyoon meerree-----yaa sayyoo  
 Ani hin jennee -----yaa sayyoo  
 Gadaa jedhee-----yaa sayyoo  
 Gadaa sayyoo -----yaa sayyoo  
 Kan waaqayyoo -----yaa sayyoo  
 Hiisaa ----- hiisaa  
 Hii'isee biriqqisee ----- hii'isee biriqqisee  
 Ookkokkoo -----ookkokkoo  
 Oobbobbo -----oobbobbo  
 Koobii x2 naaf qarqadii -----soofii x x2 durba anaadadii  
 Attam gurbaa ----- yaa sayyoo  
 Ani hin jennee -----yaa sayyoo  
 Gadaa jedhee -----yaa sayyoo  
 Kan waaqayyoo -----yaa sayyoo  
 Hiisaa hiisee biriqqisee ----- hiisaa hiisee biriqqisee  
 Ookkokkoo oobbobbo -----ookkokkoo oobbobbo  
 Koobii x2 duuba waraanii-----soofii x2 durba Galaanii  
 Attam gurbaa -----yaa sayyoo  
 Ani hin jennee -----yaa sayyoo  
 Gadaa jedhee -----yaa sayyoo  
 Gadaa sayyoo -----yaa sayyoo  
 Kan waaqayyoo -----yaa sayyoo  
 Hiisaa hiisee biriqqisee -----hiisaa hiisee biriqqisee  
 Ookkokkoo oobbobbo-----ookkokkoo oobbobbo

Egaa tuutni Foollee hanga buttaan bultii shaniif turutti sirboota kanaa fi kanneen kan fakkaatan mana warra Lubaarra naanna’anii sirbu. Buttaan bultii halkan shanii booda ofkalee Foolleenis bara foollummaasaa akka hin gaabbinetti waan jedhu jedhee waan raawwatu raawwachuu qaba. Foolleen saalfannaan kormatu ari’uu saalfata, midhaantu daraaruu saalfata, Foolleen sodaannaan biyyatu weerarama, safuuf seeratu caba jedhu.

#### **4.2.2.9. Ukoo Hiikkannaa**

Sirna ulmaa bahuutti aansee kan gaggeeffamu sirna ukoo hiikkannaati. Akka maanguddoonni aanaa Gindabarat ibsanitti sirni ukoo hiikkannaa seera mataa isaa qaba. Ukoo hiikkannaa dursa caffee yookaan abbaa seeraa irraa qorataniis waan itti hiikkatan irratti waliigalu. Yeroo baay’ee waanti irratti hiikkatan doogamtuudha. Doogamtuu jechuun mortuu jechuudha.

Guyyaan ukoo hiikkannaa kun “Ballisii” jedhama. Ballisii jechuun Gadaan kun waggaa saddeetiif hoogganee gaggeesseera. Amma ammoo dhaloota itti aanuuf dabarsee kennuudha. Kanaafuu ballisii jechuun guyyaa sirna aangoon itti waljijjiiramu jechuudha. Sirna kanarratti namoota miseensa Gadaa sana ta’anii buttaa qalan maratu aangoo fudhata osoo hin taane miseensa Gadaa sana keessaa namoonni aangoo fudhatanii biyya bulchuuf qophaa’an duraan kan filatamanii beekamanidha. Filannoon kunis sadarkaa Qondaalaa irraayyuu kaasee kan murtaa’e ta’uu mala.

Gama biroon ammoo sirni ballisii kun sirna alaangaa walharkaa fuudhuu jedhama. Sirna kanas kan raawwachiisu Abbaa Bokkuuti. Abbaan Bokkuu yaa’ii taa’ame sanarratti warra aangoo yookaan alangaa kennuu fi fudhatu sana raawwachiisa. Dursa angafni bahee eebba eebbisuun itti aansee sirni walharkaa fuudhinsa aangoo gaggeeffama. Yemmuu sirni walharkaa fuughinsi aangoo kun raawwatu warri yookaan miseensi Gadaa aangoo kennu taa’ee, miseensi aangoo fudhatu ammoo dura isaanii dhaabbachuun eebba fudhatu. Gochaan kunis kabaja hangafummaa agarsiisuuf akka ta’eefi warra aangoo dabarsee kenneefis akka bara hojii gaggeessaa turan ofirraa dabarsuun dhalootaaf kennanii ofiif ammo yeroo taa’anii gorsan ta’eetti kan fudhatamudha. Bakkalchi bakkee haa ba’u, biyyi nagaa haa ta’u, nagaan nuuf haa ta’u, oofkalaa Gadaan kan milkii haa ta’u jechuun eebbisanii kennu. Erga sirni eebbaa raawwatee booda akka waadaatti bifa waliin dubbiin akka armaan gadiitti waljalaa qabuun jedhu.

### **Kan kennu**

Sii dabarseera  
Gadaa fudhatteettaa  
Gadaadhaan baataa  
Alangaa fudhatteettaa  
Waggaa saddeet bulchitaa  
Ani dhaloota jettee duudhaa hin cabsituu  
Funyaan hin buttuu  
Hidhii hin miccirtuu  
Waanti aangahuu isa dhoowwu  
Waa lama qofa ta'uu beekta  
Kanaan alatti kan teessoo isa dhorku hin jiru  
Filadhuu bira gahii, ari'ii qaqqabii, dhahii qabi, oofkali !

### **Kan fudhatu**

fudhadheera  
fudhadheera  
eeyyee  
eeyyee  
eeyyee  
eeyyee  
eeyyee  
eeyyee  
miila yoo dhabe, ija yoo dhabe nan beeka



*Suuraa 8: yeroo miseensi Gadaa Roobalee Gadaa Birmajiif aangoo dabarsu.*

Sirni kun akka kakuutti isa fudhatuufi kennu gidduutti haala kanaan raawwata. Sana booda inni Abbaa Gadaa waliigalaa ta'ee filatame koree nama shan of keessaa qabu filata. Filattee? filadhuu bira ga'i, ari'ii qaqqabii kan abbaan Bokkuu jedheen koree kanadha. Koreen kun

warra isa waliin Gadoome yookaan miseensa Gadaa isaa keessaa filatama. Koreen kun Shanee ykn Shanacha jedhamuun waamamu. Guyyaa aangoo fudhatan kanaa eegalaae waggaa saddeetiif kan jilbeenfatee gumaa namaa bitu, kan sii kadhatee qajeelchu (ofkalchu,eebbisu) kan biyya bulchu isaan kanadha. Dhaloota jedhamuun sirna garagaraa irratti dura waamamu.

Warri aangoo yookaan alangaa fudhate kun akkuma sirni kun raawwateen korma qalu. Korma kana abbaa Gadaa walii galatu morma buusa. Gogaan korma qalamees achumatti miseensota Gadaa sana ta'anii Gadaa godhataniif alangaansaa tolfamee hiraama. Gogaan sun yoo irraa hafellee mana Abbaa Gadaa waliigalaa sana turuun namoota alangaa isaanii jalaa badeef, hantuutni jalaa nyaatee fa'aaf kennama. Namoota Gadaa isaanii gatanii itti deebi'uu barbaadaniif illee haftee gogaa kanaatu kennama.

#### **4.2.2.9.1. Tumaa Seeraa Guyyaa Ballisii**

Sirna ukoo hiikkannaa kanarratti waanti guddaan raawwatu seera tumuudha. Miseensonii Gadaa aangoo bulchiinsaa fudhatan bara Gadaa isaanii kan ittiin gaggeeffatan guyyaa kana seera baasu. Seerri ba'u kunis seera akka waliigalaatti ba'e irratti hundaa'eeti. Akka naannoo qorannoo kanaatti seerri kan irratti hundaa'ee ba'u seera Saammalooti. Akka odeeffataan Obbo Dabalee Dirribaa gaafa guyyaa 26/7/2011/ jedhanitti warri Saammaloo hangafadha. Seerri safuu waaqaa, seerri lubbu qabeeyyii biroo, seera namaa keessatti seerri hangafaaf quxusuu, seerri fuudhaa heerumaa, seerri abbaaf ilmaa, haadhaaf intalaa Saammalo deemamee achii fudhachuun hunduu akka naannoo naannoo isaatti iddoo barbaachisutti dabalee seera baafata.

Akka yaada maanguddootaa irraa hubatamutti seerri bakka argetti hin tumamu. Yeroo tumamus ni qabaata. Tumaan seeraa sirna kanarratti adeemsifamu araddaa jilaatti ta'a. Namoonni seera tuman kun warra aangoo fudhateefi warra kanaan dura Saammalo deemanii seera tumaa waraabbatanii galanidha. Itti dabalee balbala angafaa keessaa nama tokko wajjin seera tumuuf waamama. Warri seera tumuuf aangoo qaban kun uummata fuulduratti waamamanii eeboo isaanii ciibsu. Jarri lameen jilbeenfatani waraana shan ciibsu. Kanaan booda dhuftee? Jedha. Namtichis dhufee dubbadhu jechuun seera tumuu akkasiin eegalu.

‘‘Hangafni siwaamee koottu’’  
 Akka ati dhufte tolaan haa dhufu  
 Bakkalchi bakkee haa ba’u  
 Bakkeen kan abbaa haa ta’u  
 Caffeen kan fardaa haa ta’u  
 Gadaan kan ilmaa haa ta’u  
 Kormi cirrii ta’a  
 Rimaan haphée ta’a  
 Arfaasaan nuu rooba  
 Birraanis nuu rooba  
 Cabbii nu laga  
 Buubbee nu laga  
 Dhugaa malee hin sobdani  
 Jallaa hin deemtani  
 Karaa malee hin deemtani  
 Gumaa bira hin dabartani  
 Nama funyaan hin buttani  
 Hidhii hin micciirtani

‘‘ Dhufee dubbadhu’’  
 haa dhufu  
 haa ta’u  
 haa ta’u  
 haa ta’u  
 haa ta’u  
 haa ta’u  
 haa ta’u  
 haa roobu  
 haa roobu  
 nu haa lagu  
 haa lagu  
 seera Gadaati  
 seera Gadaati  
 seera Gadaati  
 seera Gadaati  
 kakuudha  
 Gadaan keenya hin dhommoqu  
 Fudhannerra hamma saddeetaniitti  
 Fiixaan baasna hamma dhumaatti  
 Fudhannerra abbaa koo’’

Tumeeraa seera ijoollee koo’’

Kanatti aansuun seera waaqaa, safuu waaqaaf nama gidduu jiru kanneen amantiilee waliin walqabatan, seera lafaaf lubbu qabeeyyii, seera namaa tumu.



*Suuraa 9: Araddaa jilaa goodaa Qunniitti seera guyyaa ballisii tumame agarsiisu*



Seera lafaa kanneen jedhaman kan akka araddaa jilaa, kan malkaa, safuu tullu fa'a kan ilaallatu yoo ta'u, seera namaa jalatti jalattiseera gumaa, seera gaa'ila, seera jaarsaaf jaartii, seera abbaaf haadhaa, seera angafaafi kkf ilaallatan tumanii hojiirra oolchu.

Gama biroon ammoo Gadaa yookaan alangaa fudhatee gara aangootti dhufuun waggaa saddeetiif bulchu kana kan to'atu miseensa Gadaa warra duubaan aangoo fudhachuuf eeggataa jiranidha. Isaan kun akka Gadaa Maccaatti warra sadarkaan isaanii Qondaala jedhamuun beekamanidha. Tuulamatti ammoo Doorii yookiin Dooroma yoo jedhaman, Booranaaf Gujiitti Raabaa Doorii jedhamuun waamamu. Isaan kanatu warra Guulaa waliin ta'uun warra aangoo irra jiran too'atu.

Miseensi Gadaa warra aangoon yookaan alangaan harka jiruu duuba jiran masaanuu ta'uun warra aangoon harka jirutti ija babaasu. Barcuma hin dhommoksiin, hin tortorsiin jedhuun. Akka seerri hin jal'anne dabni bulchiinsaa hin raawwatamne eegu. Kana jechuun warri sadarkaa Qondaalaa sirna bulchiinsa Gadaa akkuma baratan warra aangoorra jiran qeequun siyaasa biyyaa keessatti hirmaannaa olaanaa yerootti qabaatan ta'uu agarsiisa.

Egaa ukoo hiikkannaan seera hanga guyyaa ballisiitti baatanii jiran ofirraa hiikanii yookaan gadhiisanii warra itti aananiif dabarsanii kennan ta'ee sirni walharkaafuudhinsa aangoo yookaan guyyaa ballisiis haala kanaan kan raawwatudha. Gareen miseensa Gadaa guyyaa kana ukoo hiikkachuun bara Gadaa isaanii xumuranii gara Guulaatti ce'an akka yaa'ii kana xumuranii galaniin mana mana isaaniitti waan qaban qalatu. Dabareedhaan walwaamanii waliin nyaatanii dhuguun sirba Gadaa sirbaa bara Gadaa isaanii ofkalu jechuudha.

#### **4.2.2.10. Ofkaltii Buttaa**

Adeemsa sirna buttaa qalaa keessatti sirna walharkaa fuudhinsa aangootti aanee kan raawwatamu oofkaltii sirnaati. Oofkaltiin kun bakka Luboonni, beerri kalaalee, durbi qarree, mucaan bilbilaa, qeerroon sarbaa, qadaadduu, jaarsa jaalaafi obboleettiin argamanitti adeemsifama. Sirni kunis dura bu'ummaa Abbaa Bokkuutiin gaggeeffama. Obboleettiin damma arraabsisaaf ta'u akkasumas dhangaalee garagaraa qabattee dhufu. Duudhaan jifuu sirna Gadaa hundi ni dhiyaatu. Caccabsaan, qoriif qorsoddomee, daabboo, cuukkoo, bookni, buqquriin qodaan shanan Gadaa hafuu hin qabani. Guulli lama ka'anii eebbisu.

Gadaan isaa guutuudha	Guutuudha
Gadaan isaa riga hin qabu	Hin qabu
Qaraa gadi jinfuu oli	Jifuun isaa guutuudha
Namni kun har'aa kaasee	hojiin isaa guutuudha
Guutuu hojjeta,	biyyaaf dhaabbata
Colleen isaa hin gufatu	oofkaltiin bahee gala
Dubbii biyyaa dubbata	yoo waaman hin didu
Kan wallole ni araarsa	kan wal ajjeese gumaa baasa

Kan biyya hatu ni kaksiiisa, jechuun seera itti tumanii uummatatti beeksisu. Namni aangoo fudhates bara Gadaa isaatti waan hojjechuuf yaade, seera cabe akkatti sirreessu, dhugaa bade akkatti deebisu, uummata isaa balaa kamirraayyuu akkatti eegu biyyatti ni hima. Buttaa qalanii namoonni aangoo hin fudhanne ammoo miseensa Gadaa Sanaa ta'uun hawaasa keessatti tajaajila namni buttaa qale kennuu danda'u kennu. Adeemsi raawwii buttaa qalaas ofkaluudhaan hojiin nama aangoo qabateen adeemsifamu itti fufa.

#### **4.2.3. Raawwii Buttaa Qalaan Boodaa**

Buttaan qalamee sirni aangoo walharkaa fuudhinsaa raawwatee erga ofkalanii booda miseensi aangoo qabate hojii isaa itti fufu.

##### **4.2.3.1. Karaa Baasuu, Eela Qulqulleessuufi Hora Saaquu**

Miseensi Gadaa korma qaluun Abbaa Gadaa ta'uun alangaa fudhate torban lamaan isaatti sirna bulchiinsa isaa gadi dhaabuuf misoomaan hawaasatti gadi baha. Wantoota inni torban lamaan sunitti gara uummataatti ittiin bahu keessaa akka jabana duriitti hora qulqulleessuu, karaa baasuufi hojii misoomaa kan naannichatti barbaachisaa ta'ee mul'aterratti ajaja dabarsuun uummata hirmaachisuudha.

Dhimma kanarratti Obbo Lataa Eeguu waliin afgaaffii gaafa guyyaa 3/ 6/ 2011 taasifameen akkanaa ibsa. “Ajajni kunis Abbaa Gadaa waliigalaarraa darba. Uummannis ajaja itti kenname fudhatee hamileedhaan bakka jedhametti argama. Ajaja dhalootaa irraa hafuun safuudha. Safuu cabsuun ammoo adabbii Waaqaa fida.” Akka yaada maanguddoo kanaatti erga sirni buttaa qaluu oofkalee inni aangoo qabates qabatee hunduu yaada tasgabbaa'een gara hojii misoomaa garagaraatti bobba'uusaati . Qajeelfamaafi bulchiinsa Abbaan Gadaa haala yeroo irrattis haa ta'u dhaabbataan bara Gadaasaa keessatti baase hawaasni hamileen hojiirra oolcha. Akka jabana duriitti karaa baasanii, eela yookaan burqaa qulqulleessanii,

hora saaqu. Gochaan kunis warra angafaati yookaan hora kan saaqu warri angafaa itti qaluunidha.

#### 4.2.3.2. Gabaa fi Yaa'ii Eebbisuu

Dhaloonni ukoo hidhate harooressaa fi alangaa qabatani gurmudhaan gabaa deemanii eebbisu. Alangaan mirkaneessituu seeraa yoo ta'u, harooressi ammoo qajeelaa ta'uusaatiin seerri keenya dabaa hin qabu yaada jedhutti hiiku. Namoonni gabaa sana keessa jiran eebba dhalootaa ni dhaggeeffatu. Isa booddees yaa'ii irratti argamanii ni eebbisu. Gulantaa kanatti mirga addaatu isaaniif kennama. Dursa eebbisu, dursa laga ce'u. Waanta kamuu ni dursu. Haati manaa isaaniillee bishaan waraabbachuu yoo laga buute dabaree hin eeggattu. Kana malees dhaloonni meeshaa cabaatti hin nyaatu ittiin hin dhugu. Waanta cabaafi mooyyeerras hin taa'u. Kunis barri Gadaa keenyaa hir'uu miti guutuudha malee yaada jedhutti hiikama. Bakka deemu hundattis ulfinaafi simannaa guddaatu taasifamaafi.

Dhaloonni hawaasa keessatti amala badaa agarsiisuu hinqabu. Ofeeggannoo guddaan jiraachuutu irraa eegama. Yeroon kun isaaniif miseensa Gadaa qaraa jalatti ramadamu. Dirqamaafi hojii gurguddaatu isaanirra jira. Irra caalaattis Guula/ Yuuba Iffaa waliin walta'anii dalagu. Ji'a buttaa godhatan boodatti ammoo abbaan buttaa godhateefi Qadadduun isaa waliin laga bu'anii ukoo hunda isaanii miiccannii, gogsanii galu. Mana warra buttaa baafateetti nyaanniifi dhugaatiin qophaa'ee abbaan Gadaas Qadadduusaa akkas jedhee eebbisee galcha.

Waaqni nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi  
An Gadaa abbaa koo gahe  
Gadaa abbaa keen si haa gahu  
Waaqaa gaditti lafaa olittii  
Situ na bira dhaabbatee na oofkalche  
Ofkali!  
Addaaf addunnaa argadhu  
Ifi addunyaatti mul'adhu  
Barri Gadaa kee haa bareedu  
Ofkali!  
Qadadduunis "Ofkalaa" jedheenii eebbaan walgaggeessu.

#### **4.2.3.3. Balbala Ilaalchisa**

Balbala ilaalchisa kan adeemsisu warra aangoo fudhatedha. Yeroon kunis Waxabajjii aangoo fudhatanii ji'a Muddee ammoo sirna balbala illachisuutu taasifama. Sirna balbala ilaalchisaa kanarratti namni buttaa qalee Gadoome mijuu qodaa shan guuttata. Guyyaa kana namni buttaa qale yookaan Abbaan Gadaa ilmaan isaan walbara. Masaanuu isaan walbara. Dabballee, Foollee, bara. Guyyaa kana namoonni sadarkaa Gadaa garagaraa keessa jiran hunduu argamuu qabu. Dabballee jirtaa hoodhu aannan kee, Foollee jirtaa hoodhu mijuu shanan keejedha. Masaanuun balabala taa'a malee olhin seenu. Masaanuu miseensa Gadaa sadarkaa Qondaalaa yookaan Doorii irra jiruuti. Sababni inni mana hin seenneefis warri aangorra jiraniin morkachuu waan eegaluuf akka Walaannaatti ilaala. Namni buttaa qales nyaachisee obaasee eebba fudhatee bara bulchiinsa Gadaasaa haalaan hojjechuu itti fufa jechuudha.

#### **4.2.3.4. Yaa'ii Dhalootaa**

Sirni waggaa arfaffaa buttaa qalaa booda miseensota aangorra jiraniin adeemsifamu yaa'ii dhalootaa jedhama. Kaayyoon yaa'ii Dhalootaa waa gurguddaa sadi ofkeessatti haammachuu danda'a. Ciminaa fi laafina bara bulchiinsa isaanii ilaalu, seera dabalataa baasuufi oofkaltii bara Gadaa isaanii gaggeessuudha. Yaa'iin Dhalootaa kun hoogganummaa Abbaa Bokkuutiin kan gaggeeffamu ta'a. Miseensi Gadaa aangoon harka jiruu yaa'ii Dhalootaa gaggeessee waggaa afur booda guutummaan guutuutti aangoo bulchiinsa sirna Gadaa kennee gara Guula yookaan Yuuba duraatti ceha. Yaa'iin Dhalootaa waggoota arfan darban keessatti dogoggora bara bulchiinsa isaanii kan itti ilaalaniifi cimina agarsiisee bu'aa buuse kan ittiin xiinxalanidha. Madaallii kanarratti seerri qal'ate ni furdada, kan furdade ni qal'ifama, kan dabalamu yoo jiraate haaraatu baha.

Yaa'ii dhalootaa kanaan walqabatee oofkaltiin bara Gadaas ni adeemsifama. Sirna kanarratti mijuun Gadaa hunduu ni qophaa'u. Sababa ta'een namni yeroo buttaa qalaa buttaa osoo hin bulfatiin hafe sirna kanarratti korma buttaa qalee seera buttaa raawwachuu danda'a. Gaafa oofkaltii Yaa'ii Dhalootaa galgala gurra uratee dhugoo godhata, ukoo hidhatee akkuma buttaa qalaatti korma bobbaasii qala. Guyyaa sanaaf Dhalooni keessummootaafi Foollee wajjin ukoo hidhatee haasa'aa bula. Foolleenis akkuma seerasaatti sirbee jifuu isaa fudhata. Hirmaattotni sirna kanaa halkan sana nyaachaa, dhugaa, sirba Gadaa sirbaa, walfaarsaa bulu.

Sirni ukoo hiikkannaas yeroodhuma kana kan adeemsifamu yoo ta'e kan hidhu obboleettii taatee kan hiiku ammoo Qadaadduudha.

Egaa raawwiin sirna buttaa qalaa adeemsa boqonnaa kana keessatti qabxiileen walduraa duuba dhiyaataniin kan adeemu ta'ee kanas akka cuunfaatti yoo ilaalle yeroo buttaa qalaa duraa wantoota raawwataman keessatti bokkuu buqqifachuu, shanacha hundeessuu, seera caffee tumaa irratti hirmaachuu, eebba tumaa caffee fudhachuu, ginna ciisuudha.

Haalduree sirna buttaa qaluu jedhamee kan qoodame jalatti garuu yeroo qophii hoo'aan itti taasifamuu jalqabuu kaasee meeshaalee sirnichaaf barbaachisu, namoota sirnichaaf barbaachisu qopheeffachuu, seera qorachuu, biqila biqilfachuu warreen jedhaman akka adeemsa yeroo ta'u irratti hundaa'uun cimaa kan deemudha.

Wayita raawwii sirnichaa jalatti ukoo hidhatanii, gurra urachuun dhugoo godhachuu, Fooleen dhufee malkaa bu'uun waleebbisuun kalaalaa kutatanii galuu, yeroo mana gahan sirna karra banuu jedhamuun karra seenuu irraa eegala. Galgala sana Foolleen sirbee jifuusaa fudhachaa siba byttaa sirbaa osoo Luba hin raffisiin bulchu. Bariitu buttaa qalanii lubaaf sirna dhaqna qabaa gaggeessanii hanga guyyaa shaniitti ulma ciisuun gaafa jahaffaa oofkaltiif baha. Itti aansuun sirni walharkaa fuudhinsa aangoo guyyuma kana kan gaggeeffamu ta'ee miseensi aangoo fudhate korma qaluun seera baafatanii sirni buttaa qaluu inni waggaa saddeettanii fi sana duraaf qophaa'amaa ture raawwata jechuudha.

Kanaan ala eela qulqulleessanii, hojii misoomaa naannoo isaaniirratti hirmaachuu, namni buttaa qale dirqama osoo hin taane barbaannaan Arfaasaa buttaa qalee Birraa Fuulbaanatti balbala ilaachisa gaggeessuu ni danda'a. sababni isaa balbala ilaalchisa qopheessuun akka dirqamaatti kan ilaallatu warra aangoo bulchiinsaa fudhate akka ta'etti beekama. Ta'us duudhaa abbaa ofiitii waan ta'eef namuu kan qopheessee qaluun nyaachisudha. Kanaan booda warri aangoo fudhatan walakkeessa bara bulchiinsa isaaniitti yaa'ii dhalootaa waamuun oofkaltii bara Gadaa isaanii gaggeessanii seera qal'ate furdisuun, kan furdate qal'isuun warra duubaan jiraniin akka ofqopheessan eebbisanii irra deebi'uun waggaa afur bulchanii Arfaasaa gabbate irratti aangoo dabarsanii kennuun dullacha qalanii oofkalu jechuudha.

## **BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI MAALTA'INSA**

Boqonnaan kun cuunfaa, argannoofi maalta'insa yookaan akka yaada furmaataatti rakkoolee qorannicha keessatti mul'ataniifi jajjabeeffaman irratti xiyyeeffata.

### **5.1. Cuunfaa**

Qorannoon kun qaaccessa raawwii sirna buttaa qalaa Oromoo godina Shawaa Lixaa aanaa Gindabaratirratti xiyyeeffachuun kan adeemsifamedha.

Kaayyoon qorannoo kanaas raawwii sirna buttaa qalaa qaaccessuun adeemsi raawwii sirnichaa maal akka fakkaatu, firiwwan fookiloorii yeroo sirna kanaa calaqqisan qaaceessuun ibsuudha. Qabiyyee boqonnaa duraa keessatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi ibsi naannoo qorannichaa dhiyaachuun ibsameera. Boqonnaa itti aanu keessatti sakataan barruu walfakkii hiika fookiloorii qabatee qorannoo walfakkii akkasumas yaadiddamni qorannichi dhimma itti bahe dhiyaateera. Gaaffilee qorannoo boqonnaa tokko keessatti ka'an deebisuuf maloota funaansa ragaalee afgaaffii, daawwannaaf mariidhaan argame walitti qabamee boqonnaa afur keessatti qaaceffameera.

Adeemsi raawwii sirna buttaa qalaa qophii duraa, yeroo raawwii sirna buttaa qalaafi raawwiin boodaa keessatti gargar qoodamanii kan ilaalamanidha. Wantoota haalduree raawwii sirna kanaan dura adeemsifaman sadarkaa Foollummaarraa eegaluun, Qondaala keessatti darbanii buttaa qaluuf, akkasumas qophiileen jala gahanii raawwataman kanneen akka meeshaalee sirnichi ittiin gaggeeffamu qopheeffachuu irraa kaasee hanga biqila biqilfachuutti kan jirudha. Yeroon raawwii sirnichaa ammoo gurra uratanii dhugoo godhachuufi ukoo hidhachuurraa kaasee hanga oofkaltii sirna buttaatti kan jiru yoo ta'u, gabaaf yaa'ii eebbisuu, gara hojii misoomaatti deebi'uun raawwii sirna buttaa qaluu booddeeti.

Walumaagalatti raawwii sirna buttaa qalaa waliin walqabatee akkaataan raawwii isaa, hirmaattonni keessayyuu warri seera guutan, meeshaaleen raawwii sirnaaf barbaachisan, dabalatee firiwwan fookiloorii waliin walqabsiisuun ilaalameera.

## 5.2. Argannoo

Adeemsa raawwii sirna buttaa qalaa Oromoo godina Shawaa Lixaa aanaa Gindabarat irratti xiyyeeffachuun ragaaleen odeeffattootaafi maddeen garagaraa irraa argaman walitti qabamee boqonnaa afur keessatti qaaceffameera. Erga qaaccessi kun adeemsifamee booda yaanni akka argannootti qoratichaan bira gahame bifa qabxiileen yemmuu taa'an akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

- ✓ Buttaan jecha butanii kaachuu, butanii fudhachuu jedhurraa madde. Kunis seenaa dhufaatii isaa waliin yeroo walqabsiisnee ibsinu buttaan kan hundeeffame baruma sirni Gadaa hundeeffame achii as dhufa ta'ee sirnuma Gadaa waliin jaarraa 16<sup>soo</sup> keessa deebi'ee kan haareffame ta'uu.
- ✓ Biyyi Oromiyaa har'aa kun akka jiraatu kan taasise lola buttaan adeemsiseenidha. Kana yemmuu jennu sirni Gadaa duraan laafee ture jaarraa 16<sup>soo</sup> keessa deebi'ee ijaaramuun waraana gaggeesse. Kaayyoon waraana kanaa diina booji'uun lafa duraan abbootii isaaniirraa fudhatame deebisuu, haaraa qabachuudha. Wixinee kana milkeessuudhaaf Gadaan shananuu bara Gadaa isaaniitti diina waraananii injifannoo galmeessuun bara Gadaa itti aanuuf dabarsa. Yeroo diina booji'ee lafa haaraa qabatu kanas dhuma waggaa saddeettaffaatti korma qalee ayyaaneffachuun gara Gadaa itti aanuutti dabarsa.
- ✓ Kaayyoon buttaa jalqaba diina rukutee biyyarraa deebisuu, daangaa biyyaa eeguuf hundeeffame.
- ✓ Adeemsa yeroo keessa diinatti duuluun hafee ijaarama sirna Gadaa keessatti murna dhaloota Gadaa sirreessuun sirna bulchiinsa Gadaa dhugoomsuuf oole.
- ✓ Namni tokko buttaa qaluuf ulaagaa barbaachisu guutee argamuu qaba. Kunis hidda dhalootaa lakkaawwachuun Gadaan abbaafi akaakayyuurraa kan dhufe miseensa Gadaa isaan keessatti haammataman jiraachuu qaba. Yoo guddifachaadhaan dhufes miseensa Gadaa warra itti guddifameen haammatamee yeroo isaatti buttaa qala. Dabalataan umuriin afurtama abbaa ofii gahuufi seera raawwachuudha.
- ✓ Afurtama Abbaa yookaan saddeettama akaakayyuu kan jedhamu Gadaan Abbaa yookaan akaakayyuu naanna'ee dhufuun yeroo ilma qaqqabudha. Gadaa abbaasaa qaqqabuunis buttaa qalee Gadaa abbaasaa bulfata.

- ✓ Miseensa Gadaa buttaa qale keessaa akkaataan namni Abbaa Gadaa ta'uun filatamu sadarkaalee Gadaa Qaraa hunda keessa darbuufi ulaagaa filannoof isa dabarsuu danda'u qabaachuusaatiinidha.
- ✓ Raawwii Sirna buttaa qalaa adeemsa gochaa irraa ka'uun akkuma marsaa Gadaa taatee marsu qaba. Kunis namni yookaan miseensi Gadaa qabate tokko yeroo buttaa qaluuf qophii taasisurraa kaasee ukoo hidhatee, balbala ilaalchisa gaggeessee, bara walakkeessa Gadaa isaa waggaa afuritti seera fooyya'uu malu tumee ammoo deebi'ee waggaa afuritti yeroo aangoo dabarsee kennuuf jedhu ukoo hiikkatee qalee eebbifatee, eebbisee aangoo kenna.
- ✓ Wayita raawwii sirna buttaa qalaa gooroowwan fookiloorii arfan duudhaan hawaasaa, afoolli, aartiin sochii qaamaafi meeshaaleen aadaa kan mul'atanidha.
- ✓ Akka naannoo qorannoo kanaatti sirni buttaa qalaa seera eegee osoo hin taane akka yaadannoo wayii tokkotti abbaan barbaade darbee darbee raawwatata. Akkaataan raawwii isaa kunis wantoota barbaachisan kan hin guuttanne, tartiiba gochaa sirrii kan hin eegnedha.
- ✓ Kan biroo wantootni seera Gadaa irraa kaachuu agarsiisan adeemsa sadarkaalee Gadaa qoqqooduu keessatti jaarsolii buleeyyii duriirraa kan hafe buttaan kan qalamu sadarkaa Gadaa afur keessa darbuudhaan akka ta'etti hubatama. Akka naannichaatti sadarkaaleen kunis Ittimakoo, Dabballee, Foollee, Masaanuu yookaan Duubaan Kora, jechuun Dhaloota yookaan Gadaa jedhanii sirna buttaa qaluu adeemsisu. Yeroon itti buttaa qalan namni umurii sirrii keessatti dhalate giddugaleessaan naannoo waggaa soddonii sadii (33) ta'a jechuudha. Waantootni kun maalirraa ka'anii akkas akka ta'an dhiibbaa bulchiinsi ormaa geessiseen erga addaan cite kan uumameefi kan jalqabaa akkas akka hin turre jaarsoliin ni dubbatu. Kunis akka godinichaatti giddugaleessummaan walitti dhufanii akka mari'achuun jalqabeefi sirreessan abdiin akka jiru hubatame.
- ✓ Gama faayidaa isaan yoo kaafne sirni buttaa qalaa xiinsammuu namtokkoo ulfeessuun sirna wal harkaa fuudhinsa aangoof haala mijeessee nageenya hawaasaa eeguun sirni diimookiraasii dhugaan akka uumamu godha.



### 5.3. Maalta'insa

Sabni tokko duudhalee gaggaarii jiruuf jireenya isaa keessatti addunyaafuu darbanii tajaajilan ni uummata. Kunis yoo akka jalqabetti dhiibbaa tokko malee yeroo waliin guddachaafi deeggarsi godhameefidha. Adeemsa raawwii sirna buttaa qalaa aanaa Gindabarat irratti qorannoon kun kan cimina jiruuf itti fufaatii hawwee, hanqinoota jiraniif furmaata kan jedhe akka armaan gadiitti kaa'a.

- ✓ Akka madda raga maanguddootarraa ka'uun qorannoo kanaan bira ga'ametti akkaataan raawwii sirna buttaa qaluu waggoota shantamman har'aa fa'a tureyyuu gaariidha. Haalli yeroo har'aa ittiin gaggeefamus osoo akkaataa raawwiisaa isa aslii qabatee gaarii ta'a. kunis yeroo raawwii sirna buttaa qalaa irraa jalqabee tartiibni gochaafi hanqinoonni mul'atan waan sirreeffamuu qabanidha. Akka qabxii tokkootti duudhaarraa as kan dhufaa ture buttaan Waqtii Arfaasaa gaggeeffamu amma akkuma mijateeffitti namni gara Birraatti fiduun sirrii akka hin taane agarsiisa.
- ✓ Giddugalli abbootii Gadaa akka aanichaatti ijaaramee osoo wiirtuu tokkorraa gaggeeffamee gaarii ta'a.
- ✓ Haalli akka godinichaatti sirna Gadaa Maccaa magarfachuu jedhuun giddugaleessa tokkotti mariin yeroo yeroon adeemsifamuu jalqabes waan jajjabeeffamuu qabudha. Sochiin kun bal'atee deeggarsi diinagdee qaama dhimmi ilaallatu kanneen akka aadaaf turizimiin taasifamee namni ofkennee hojjechuu qaba.
- ✓ Sirna buttaa qalaa ilaalchisee waanti ammaaf haalaan rakkisaa ta'ee mul'ate akkaataa raawwii isaarratti aslummaa dhabuufi namoonni baay'een dhimma amantiin sodaachuu isaaniiti. Furmaanni kanaas karaalee hariiroo hawaasummaa garagaraa, miidiyaalee mootummaa, dhaabbilee barnootaafi idduma jiranitti sabboonummaa dhugaa barsiisuun uummatichi akka sirna isaa hin balaaleffanneefi itti jiraachuu danda'anirratti dalaguudha.
- ✓ Waajjirri aadaaf turizimii aanaa Gindabarat kaayyoon dhaabbateef aadaaf seenaa uummatichaa qorachuu, tiksuu, jabeessuu ta'usaa beekke dhimma buttaa irratti gandoota aanicha keessa jiran hunda keessaa maanguddoota dhimma kanarratti beekumsaaf hubannoo gaarii qaban filatee marii bal'aa taasisuun akka ciminaatti

kanneen jiran jajjabeessee sirnoota namni yeroo buttaa baafatu akka mataasaatti duudhaa malee gaggeessutti seera baasanii sirreessuu barbaachisa.

- ✓ Sirna Gadaa sirna barnootaa keessa galchuun osoo akka gosa barnoota tokkootti kennamee sanarraa ka'ames akka itti jiraanirratii hayyootaan hojjetamee gaarii ta'a.
- ✓ Seenaa Oromoon ittiin diinasaa injifate xiinxaluurraa ka'ee ilmi Oromoo kamuu sababa guuruu dhiisee Gadaa abbaasaatti deebi'ee jiraachuu qaba.
- ✓ Kaayyoo sirni buttaa qalaa adeemsifamuuf bulchiinsa sirna Gadaa dhugoomsuudha. Kanaaf sirna buttaa qalaa irratti akka guutuu Oromiyaatti qorannoo bal'aan gaggeeffamee bifa walfakkaatuun akka adeemsifamuuf hayyoonni irratti hojjechuu qabu.

## Wabii

- Alamaayyoo Hayilee. 2007. *Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Birhanina Salam.
- \_\_\_\_\_. 2016. *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20<sup>ffaa</sup>*. Finfinnee: Bole Printing Enterprise.
- Alamiituu Oliifi Alamaayyoo Faqqadaa. 2010. “*Seensa Afoolaa*” *Sagantaa Barnoota Fagoo Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu*. Yuunivarsitii Jimmaa
- Alan Dundes. 1995. *The study of Folklore*. England N.J Printice Hall. Inc.
- Amansiisaa Gonfaa. 2003. “Xiinxala Sirboota Foollee Aanaa Jalduu” Waraqaa Qorannoo Digirii (BA) Guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinnee Muummee Afaan Oromootiif Dhiyaate. (Kan hin maxxanfamiin)
- Asafa Tafarra. 2006. *Anaan’yaa*. Finfinnee: Biraannaa Interprise.
- Asmerom Leggese. 2006. *Oromo Democracy. An Indegenous African Political System*. The Red Sea Press, Inc.
- Asnaaqaa Hirkoo. 2016. *Gumii Waaqeffataa Addunyaa*. Norway.
- Creswell. J.W. 2003. *Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Methods Reaserch Approaches* (3<sup>rd</sup>) Stage Publication. Inc.
- Dastaa Dassaalanyi. 2013. *Bu’ura Qorannoo Maxxansa Lammataa*. Finfinnee : printed by Far East Trading PLC.
- Dirribii Damisee. 2012. *Ilaalcha Oromoo*. Finfinne. Printing and Publishing S.C
- Dorson R. 1972. *Folkore and Folklife An Introduction to Chicago*.The University of Chicago.
- Encyclopedia American*. 1983.Vol.2. USA: University Chicago.
- Finnegan R. 1970. *Oral Literature in Africa*: Nairobi. Oxford University Press.
- Gurmeessaa Ayyaanoo. 2010. “Qaaccessa Qabiyyee Jila Buttaa Qalaa” (Aanaa Jalduu) Waraqaa Qorannoo Digirii BA Guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneetiif Dhiyaate. (Kan hin maxxanfamiin.)
- Leellisa Aadaa. 6413. LW. *Kudhaama Seenaa*. Elleni PP PLC.
- Goldstein. S. Keneth. 1974. *A Guide for Field Workers in Folklore*. Pennsylvania: Gale Reaserch Company.

- Mulugeta Nagasa. 2014. “Documantation and Analysis of Ritual Performance of Sera Gada Among Karayyu Oromo” (PhD). Dissertation, AAU.
- OBS Tv. Waxabajjii, 13/ 2019. *Sirna Walharkaa Fuudhinsa Baallii Maccaa*. Finfinnee.
- Okpewho Isidore. 1992. *African Oral Literature: Background, Character and Continuity*. Indiana University Press. Bloomington and Indiana Polis.
- ONN Live. Waxabajjii 21/2019. *Qophii Kalaqaa Kutaa Tokko*.
- Sims and Stephens .2005. *Living Folklore An Introduction To The Study of people on their Traditions*. Logan Utah:Utahi University Press..
- Taiilaa Bulbulaafi Marsan Bobbaasaa. 2002. *Duudhaa*. Finfinnee: Mana Maxxansa DG.
- Tarruu Unguree. 2015. *Waaqeffannaa. Amantaa Duudhaa Ganamaa*. Finfinnee .
- Tilahun Gamta.1989. *Oromo English Dictionary*. AAU.
- Toleeraa Tasammaafi Hundasaa Waaqwayyaa. 1995. *Seenaa Saba Oromoofi Sirna Gadaa*. Finfinnee.
- Waajjira Aadaaf Turizimii Aanaa Gindabarat. 2019. “Waraqaa Qorannoo Sina Gadaa Aanaa Gindabarat.” (Kan hin Maxxanfamiin.)
- Wandimuu Nagaashfi Boonii Tasfaayee. 2015. *Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Hanga Jaarraa 20<sup>ffaa</sup>*. Bole Printing Interprise.
- Warqinaa Abbaa Soorii. 2008. *Sirna Gadaa*. Finfinnee: Abbaa Gadaa.

### **Toora Intarneetaa**

<https://kichuu.co.foollee>

<https://Oromiyaa.Economist.com.tag>

[www.Madda.Sena.com](http://www.Madda.Sena.com)

Dabalee A

T/ L	Maqaa	Umuri	Saala	Hojii	Ganda
1	Abarraa Waamii	79	Dhi	Q/ bulaa	Harbuu Sadeen
2	Ajjamaa Bultoo	45	Dhi	Q/ bulaa	Laga Maccaa
3	Ajjamaa Guutaa	68	Dhi	Daldaala	Kaachisii
4	Alamituu Daadhii	42	Dha	H/ W/ A/ T	Kaachisii
5	Amansiisaa Aangos	80	Dhi	Q/ bulaa	Bagaaloo
6	Amantee Dhugumaa	70	Dhi	Daldaalaa	U/ A/ Daadhii
7	Baqqalaa Taajjabaa	35	Dhi	Barsiisaa	Gammadaa
8	Barasaa Tuujubaa	60	Dhi	Q/ bulaa	Dirree Faajjii
9	Birruu Galaasaa	88	Dhi	Q/bulaa	Winee Roggee
10	Caalchisaa Tulluu	84	Dhi	Q/ bulaa	Q/ Doobbii
11	Daamxoo Cuubataa	67	Dhi	Q/ bulaa	G/ A/ Sabbat
12	Daraaree Miidhagsa	38	Dha	H/ W/A/ T	Hoolata
13	Didhaa Dharraa	86	Dhi	H/ RVU	Hoolata
14	Duulaa Hambisaa	46	Dhi	O/ Qonnaa	H/ Beerbaaboo
15	Fufaa Dhaasaa	45	Dhi	Barsiisaa	Kaachisii
16	Gadaa Qorichaa	90	Dhi	Q/ bulaa	Dirree Faajjii
17	Hayiluu Naggasaa	47	Dhi	Daldaalaa	Daamota
18	Ifaa Gaaddisaa	72	Dhi	Q/bulaa	M/ U/ Baroo
19	Jaarraa Ida'ee	40	Dhi	O/ Qonnaa	H/ Gubbaa
20	Katamaa Giddiisaa	68	Dhi	Daldaalaa	M/ Diimaa
21	Lataa Eeguu	88	Dhi	Q/ bulaa	Laga Maccaa
22	Lataa Tolasaa	65	Dhi	Q/ bulaa	Laga Maccaa
23	Magarsaa Dhinsaa	66	Dhi	Q/ bulaa	Q/ Sanbataa
24	Mootii Baay'isaa	58	Dhi	Daldalaa	Gammadaa
25	Mulaatuu Dhinsaa	61	Dhi	Q/ bulaa	Daamota
26	Namarraa Qicaa	89	Dhi	Q/ bulaa	Laga Maccaa
27	Yoomiif Qajeelchaa	40	Dhi	H/A/ T/ G	Kaachisii

## **Dabalee B**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI  
SAB-QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORII

### **Kabajamtoota odeef-kennitootaa**

Kaayyoon afgaaffiin kun barbaachiseef mata duree qorannoo qaaccessa raawwii sirna buttaa qalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat jedhu irratti maalummaafi adeemsa raawwii sirna buttaa qalaa fookiloorii sirna kanarratti calaqqisan qaaccessuudha. Isinis galma ga'insa qorannoo kanaaf gaaffilee waa'ee sirna buttaa ilaalchisuun beekumsaafi muuxannoo qabdan irraa yoo naaf hirtan bu'aa qorannoo kanaatti akka waliin gammannu abdachaa kabaja guddaa waliin isin gaafadha.

Odeeffannoo seenduubee odeefkennitootaa

Maqaa \_\_\_\_\_ Saala \_\_\_\_\_ Umurii \_\_\_\_\_ Ganda \_\_\_\_\_ Hojii \_\_\_\_\_

1. Sirna buttaa qalaa yemmuu jedhan maal jechuudha?
2. Ulaagaa sirni buttaa qalaa ittiin adeemsifamu maal maal fa'aadha?
3. Adeemsi raawwii sirna buttaa qalaa duraa duubaan maalfakkaata?
4. Raawwiin sirna buttaa qalaa yoomessa akkamii keessatti gaggeeffama?
5. Hirmaattootni sirna kanaa eenyu eenyu fa'aadha? Maal fa'a raawwatu ?
6. Kaayyoofi faayidaan buttaa qaluu akka namtokkeefi hawaasaatti qabu maali?
7. Meeshaaleen raawwii sirna kanaaf barbaachisan warri murteessoon maal fa'aadha?
8. Afoolaaleen yeroo raawwii sirna kanaa mul'atan yoo jiraatan isaan kam fa'aadha?

## Dabalee: C

Hoo dannaboo -----hoo dannaboo  
Dannab galchee ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Ilma dhalchee ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Adiin mirgaa ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Yaa goota koo ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Nan sii sirbaa ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Lafa dhiitii ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Bishaan baasii ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Diina dhiibii ya dannaboo -----hoo dannaboo  
Biyaa baasii -----hoo dannaboo  
Hoo dannaboo-----hoo dannaboo  
Foolii shittoo ya dannaboo-----hoo dannaboo  
Yaa gardaalee -----hoo dannaboo  
Ijoollee Gindoo -----ya dannaboo  
Akkas malee -----ya dannaboo  
Hidda goosuu -----ya dannaboo  
Gaddarbattee -----ya dannaboo  
Isa loltuuf -----ya dannaboo  
Amma argattee-----ya dannaboo  
Ya korma koo-----ya dannaboo  
Baga argattee-----ya dannaboo  
Hoo dannaboo-----ya dannaboo  
Sagalee kee -----ya dannaboo  
Kan geerarsaa-----ya dannaboo  
Utaalchi kee -----ya dannaboo  
Kan qeerransaa-----ya dannaboo  
Yaa sukaalee-----ya dannaboo

## Dabalee D



Suura yeroo miseensonni Gadaa Roobalee (2011) tokkummaan malkaa bu'uuf deeman agarsiisu.



## Dabalee E



Suura yeroo miseensoni Gadaa Birmajii aangoo fudhatanii garmaaman agarsiisu

**Dabalee : F**



Suuraa yeroo qorataan afaaaffii gaafa guyyaa 8/ 7/ 2011 Obbo Didhaa Dharraa waliin mana isaanii deemuun gaafatu agarsiisudha.

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uusaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uusaa akkasumas wabiilee qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa \_\_\_\_\_

Mallattoo\_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_